



*Kaayiros Ooraal*  
*Baayibilii*

# *Kaayiros Ooraal Baayibilii*

## *Seensa*

Kanatti fufee kan jiru barreeffama Kaayiros Ooraal Baayibiliiti. Barreeffamni Ooraal Baayibilii kun Macaafa Qulqulluu Afaan Oromoo hiikaa lammaffaa irraa fudhatame.

Kaayiros Ooraal Baayibiliin seenaawwan 70 Macaafa Qulqulluu Uumama irraa eegalee hamma Mul'ataatti argaman kan of keessatti hammate ta'ee, kaayyoon isaas yaada walii galaa sagalee Waaqayyoo namoota afaaniin barataniif kennuu dha. Seenaawwan Macaafa Qulqulluu keessatti argaman hunda of keessatti yoo qabachuu baatellee, seenaawwan bu'ura seeneessuu Macaafa Qulqulluuf hundee ta'an, akkasumas ergaa ol aanaa bu'uraa fayyinaa fi araara bakka bu'an filuuf carraqqiin taasifameera. Akkuma Yesuus, "Dubbi kootti qabamtanii yoo jiraattan, ega isin dhuguma bartoota koo ti," Yoh 8:31, jedhe, kaayyoon Ooraal Baayibilii namoota Macaafa Qulqulluu dubbifachuu hin dandeenye, sagalee Waaqayyoo karaa dubbii afaaniitiin baratani bartuu Yesuus Kiristoos akka ta'an gochuu dha. Seenaawwan torbaatamni sagalee Waaqayyoo irraa fudhataman kun akka ka'umsatti kan qophaa'ani dha. Namoonni baay'een qabiyyee Kaayiros Ooraal Baayibilii bal'isuu barbaadu, kun immoo fudhatama qaba.

Seenaawwan Ooraal Baayibilii keessatti argaman baay'een isaanii namni Macaafa Qulqulluu afaaniin baratu akka irra deebi'ee himuu danda'uuf gabaabsamuun dhi'aataniiru. Fakkeenyaaf, seenaan Nohi inni fuula hedduu qabu gara fuula muraasaatti gadi gabaabbateera. Yoo akkas ta'e salphaadhumatti seenaa Nohi afaaniin himuu akka danda'amutti barachuun in danda'ama. Seenaawwan kun yoo gabaabfaman illee, yaadni irraa hi'ate ykn itti dabalame hin jiru. Hundi isaani iyyuu Sagalee Waaqayyoo dha. Seenaawwan kana keessaa, muraasni isaanii kuufama seenaa wangeelota arfaniiti. Isaanis cuuphamuu Yesuus; Luqaas qofatu haasaa Yohaannisii fi warra cuphamuu dhaaf dhufan gidduutti ta'e dhi'eessa, Maatiwoos qofatu haala walii galaa Yesuus Galiilaa dhaa gara laga Yordaanos dhufuun harka Yohaannisitti cuuphamuu isaa ibsa, akkasumas, Yoh 1:29 qofatu, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedhee dubbata. Kanaaf, Kaayiros Ooraal Baayibilii haala kana fakkaatuun yommuu qophaa'u, dhaggeeffataaf hubannoo guutuu akka kennuuf wangeelota arfanitti xiyyeeffannoon itti kennameera.

Barreeffamni kun afaaniin irra deddeebi'amee akka himamuu danda'utti erga qophaa'ee, iddoo tokko tokkotti bakka buutonni maqaa gara maqoota isaan bakka bu'uu danda'aniitti jijjiiramaniiru. Kun immoo dhaggeeffataaf ifa gochuuf ta'e. Seenaa jalqabaa wajjiin wal qabsiisuuf ykn odeeffannoo fi haala galumsa seenichaa ibsuuf, seenaawwan baay'ee dura seensi kennameera.

Tuutni seenaawwan torbaatamaa, yaada walii galaa barreeffamoota Qulqulla'oo nama Macaafa Qulqulluu afaaniin baratuuf kennuu dhaaf ga'aa dha. Itti dabaluunis, fedhiin Kaayiros Ooraal Baayibilii tuuta seenaawwan Macaafa Qulqulluu gahaa ta'an afaan Ingiliffaa irraa gara afaanota birootti hiikamuu danda'u qopheessuu dha. Yeroo ammaa kana uummata addunyaa Wangeelli hin qaqqabne harki 65 namoota barreesuu fi dubbisuu hin dandeenye dha. Macaafni Qulqulluun isaan qaban, kan dhaga'anii yaada isaanitti qabachuu danda'ani qofaa dha. Macaafni Qulqulluun sagaleen Waaqayyoo humna jireenya namaa jijjiiru akka qabu dubbata. Ooraal Baayibiliin namoonni addunyaa kanaa gara Waaqayyoon beekutti dhufuun akka duubbii Isaatti akka jiraatan taasisa jennee amanna.

## Kakuu Moofaa

### Uumama Uma 1

Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaafi lafaa uume; <sup>2</sup>lafti bifa hin qabu, onas ture; callaboo gad fagoo irra dukkanatu ture, hafuurri Waaqayyoos bishaan irra in socho'a ture.

<sup>3</sup>Waaqayyo, "Ifni haa ta'u!" jedhe; ifnis in ta'e. <sup>4</sup>Waaqayyo ifichi gaarii akka ta'e in arge; ifichas dukkanichattii gargar in baase. <sup>5</sup>Waaqayyo ificha "Guyyaa", dukkanichas "Halkan" jedhee moggaase;

<sup>6</sup>Waaqayyo bantii waaqaa uume; <sup>9</sup> bishaanotas lafa gogaa irraa adda baase. <sup>11</sup> Amma immoo Waaqayyo, "Lafti biqilaa haa baasu! Dhaabaan akka qomoo isaatti sanyii godhatu mukkeetiin ija kennanii iji isaanii immoo sanyii of keessaa qaban adduma addaan akka qomoo isaaniitti lafa irratti haa argaman!" jedhe; innis akkasuma in ta'e. <sup>12</sup> Kunis gaarii akka ta'e Waaqayyo in arge.

<sup>14-16</sup>Waaqayyo biiftuu, ji'aa fi urjoota akka isaan ifa kennaniif, akkasumas milikkitootaa fi buusaa waggaf isaan uume. <sup>20</sup> Inni qurxummilee fi simbirroota kochoo qaban akka qomoo qomoo isaanitti in uume. <sup>2</sup> kunis gaarii akka ta'e Waaqayyo in arge. <sup>22</sup> Waaqayyo, "Huraa, baay'adhaa bishaanota galaanaas guutaa, simbirroonni, allaattonnis lafa irratti haa baay'atan!" jedhee isaan in eebbise.

<sup>25</sup>Waaqayyo, bineesota lafaa akka qomoo qomoo isaaniitti in uume; akkasuma in ta'e. kunis gaarii akka ta'e Waaqayyo in arge.

<sup>26</sup> Kana booddee Waaqayyo, "Koottaa! Akka bifa keenyaatti, akka fakkaattii keenyaattis nama in uumnaa! Isaan qurxummii galaanaa irratti, simbirraa fi allaattii qilleensa keessa balali'an irratti, horii qe'ee irratti, bineensa lafaa hundumaa irratti, munyuuqaa lafa irra munyuuqu hundumaa irrattis mootummaa haa qabaatan!" jedhe. <sup>27</sup> Egaa Waaqayyo akka bifa isaatti nama uume, akka bifa Waaqayyootti nama uume; dhiiraa fi dubartii isaan uume; <sup>28</sup> Waaqayyo isaaniin, "Huraa, baay'adhaas, lafa guutaa, isas harka jala galfadhaa!" jedhe.

<sup>29</sup> Yommus Waaqayyo, "Kunoo, ani biqilaa sanyii godhatu isa irra lafaa hundumaa irra jiru, muka ija godhatee sanyii isaas ija isaa keessaa qabu, isiniif kenneera; isaan nyaata isiniif haa ta'an! <sup>30</sup> Bineensa lafaa hundumaa fi simbira qilleensa keessa balali'an hundumaaf, wanta lubbuu qabaatee jiraatuu fi lafa irra munyuuqu hundumaaf, biqilaa lalisaa hundumaa nyaataaf kenneeraaf" jedhe; innis akkasuma in ta'e. <sup>31</sup> Waaqayyo waanuma hojjate hundumaa in ilaale; kunoo, innis baay'ee gaarii ture; galgallis ta'e, ganamnis ta'e; kun guyyaa ja'affaadha.

### Addaam fi Hewwaan Uma 2

<sup>1</sup> Bantiiwwan waaqaa, lafti, wanti isaan keessatti argaman hundinuus egaa in raawwataman; guyyaa torbaffaattis Waaqayyo waan hojjachaa ture hundumaattii in boqote. <sup>3</sup> Waaqayyo waan uume hundumaa raawwatee guyyaa torbaffaattiwaan boqoteef, guyyaa torbaffaa sana in eebbise, in qulqulleeses.

<sup>7</sup> Waaqayyo gooftaan biyyoo lafaattii nama tolchee, hafuura jireenya itti godhu funyaan isaatti in baafate; akkasitti namni uumama lubbuu qabaatee jiraatu ta'e. <sup>8-14</sup> Yommuus Waaqayyo gooftaan biyya gara ba'a-biiftuu keessaa Eedenitti iddoo dhaabaa tokko mukkeetii ija namaa hawwatan garaa garaa, iji isaaniis nyaataaf ba'eessa ta'anii fi warqee ba'eessa qaban in dhaabe; mukti ija isaa nyaatanii jireenya namaaf kennu, mukti hamaa fi gaarii ittiin beekanis iddoo dhaabaa sana walakkaa turan. Waaqayyo laggeen afur kan dhaaba sana obaasan Eeden keessaa burqisiise.

<sup>15</sup> Waaqayyo gooftaan namicha fuudhee iddoo dhaabaa Eeden sana akka tottolchuuf, akka eeguufis achi keessa kaa'e. <sup>16</sup> Yommuus Waaqayyo gooftaan namicha abboome, "Ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irra in nyaatta; <sup>17</sup> Ija mukicha nyaatanii hamaa fi gaarii ittiin beekan sana irraa garuu hin nyaatiin! Gaafa isa irraa nyaatte garuu dhuguma in duuta" jedhe.

<sup>18</sup> Ergasii Waaqayyo gooftaan, "Namichi kophaa isaa ta'uun gaarii miti; kan akka isaatii kan isa gargaartu, ani isaaf nan tolcha" jedhe. <sup>19</sup> Waaqayyo gooftaan biyyoo irraa bineensa bakkee hundumaaf, warra qilleensa keessa balali'an hundumaafis bifa tolchee, maal jedhee akka inni isaan waamu ilaaluudhaaf gara namichaatti isaan fide; wanti namichi uumama lubbuu qabaatee jiraatu ittiin waame hundinuu immoo maqaa in ta'eef. <sup>20</sup> Namichis horii qe'ee hundumaaf, warra qilleensa keessa balali'aniif, bineensa bakkee hundumaafis maqaa in baase; namichaaf garuu kan akka isaatii, kan isa gargaartu hin arganne.

<sup>21</sup> Waaqayyo gooftaan namichi rafee akka of wallaalu godhe; utuu namichi rafuu lafee cinaacha isaa keessaa tokko fuudhee iddoo isaatti foon in guute. <sup>22</sup> Waaqayyo gooftaan lafee cinaachaa isa namicha keessaa fuudhe sana irraa dubartii tolchee namichatti in geese. <sup>23</sup> Namichis, "Amma reefu ta'e; isheen kun lafeen ishee lafee koo keessaa, foon ishees foon koo irraa fuudhame; isheen kun namattii waan argamteef, 'Namee' jedhamtee haa waamamtu!" <sup>24</sup> Kanaafis dhiirri abbaa isaaf haadha isaa in dhiisa, haadha manaa isaattis in maxxana; isaan lachanuus foon tokko in ta'u. <sup>25</sup> Namichii fi haati manaa isaa qullaa isaanii turan, lamaanuun isaanii garuu wal hin saalfatan.

### **Namni Abboommii Cabsee Kufuu Isaa** Uma 3

<sup>1</sup> Bineensa bakkee Waaqayyo goftaan uume keessaa bofni caalaa haxxee ture; innis dubartittiidhaan, "Dhuguma Waaqayyo, 'Ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran hundumaa irraa hin nyaatinaa!' isiniin jedhee?" jedhe. <sup>2</sup> Dubartittiin immoo bofichaan, "Nuui ija mukkeetii iddoo dhaabaa kana keessa jiran irraa nyaachuu in dandeenya; garuu muka isa iddoo dhaabaa kana walakkaa jiru duwwaa, Waaqayyo, 'ija isaa irraa hin nyaatinaa, isattis hin bu'inaa! Kanaa achi in duutu' jedheera" jette. <sup>4</sup> Bofichi immoo deebisee dubartittiidhaan, "Hin duutan; <sup>5</sup> isin ija mukichaa irraa yeroo nyaattan iji keessan akka banamu, hamaa fi gaarii beekuudhaanis akka Waaqayyoo akka isin taatan, Waaqayyo in beeka" jedheen.

<sup>6</sup> Dubartittiinis iji mukichaa nyaataaf gaarii ta'uu isaa, ija namaatti kan tolu, ogeessa nama gochuudhaafis gomjaasisaa ta'uusaa argitee, ija isaa irraa kutattee in nyaatte; abbaa manaa ishee isa ishee wajjiin tureefis immoo in laatte, innis in nyaate. <sup>7</sup> Yommuus lamaanuu iji isaanii in baname, qullaa ta'uu isaanis in beekan; kana irratti isaan baala harbuu walitti hulluuqsisanii marxoo isaa hojjatatan.

<sup>8</sup> Kana booddee namichii fi haati manaa isaa yeroo qilleensi qabbanaa'aan qilleensa'utti Waaqayyo gooftaan iddoo dhaabaa sana keessa utuu adeemuu sagalee dhaga'an; isaan Waaqayyo gooftaa duraa mukkeetii iddoo dhaabaa sana gidduu in dhokatan. <sup>9</sup> Waaqayyo gooftaan garuu namicha waamee, "Eessa jirta?" jedheen. <sup>10</sup> Namichis, "Ani sagalee miilla kee iddoo dhaabaa keessatti dhaga'ee, qullaa koo waanan tureef nan sodaadhe, nan dhokadhes" jedheen. <sup>11</sup> Waaqayyos, "Qullaa kee akka turte eenyu sitti hime? Sil'oo ija mukichaa isa ani 'Hin nyaatin!' jedhee si abboome sana irraa nyaattee ree?" jedhe.

<sup>12</sup> Namichis, "Dubartittii ishee ati naa wajjiin akka jiraattuuf naaf laattetu ija mukichaa naaf kenne, anis nan nyaadhe" jedhe. <sup>13</sup> Yommus Waaqayyo gooftaan dubartittiidhaan, "Wanti ati goote kun maal inni?" jedhe; dubartittiinis, "Bofichi na sossobnaanana nyaadhe" jette.

<sup>14</sup> Waaqayyo gooftaanis bofichaan, "Kana waan gooteef, abaaramaa in taata; ati garaa keetiin lafa irra in loota, bara jireenya kee hundumaatti biyyoo in nyaatta. <sup>15</sup> ani sii fi dubartittii gidduu, sanyiin kee fi sanyii ishee gidduus diinummaa nan buusa; inni mataa kee in buruqsa, atis koomee isaa in iddita.

<sup>16</sup> Dubartittiidhaan immoo, "Yeroo ati ulfooftutti ani rakkina kee guddaa nan baay'isa; cinuunsaadhanis mucaa in deessa; kana keessaa immoo abbaa manaa kee in hawwita, innis aboon sirratti in qabaata" jedhe. <sup>17</sup> Waaqayyo amma immoo namichaan, "Ati dubbii haadha manaa keetii waan dhageesseef, ija mukichaa isa ani 'hin nyaatiin!' jedhee si abboomees waan nyaatteef, lafti sababii keetiif abaaramaa in ta'a; atis bara jireenya kee hundumaatti itti dadhabdee isa irraa in nyaatta. <sup>19</sup> Ati biyyoo dha, deebitees biyyoo in taata; ati biyyoo lafaatii waan kutamteef gara isaatti hamma deebituttis, dhamaatee dafqitee buddeena in nyaatta" jedhe.

<sup>20</sup> Namichi Addaam jedhames haati manaa isaa haadha warra jiraatan hundumaa waan taateef, maqaa ishee "Hewwaan" jedhee moggaase; (innis "Jiraattuu" jechuudha) <sup>21</sup> Waaqayyo gooftaan Addaamii fi haadha manaa isaatiif uffata gogaa irraa hojjatee isaanitti in uffise. <sup>22</sup> Ergasii waaqayyo gooftaan, "Kunoo, namni hamaa fi gaarii beekuu isaatiin nu keessaa akka isa tokkoo ta'eera; ammas harka isaa hiixatee ija muka jireenyaa immoo fudhatee nyaachuun, barabaraanis jiraachuun isaaf hin ta'u!" jedhe. <sup>23</sup> Kanaafis Waaqayyo gooftaan nama iddoo dhaaba Eeden sana keessaa gad baase; namichis lafa isa ofii isaatii biyyoo isaa irraa kutame sana akka qotu in godhe. <sup>24</sup> Waaqayyo nama gad oofee, karaa isa muka jireenya kennuutti geessu in eegsise; isa eegsisuudhaaf bukkee iddoo dhaabaa Eeden gara ba'a-biiftuutiin Kiruubelii fi billaa akka ibiddaa boba'u isa gara hundumaatti nanaanna'u in dhaabe.

## **Abeel fi Qaayin** Uma 4

<sup>1</sup> Addaam, Hewwaan haadha manaa isaa bira ga'e; isheenis ulfooftee ilma Qaayin jedhamu deesse. <sup>2</sup> Itti dabaltees obboleessa isaa Abeeliin deesse; Abeei tiksituu hoolaa ta'e, Qaayin garuu qottuu ta'e.

<sup>3-5</sup> Guuyyaa baay'ee booddee Qaayin wanta lafa irraa galfate irraa, Waaqayyoof kennaa dhiyeesse; Abeelis immoo hoolota isaa keessaa warra dura dhalatan qalee cooma isaanii aarsa dhi'eesse; Waaqayyo gar Abeelii fi gara qalma isaa faara tolaadhaan in ilaale. Gara Qaayinii fi gara kennaa isaa garuu faara tolaadhaan hin ilaalle; kana irratti Qaayin aaree boba'ee, mataa buuse.

<sup>6</sup> Waaqayyo yommuus Qaayiniin, “Maaliif aartee bobaate? Maaliifis mataa buufte? <sup>7</sup> Wanta gaarii utuu hojjattee, ol jetta turte mitii ree? Wanta gaarii hin hojjattu yoo ta’e garuu, cubbuun balbala kee dura riphee si eeggata, si argachuus in kajeela; ati garuu isa irratti aboo godhadhu!” jedhe.

<sup>8</sup> Qaayin obboleessa isaa Abeel wajjin in dubbate; erga gara bakkeetti ba’aniis Qaayin obboleessa isaa Abeel irratti ka’ee isa ajjeese. <sup>9</sup> Waaqayyo yommuus, “Abeel obboleessi kee eessa jira?” jedhee Qaayiniin gaafate; inni immoo deebisee, “Ani hin beeku, obboleessa koo natu eegaa?” jedhe.

<sup>10</sup> Kana irratti Waaqayyo, “Wanti ati goote kun maali? Dhiigni obboleessa keetii lafaa natti in iyyata. <sup>11</sup> ammas ati abaaramaa dha! Lafa isa dhiiga obboleessa keetii afaan banee akka dhugu goote sana irraa in ari’atamta. <sup>12</sup> Biyya lafaa irrattis nama jooraa nama lafa dhaqu hin qabnes in taata” jedhe.

<sup>13</sup>Qaayin deebisee Waaqayyoon, “Adabamuun koo isa ani baachuu danda’u gararraa ta’e. <sup>14</sup> Kunoo, ati har’a lafa maasii koo irraa na ariiteetta, fuula kee duraas dhokachuun narra jira; ani lafa irratti nama jooraa, nama lafa dhaqu hin qabnes nan ta’a. Namni na arge hundinuus ana in ajjeesa” jedhe. <sup>15</sup>... kana booddee Waaqayyo namni Qaayiniin argee rukutee akka in ajjeefneef, milikkita itti godhe. <sup>16</sup> Qaayinis fuula Waaqayyoo duraa ba’e.

## **Nohi Uma 6-9**

<sup>1</sup>Namoonni biyya lafaa irratti baay’achuu jalqaban; <sup>5</sup>Waaqayyo yommuus, jal’inni namaa lafa irratti baay’achuu isaa, wanti namni guyyaa hundumaa garaa isaatti yaadee qopheessu hundinuus jal’aa duwwaa ta’uu isaa in arge. <sup>6</sup>Waaqayyo nama lafa irratti uumuu isaa in jibbe, guutummaa garaa isaatiinis in gadde. <sup>7</sup>Waaqayyo, “Nama isa ani uume lafa irraa nan haxaa’a; nama, horii qe’ee, bineensa, wanta lafa irra munyuuqu, warra qilleensa keessa balali’anis akkasuma nan godha; anoo isaan uumuu koo jibbeera” jedhe.

<sup>8</sup>Nohi garuu Waaqayyo duratti faara tolaadhaan ilaalame.<sup>9</sup>Nohi dhaloota sana keessatti nama qajeelaa, nama balleessaa hin qabnes ture; inni karaa Waaqayyoo irra deddeebi’uudhaan Waaqayyoo wajjin jiraate; <sup>10</sup> Nohi Ilmaan sadii qaba ture; isaanis Seem, Kaam, Yaafet turan.

<sup>13-16</sup>Waaqayyo yommuus Nohiin, “Yeroon uumamni foon uffate hundinuu fuula koo duraa itti raawwatee dhumu ga’eera; lafti humnaan wal irratti ka’uu isaaniitiin waan guuteef, ani lafa irraa isaan nan balleessa. Ati muka ta’u irraa markaba tolchi, keessa isaatti kutaa kutaa baasi! Keessaa fi duubaanis leele lafa keessaa argamuun duuchi! Markabichas dheerina isaa dhundhuma dhibba sadii, bal’ina isaa dhundhuma shantama, irraan-olee isaa dhundhuma soddoma godhi! Bantii markabichaas dhundhuma tokko irraa ol kaasii hojjedhu, cinaacha isaa irraan balbala itti baasi!

<sup>19</sup>Uumama foon uffatee jiraatu hundumaa keessaa sii wajjin hafanii akka jiraataniif, lama lama markabichatti galchi! Isaanis kormaa fi dhalaa haa ta’an! <sup>20</sup> Warra baal’eedhaan balali’an keessaa, horii qe’ee fi bineensota keessaa, warra lafa irra munyuuqan keessaas akka qomoo qomoo isaaniitti lama lama ta’anii hafanii akka jiraataniif sii wajjin markabichatti ol haa galan! <sup>21</sup>Wanta nyaatamu hundumaa keessaa fuudhii of biratti walitti qabii tuuli! Kunis nyaata keetii fi nyaata isaaniitiif in ta’a” jedhe. <sup>22</sup> Nohi akkuma Waaqayyo isa abboometti kana hundumaa hojjetee in raawwate.

<sup>7:1-4</sup> Waaqayyo yommuus Nohiin, “Dhaloota kana keessaa, ati warra mana kee hundumaa wajjin markabichatti gali! Horii qe'ee fi horii alaa warra akka qullaa'ootti ilaalaman hundumaa keessaa cimdii torba torba, kormaa fi dhalaa, warra akka qullaa'ootti hin ilaalam in keessaas cimdii tokko tokko, kormaa fi dhalaa of duukaa galchi! Simbirrootaa fi allaattii qilleensa keessa balali'an keessaas akkasuma cimdii torba torba, kormaa fi dhalaa galchi! Kanas sanyiin isaanii lafa irratti hafee akka jiraatuuf in goota. <sup>4</sup> Ani guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti bokkaa nan roobsa; uumama lubbuu qabu ani uume hundumaa lafa irraa nan haxaa'a!” jedhe. <sup>5</sup> Nohis kana hundumaa akkuma Waaqayyo isa abbootetti in raawwate.

<sup>11</sup> Kunis bara jireenya Nohi waggaa dhibba ja'affaa, ji'a lammaffaa, ji'icha keessaa guyyaa kudha torbaffaatti ture; gaafas burqituwwan callaboo gurguddaa in futta'an, ittifni bishaanii bantii waaqaa keessaa in banaman. <sup>12</sup> Bokkaanis guyyaa afurtamaa fi halkan afurtama lafa irratti yandoo buuse. <sup>13</sup> Guyyaadhuma jedhame sanatti Nohi maatii isaa wajjiin markabichatti gale. <sup>16</sup> Waaqayyos balbala in cufe. <sup>17</sup> Bishaan badiisaa guyyaa afurtama itti fufee lola'ee lafa in fudhate; <sup>19</sup> tulloota dhedheeroo guutummaa bantii waaqaa jala jiran hundumaa in dhokse. <sup>23</sup> Wanti uumamee lafa irra jiraatu hundinuu lafa irraa in haxaa'aman; Nohii fi warra isaa wajjin markabicha keessa turan duwwaatu hafe. <sup>24</sup> Bishaanichi guyyaa dhibbaa fi shantama irra lafaa guutee taa'e.

<sup>8:1</sup> Waaqayyo qilleensa lafa irra in dabarse, bishaanichis gad gale. <sup>5</sup> Roggeen tullootaas in mul'atan. <sup>13-14</sup> Nohi dhalatee waggaa dhibba ja'aa fi tokkoffaatti, ji'a lammaffaa keessaa guyyaa digdamii torbaffaatti lafichi guutummaatti gogee argame.

<sup>15</sup> Waaqayyo yommuus Nohitti in dubbate; <sup>16</sup> “Amma markabicha keessaa ba'aa!” jedhe. <sup>18</sup> Nohis gad ba'e; haati manaa isaa, ilmaan isaa, dubartoonni ilmaan isaatiis isaa wajjin gad ba'an. <sup>20</sup> Nohis iddoo itti Waaqayyoof aarsaa dhi'eessu ijaaree, horii qe'ee warra qullaa'ootti ilaalaman hundumaa, horii baal'eedhaan ka'an warra qullaa'ootti ilaalaman hundumaa keessaas fuudhee, iddoo aarsaa sana irratti aarsaa qalma in dhi'eesse.

<sup>9:1</sup> Waaqayyo Nohii fi ilmaan isaa in eebbise; inni isaaniin, “Huraa, baay'adhaa, lafas guutaa!” <sup>8:22</sup> Egaa hamma bara lafti kun itti jiraatutti, midhaan facaasuunii fi sassaabuun, dhaamochinii fi ho'i, bonnii fi ganni, guyyaanii fi halkan ittuma fufu malee hin dhaabatan” jedhe. <sup>9:3</sup> Wanti jiraatee socho'u hundinuu nyaata isiniif haa ta'u! Akkuman biqila lalisaa isiniif kenne, isaan kana hundumaas isiniif kenneera. <sup>4</sup> Garuu foon lubbuun keessa jiru, kana jechuunis dhiigni isaa utuu keessa jiruu hin nyaatinaa! <sup>5</sup> Ani lubbuu keessan eeguudhaaf dhiiga keessan bineensa harkaa, nama harkaas nan barbaada; lubbuu namaa, harka nama akka isaatii keessaa nan barbaada. <sup>6</sup> Ani Waaqayyo nama akka bifa kootti waanan uumeef, namni dhiiga namaa dhangalaasu, dhiigni isaa harka namaatiin in dhangalaafama. <sup>7</sup> Isin immoo horaa, baay'adhaa, lafa guutaa, irratti baay'adhaas!” jedhe.

<sup>12</sup> Waaqayyo, “Kakuu ani ofii kootii isinii fi uumama lubbuu qabaatee jiraatee isinii wajjin argamuuf, dhaloota dhufu hundumaafis dhaabe kanaaf milikkita nan kenna; <sup>16</sup> Yeroo sabbatichi duumessoota keessa jirutti, ani isa ilaalee, kakuu bara baraa isa ana Waaqayyoo fi uumama lubbuu qabaatee, foon uffatee lafa irra jiraatu hundumaa gidduutti dhaabate nan yaadadha” jedhe.

**Seexanaa fi Hafuurota Addunyaa kanaa** Isa 14:12-15, Hisk 28: 12-19

*Seensa: Seenaan kun akkamitti akka seexanni diina Waaqayyoo fi namaa ta'e dubbata.*

Isa 14:12 “Ati yaa ilma ganamaa, isa akka bakkalcha barii ibsuu! Attamitti bantiiwwan waaqaa irraa gad darbatamte! amma immoo attamitti lafatti dabalante!” <sup>13</sup> Ati garaa kee keessatti, ‘Ani gara bantiiwwan

waaqaatti ol nan ba'a, urjoota Waaqayyoo gararraas teessoo koo nan dhaabbadha, tulluu iddoo walga'ii isa dhuma gara bitaa jiru irras nan taa'a; <sup>14</sup> duumessoota ol fagoo irratti ol nan ba'a, isa hundumaa gararraa jiruttis of nan fakkeessa' in jette. <sup>15</sup> Ati garuu iddoo lafa jalaatti in darbatamte, qilee keessas in buute. <sup>His 28:12</sup> 'Ati fakkeenya guutummaa ti, ogummaadhaa fi miidhagummaadhaan guutteetta. <sup>13</sup> Ati iddoo dhaabaa Waaqayyoo isa Eden jiru keessa turte; dhagoonni gati-jabeeyyiin hundinuu si miidhagsu turan; wanti sitti naqamee fi sitti maxxanfame hundinuu warqee irraa hojjetame; isaanis yommuu ati uumamte qopheeffaman. <sup>14</sup> Ani akka Kiruub eegduu isa dibamaatti sin dhaabe, ati tulluu koo isa qulqullaa'aa irra in teesse, ati dhagaa ibiddaa gidduus in deddeebita turte; <sup>15</sup> ati gaafa uumamtee jalqabdee, hamma jal'inni si irratti argamutti, adeemsa keetti mudaa hin qabdu turte. <sup>16</sup> Garuu ati sababii nagadi kee guddaa bal'ateef, jal'inni si keessa guute, cubbuus hojjette; kanaaf ani tulluu Waaqayyoo irraa akka wanta xuraa'aatti gad si darbadhee si balleesse. Yaa isa akka Kiruub eegdichaa! Dhagaa ibiddaa sana gidduudhaas sin baase. <sup>17</sup> Sababii miidhagummaa keetiif garaan kee in koore, sababii simboo keetiifis ogummaa kee in balleessite; kanaaf ani lafatti gad si darbadhee, mootonni akka si ilaalan godhe; <sup>18</sup> ati yakka kee isa baay'eedhaan, nagada kee isa jal'aadhaanis, iddoo qulqullaa'aa isa kan keetii in xureessite; kanaafan ibiddi si keessaa ba'ee, akka si fixu godhe, warra si ilaalan durattis, akka ati daaraa taatee lafatti dabalantu nan godhe. <sup>19</sup> Warri si beekan hundinuu waa'ee keef in gaddu, ati dhuma nama sodaachisu bira geesseetta, deebitees hamma bara baraatti hin argamtu' jedha" jedhe.

#### **Abraam** Uma 12, 13, 15

*Seensa: Erga Nohii fi ilmaan isaa markaba irraa bu'anii, waggoota dheeraa booddee, Waaqayyoo nama Abraam jedhamutti mul'ate. Seenaan isaas akka kanatti aanee jirutti dubbii Waaqayyoo irraa caqasama.*

<sup>12:1</sup> Waaqayyoo gaaf tokko Abraamiin, "Biyya kee keessaa, lammii kee keessaa, maatii abbaa kee keessaas ba'iitii gara biyya ani si argisiisu dhaqi! <sup>2</sup> 'Ani saba guddaa sin godha, sin eebbisa, maqaa keen an guddisa, eebbas in taata'. Warra si eebbisan nan eebbisa, warra si salphisnan nan abaara, qomoon biyya lafaa irraa hundinuu sababii keetiif in eebbifamu" jedhe.

<sup>4</sup> Kana irratti Abraam akkuma Waaqayyoo isatti dubbatetti ka'ee in adeeme; Looxis isaa wajjiin dhaqe; Abraam biyya Kaaraanii yommuu ba'e nama waggaa torbaatamii shanii ture. <sup>5</sup> Abraam Saaraayyiin haadha manaa isaa, Looxiin ilma obboleessa isaa, qabeenya Looxii wajjiin qabanii fi hojjatoota biyya Kaaraanitti kan isaanii godhatan hundumaa fudhatee ba'e; Isaanis biyya Kana'aan dhaquudhaaf ka'anii, achi in ga'an. <sup>7</sup> Waaqayyoo yommuus Abraamitti mul'atee, "Ani biyya kana sanyii keetiif nan kenna" jedhe; Abraamis Waaqayyoo isatti mul'ate sanatti iddoo aarsaa Waaqayyoof in ijaare.

<sup>13:2</sup> Abraam nama badhaadhaa, horii qe'ee, meetii, warqees baay'es qabu ture. <sup>5</sup> Looxi inni Abraamii wajjiin adeemes immoo bushaayee, saawwanii fi dunkaana kan ofii isaatii qaba ture. Qabeenyi isaanii guddaa waan baay'ateef, wal bira buufachuu isaan dadhabsiise; kanaafis walii wajjiin jiraachuudhaaf lafichi isaan ga'uu hin dandeenye; <sup>7</sup> Warra horii Abraam tiksanii fi warra horii Loox tiksan gidduutti qocollootu ture. <sup>8</sup> Abraam yommuus Looxiin, "Nuyi waliif obbolloota kanaaf si'ii fi ana gidduutti, warra horii kee tiksanii fi warra horii koo tiksan gidduuttis qocolloon hin ta'iin! <sup>9</sup> Kunoo, lafichi guutummaan isaa si dura jira mitii ree? Anattii gargar baafadhu! Ati gara harka bitaa yoo fuudhatte, ani gara harka mirgaa nan dhaqa; ati gara harka mirgaa yoo fudhatte immoo ani gara harka bitaa nan dhaqa" jedhe. <sup>10</sup>



Loox gara harka olii ilaalee, dachaan Yordaanos bishaan baay'ee isaa akka qabu arge, Looxis gara sana deemuu filate.

<sup>14</sup> Loox erga isa irraa gargar ba'ee booddee Waaqayyo Abraamiin, "Ol jedhi, lafa amma jirtu kanaa gara bitaa, gara mirgaa, gara ba'a-biiftuu, gara lixa-biiftuus ilaali!" <sup>15</sup> Biyya ati argitu kana hundumaa kennaa bara baraa godhee siif, sanyii keetiifis nan kenna.

<sup>15:5</sup> Abraamin alatti gad baasees, "Gara bantiwwan waaqaa ol ilaali, urjootas yoo lakkaa'uu dandeesse lakkaa'i!" jedheen; kana booddee immoo, "Sanyiin kees akkasuma in ta'a!" Jedheen. Abraam Waaqayyotti amane, inni immoo qajeelummaatti in lakkaa'eef.

### **Saaraayii fi Aggaar Uma 16**

<sup>16:1</sup> Saaraayi haati manaa Abraam dhala hin godhanne; hojjettuu "Aggaar" jedhamtu tokko immoo qabdi; isheen nama biyya Gibxii turte. <sup>2</sup> Saaraayis Abraamiin, "Waaqayyo dhala godhachuu akka na dhowwe in argita, kanaaf hojjettuu koo bira ga'ii! Tarii ishee irraa nama maqaa koo kaasuu nan argadhan ta'a" jette; <sup>4</sup> Inni Aggaar bira ga'e, isheenis in ulfoofte; ulfa ta'uu ishees of irratti argitee giiftii ishee ulfina dhowwatte. <sup>6</sup> Saaraayis hojii jibbisiisaadhaan gad ishee qabde; Aggaar immoo ishee jalaa in baqatte.

<sup>7</sup> Ergamaan Waaqayyoos lafa onaa keessatti burqaa bishaanii biratti Aggaarin in arge; <sup>8</sup> ergamichis Aggaariin, "Yaa Aggaar, hojjettuu Saaraayi! Eessaa dhufte, amma immoo eessa dhaqaa jirta?" jedhe; isheenis, "Ani Saaraayi giiftii koo jalaa baqachaan jira" jette. <sup>9</sup> Ergamaan Waaqayyoo immoo deebisee isheedhaan, "Deebi'ii giiftii keetiif gali, gad of deebisii harka ishee jala bulii!" jedhe. <sup>10</sup> Itti fufees, "Waaqayyo, 'Ani sanyii kee guddaa nan baay'isa, baay'ina isaa irraa kan ka'es namni danda'ee isa hin lakkaa'u' siin jedha" jedhe. <sup>11</sup> Ergamaan Waaqayyoo ammas immoo, "Kunoo ulfoofteetta, ilmas in deessa, Waaqayyo isa ati gad qabamtee iyyatte waan siif dhaga'eef, maqaa isaa 'Ishmaa'el' jettee in moggaaf! <sup>12</sup> Inni akka harree diidaatti in jiraata; inni nama hundumaa irratti harka ol in fudhata, namni hundinuus isa irratti harka ol in fudhata; obbooloota isaa hundumaan cigaadaa in jiraata" jedheen. <sup>16</sup> Yommuu Aggaar Ishmaa'elin isaaf deesse, Abraam nama waggaa saddeettamii ja'aa ture.

### **Abrahaamii fi Yisahaq Uma 22:1-18**

*Seensa: Yeroo muraasa booddee, Abrahaam Ishmaa'eliin utubaa maatii mataa isaa uummatee, Abrahaamiin mucaa kakuu isa ta'e Yisahaqi wajjiin isa dhiisee akka deemu in godhe.*

<sup>1</sup> Kun erga ta'ee booddee, Waaqayyo qoree isa ilaaluudhaaf "Abrahaam" jedhee waame; Abrahaamis, "kunoo, asan jira!" jedhee deebise. <sup>2</sup> Waaqayyos, "Yisahaq ilma kee isa tokkicha isa jaallattu fuudhii biyya Mooriyaa dhaqi! Tulloota keessaa isan sitti argisiisu tokko irratti qalma gubamu godhii isa anaaf dhiyeessi!"

<sup>3</sup> Abrahaamis ganama barrii ka'ee, qoraan qalmi ittiin gubamu falaxee, harree isaas fe'ee, dargoggoota isaa keessaa lama, yisahaqiin ilmaasaas fudhatee, lafa Waaqayyo isatti hime dhaquudhaaf karaa irra bu'e. <sup>4</sup> Gaafa guyyaa sadaffaa Abrahaam ol ilaalee, iddoo sana fagootti in arge. <sup>5</sup> Yommuu Abrahaam

dargaggoota isaatiin, “Isin harricha wajjiin asuma turaa! Anii fi mucichi immoo achi garas dhaqnee in sagadna; isa booddees gara keessanitti in deebina” jedhe.

<sup>6</sup> Akkasitti Abrahaam qoraan qalmi ittiin gubamu Yisahaq ilma isaa baachisee, ofii isaatii immoo ibiddaaf haaduu harkatti baate; lamaanuus walii wajjiin in adeeman. <sup>7</sup> Takka erga adeemanii Yisahaq, Abrahaam abbaa isaatiin, “Abbayyee!” jedhe; innis, “Maal jette ilmakoo?” Jedhe; Yisahaqis, “ibiddii fi qoraanoo kunooti, qalma gubamu sanaaf immoo hoolaan meerre ree?” Jedhe.

<sup>8</sup> Abrahaam deebisee, Waaqayyo ofii isaatii qalma gubamuuf hoolaa in arga yaa ilmako” jedhe; isaan lamaanuus walii wajjiin in deeman.

<sup>9</sup> Isaanis gara iddoo isa Waaqayyo itti himee ture sana yommuu ga’an, Abrahaam achitti iddoo itti aarsaa dhiyeessu ijaaree, qoraanis tooraan irra naqe; Yisahaqiin ilma isaa hidhee iddoo aarsaa irra qoraanicha gubbaa in ciibse. <sup>10</sup> Abrahaam kana booddee ilma isaa qaluudhaaf hiiatee haaduu in fudhate. <sup>11</sup> Battala sanatti garuu ergamaan Waaqayyoo bantii waaqaa keessaa guddisee, “Abrahaam! Abrahaam!; jedhe; innis, “Kunoo asan jira!” jedhe.

<sup>12</sup> Ergamichis, “Mucicha irratti harka kee ol hin hin fudhatiin, waan tokkos isa hin godhiin! Ati ilma kee isa tokkicha isaaf waan hin mararsiifatiiniif, ati Waaqayyoon akka sodaattu an amma beekeera” jedhe.

<sup>13</sup> Abrahaamis ol ilaalee, kunoo, dugda isaa duubaan korbeessa hoolaa gaafa isaatiin arangamaa keessatti qabame tokko arge; achumaan dhaqee korbeessicha fuudhee, qooda ilma isaatii qalma gubamu isa in dhi’eesse. <sup>14</sup> Abrahaamis maqaa iddoo sanaa’ “Yaahwee Yir’ee” jedhee moggaase; (akkas jechuun, “Waaqayyo in arga” jechuu dha); namoonni ammayyuu waa’ee isaa yeroo dubbatan, “Inni tulluu isa Waaqayyo irratti waa argamsiisudha” jedhu.

<sup>15</sup> Ergamaan Waaqayyoos bantii waaqaa keessa si’a lammaffaa guddisee Abrahaamiin waamee, <sup>16</sup> “Waaqayyo, ‘Ati kana waan gooteef, ilma kee isa tokkicha anaaf waan hin mararsiifatiiniif, ani maqaa kootiin kakadheera; <sup>17</sup> Ani eebba kootiin sin eebbisa, sanyii kees akka urjoota waaqaa, akka cirracha qarqara galaanas guddisee nan baay’isa; sanyiin kees karaa kellaa diinota isaa qabatee, mandaroota isaanii kan isa in godhata. <sup>18</sup> Ati waan anaaf abboomamteef, sabni biyya lafaa irraa hundinu sanyii keetiin in eebbifamu’ jedhee dubbateera” jedhe.

**Yaaqoob fi Eebba Hatame** Uma 25:20-34, 27:1-42, 28:5

*Seensa: Yisahaq ilmaan lama godhate; maqaan isa tokkoo Yaaqoob, jechuunis ‘gowwoomsituu’ fi inni tokko immoo Esaawu jedhamuun waamaman.*

<sup>20</sup> Yisahaq nama waggaa afurtamaa yeroo ta’e, Ribiqaa in fuudhe. <sup>21</sup> Yisahaq waa’ee haadha manaa isaa ishee dhabduu turteef Waaqayyoon kadhate; Waaqayyos wanta inni kadhate waan dhaga’eef, Ribiqaan haati manaa Yisahaq in ulfoofte. <sup>23</sup> Waaqayyos ishee dhaan “Gadameessa kee keessa saba lamatu jira; gosoonni lamaan si irraa dhalatanis gargar in hiramuu; gosa isa tokkotu isa kaan irra jabaata; isa angafatu isa quxisuu dhaaf ergama!” jedhe. <sup>24</sup> Yeroon da’uu ishee yommuu ga’e, <sup>25</sup> Inni duraa diimaa, dhaqni isaa hundinuus akka uffata dabbasaa qabuu rifeensa’aatu as ba’e; maqaa isaas “Esaawu” jedhaniin. <sup>26</sup> Isa booddee dhaan immoo obboleessi isaa as ba’e; harki isaa koomee Esaawu

qabatee ture; maqaan isaas “Yaaqoob” jedhame; yeroo isaan dhalatan Yisihaq nama waggaa jaatamaa ture.<sup>27</sup> Esaawuun nama akka itti adamsu beeku, nama bakkee oolu ta’e; Yaaqoob garuu nama amala-toleessa qe’ee keessa oolu ture.<sup>28</sup> Yisihaq wanta inni adamsee fidu nyaachuun waan itti toluuf, Esaawu in jaallata ture; Ribiqaan garuu Yaaqoobiin in jaallatte.<sup>29</sup> Gaaf tokko utuu Yaaqoob nyaata tolchuutti jiruu, Esaawuun bakkee dhaa dhufee Yaaqoobiin,<sup>30</sup> “Amma ururiin na qabeera nyaata diimaa sana akkan nyaadhuuf anaaf kenni!” jedhe.<sup>31</sup> Yaaqoob immoo, “Ati dura angafummaa kee anatti gurguri kaa!” jedheen.<sup>32</sup> Esaawuunis, “Anoo amma du’uu ga’e, angafummaan kun maal anaaf godha ree?” jedheen.<sup>33</sup> Kanaaf, Esaawuun angafummaa isaa buddeenaa fi ittoo misiraan Yaaqoobitti in gurgure.<sup>34</sup> Esaawuun akkasitti angafummaa isaa in tuffate.

<sup>27:1-2</sup> Yisihaq dulloomee iji isaas barrisee yeroo arguu dhabetti, Esaawuun ilma isaa isa angafa waamee, “Yaa ilma koo! Ani amma dulloomeera, guyyaa du’a kootiis hin beeku; <sup>3</sup> ammas mi’a kee, man’ee xiyya keetii, iddaa kees fudhadhuu gara bakkeetti ba’i, bushaayee bakkees anaaf adamsi! <sup>4</sup> Nyaata dham jedhu sanyii isa ani jaalladhu qopheessitii, ani utuu hin du’iin nyaadhee, garaan koo akka si eebbisutti anaaf dhi’eessi!” jedheen.<sup>5-6</sup> Yeroo Yisihaq ilma isaa Esaawuu wajjiin kana dubbatu immoo, Ribiqaan in dhaggeeffatti turte. Kanaaf ribiqaan ilma ishee Yaaqoobiin,<sup>9</sup> “Amma gara karra bushaayee dhaqii, achiis ilmoolee reettii babba’eeyyii lama gara kootti fidi! Ani isaan qalee abbaa keetiif nan qopheessa; <sup>10</sup> atis akka inni nyaatee utuu hin du’iin dura si eebbisutti, abbaa keetiif in dhi’eessita” jette.

<sup>15</sup> Ribiqaan haati isaas uffata ilma ishee isa angafaa sana fuutee, Yaaqoob ilma ishee isa quxisuutti in uffifte; <sup>16</sup> gogaa ilmoolee reettii sanas harka isaa fi morma isaa isa mucucaataatti uffifte; <sup>17</sup> nyaata dham jedhaa, buddeena isa qopheessites harka Yaaqoob ilma isheetti in kennite.<sup>18</sup> Yaaqoob lafa abbaan isaa turetti ol lixee, “Abbayye ko” jedheen; innis deebisee, “Kunoo, ani asan jira, eenyu ati, yaa ilma ko?” jedhe.<sup>19</sup> Yaaqoob immoo abbaa isaatii, “Ani Esaawuu ilma kee isa angafa; ani akka ati jette godheeraa, ati ol jedhii taa’i, garaan akka na eebbisuttis isan adamsee fide nyaadhu!” jedhe.<sup>20</sup> Yisihaq garuu ilma isaatiin, “Attamitti akkas dafttee argatte, ilma ko?” jedhe; innis deebisee, “Kana Waaqayyo kee gooftichatu ija kootti qabe” jedheen.<sup>22</sup> Yisihaqis “Sagaleen isaa sagalee Yaaqoob, harki isaa garuu harka Esaawuu ti!” jedhe.<sup>24</sup> Abbaan isaa, “Ati dhuguma ilma koo Esaawuu dhaa?” jedhe; inni immoo deebisee, “Eyyee ana” jedhe.<sup>25</sup> Yommus inni immoo, “Yaa ilma ko, isa ati adamsitee fidde nyaadhee, garaan koo akka si eebbisuuf, as anaaf dhi’eessi kaa!” jedhe; <sup>26</sup> kana booddee Yisihaq abbaa isaa, “As anatti dhi’aadhuu, na dhungadhu ilma ko!” jedhe.<sup>27</sup> Innis itti dhi’aatee abbaa isaa in dhungate; abbaan isaas foolii wayyaa isaa in suufe, achumaanis isa eebbise, “Ilaa fooliin ilma koo, akka foolii maasii Waaqayyo eebbisee ti!” <sup>28</sup> Waaqayyo waaqa irraa fixeensa, laficha irraas cooma, gobbina ija midhaanii fi waynii siif haa kennu! <sup>29</sup> Sabni baay’een siif haa hojjatan, gosoonni lafa irraas siif haa qoma’an! Obboloota kee irratti abboomaa ta’i, ilmaan haadha keetis siif haa qoma’an! Namni si abaaru haa abaaramu, namni si eebbisu immoo haa eebbifamu!” jedhe.

<sup>30</sup> Yisihaq akkuma Yaaqoobiin eebbisee fixeene, Yaaqoobis fuula Yisihaq abbaa isaa duraa gad ba’een, Esaawu obboleessi isaa adamoo dhaa dhufee ol gale.<sup>31</sup> Innis immoo nyaata dham jedhu qopheessee abbaa isaatii in fide; abbaa isaatiinis, “Abbayye ko, ka’ii! Garaan kee akka na eebbisuttis isa ani ilmi kee adamsee fidenyaadhu jedhe.<sup>32</sup> Yisihaq abbaan isaa immoo, “Eenyu ati? Jedhe; innis deebiseefii, “Ana Esaawu ilma kee isa angafa” jedhe.<sup>33</sup> Yommus Yisihaq na’ee guddaa hoollatee, “Yoos immoo inni

bushaayee bakkee adamsee gara kootti fide sun eenyu ture ree? Anoo hunduma isaa nyaadhee, utuu ati hin dhufiin dura isa eebbiseera; eeyee, inni eebbifamaa in ta'a! jedhe.

<sup>34</sup> Esaawuun waan abbaan isaa dubbate erga dhaga'ee, dubbiin isaa itti hammaannaan sagalee isaa guddisee in iyye; abbaa isaatiinis, "Abbayye ko, 'Anas eebbisi!'" jedhe. <sup>35</sup> Inni garuu, "Obboleessi kee haxxummaadhaan dhufee, eebba kee fudhatee in sokke" jedhe. <sup>41</sup> Esaawuun sababii eebba abbaan isaa ittiin isa eebbiseef jedhee, Yaaqoobitti haaloo qabate; Esaawuun garaa isaatti yaadee, "Yeroon itti abbaa kootiif gaddan dhi'aateera; yommus ani Yaaqoobiin obboleessa koo nan ajjeesa" jedhee dubbate. <sup>42</sup> Dubbiin Esaawuu ilma ishee isa angafaa Ribiqaa in himame. <sup>28:5</sup> Kanaaf Yisihaq Yaaqoob ilma isaa gara Laabaan isa obboleessa Ribiqaa turetti erge.

### **Yaaqoobii fi Esaawuun Araaramuu Isaanii** Uma 32

*Seensa: Yaaqoob mana wasiila isaa Laabaan waggaa digdamaaf jiraate. Inni yommuu gara biyya isaatti deebi'e ilmaan 11 fi intala 1 qaba ture.*

<sup>3</sup> Yaaqoobis biyya Se'iir, bakkee Edoomitti gara Esaawuu obboleessa isaatti namoota of dura in erge; <sup>4</sup> Yaaqoob warra erge sana abboomee, "Gooftaa koo Esaawu, 'Ani garbichi kee hamma ammaatti akka nama biyya ormaatti Laabaan bira jiraachaan ture; <sup>6</sup> warri ergamanis deebi'anii dhufanii Yaaqoobiin, "Nuyi obboleessa kee Esaawu bira dhaqneerra, inni sitti adeemuuf ka'eera; namoonni dhibbi afuris isa duukaa jiru" jedhan.

<sup>7</sup> Yaaqoobis baay'ee sodaatee akkas jedhee kadhate, "Yaa Waaqayyo isa kan Abrahaam akaakayyuu kootii, Waaqayyo isa kan Yisihaq abbaa kootii, yaa gooftaa koo, situ, 'Ati biyya keetti lammii keetti deebi'i, anis gaarii siifan godha' naan jette. <sup>10</sup> Gaarmmaanii fi amanamummaan ati ana garbicha keetti argisiifte kun hundinuu anatti in guddate; anoo yommuun ba'e ulee koo kana duwwaa qabadheen Yordaanos kana ce'e; amma garuu buufata lama guutuu nan ta'e. <sup>11</sup> Amma immoo, 'Inni dhufee ana, hadhotii, ijoollees in rukuta' jedhee waanan sodaadhuuf, ati harka obboleessa koo harka Esaawuu akka na oolchituuf sin kadhada! <sup>12</sup> Ati iyyuu, 'Ani gaarii siif nan godha, sanyii kees akka cirracha galaanaa isa baay'ina isaa irraa kan ka'e lakkaa'amuu hin dandeenye nan godha' jetteetta" jedhe.

<sup>13</sup> Yaaqoob halkan sana achuma bule; <sup>14</sup> obboleessa isaa Esaawuuf waan inni kennaa dhaaf fuudhes re'oota dhaltuu dhibba lama, korbeeyyii digdama, hoolota dhaltuu dhibba lama, korbeeyyii hoolaa digdama; <sup>15</sup> gaalota hoosisan soddoma ilmoo isaanii wajjiin, saawwan afurtama, korommii kudhan, harree dhaltuu digdama, harree wadalaa kudhan turan. Yaaqoobis akkas jedhee hojjattoota isaa abboome, "Isaan kennaa Esaawuu gooftaa kootiif ergamanii dha; kunoo, inni iyyuu booddee keenyaan dhufaa jira jedhaa itti himaa" jedheen. <sup>21</sup> Inni kennaa sanas of dura dabarsee, ofii isaatii immoo halkan sana iddoo buufata isaa bule. <sup>22</sup> Yaaqoobis halkanuma sana ka'ee dubartoota isaa lamaan, xomboree warra fuudhe sana lamaan, ijoollee isaa kudha tokkonuus fuudhee malkaa Yaaboq in ce'e. <sup>24</sup> Inni lafa turetti deebi'ee achitti kophaa isaa hafe.

## Yooseef abbaa abjuu Uma 37, 39

Seensa: *Yooseef inni dargaggeessa ture qajeelummaa dhaaf dhaabate.*

<sup>2</sup>Yoseef saafela waggaa kudha torbaa yeroo ta'etti, obboloota isaa wajjin bushaayee in tiksa ture; Yoseef oduu waan hamaa isaan hojjetanii fidee abbaa isaaniitti hime. <sup>3</sup>Yaaqoob , Yoseefin ilmaan isaa hundumaa caalaatti in jaallate; qoloo dheeraa harka qabu in hojjechiiseef. <sup>4</sup>Obboloonni isaa garuu akka abbaan isaanii obboloota isaa hundumaa caalaatti isa jaallate yommuu argan isa in jibban; nagaas isatti dubbachuu hin dandeenye.

<sup>5-6</sup>Yoseef abjuu abju'atee, obboloota isaatti yommuu hime, ittuma caalchisanii isa in jibban. Inni, "Abjuu ani abju'adhe kana dhaggeeffadhaa! <sup>7</sup>Kunoo, nuyi maasii gidduudhaa bissii in hiina turre; kunoo, bissiin koo ka'ee ol qajeelee dhaabate; bissiin keessan immoo isatti naanna'anii bissii kootiif in gugguufu turan" jedheen. <sup>8</sup>Obboloonni isaas deebisanii, "Ati dhuguma mootii nu irratti taataa? jedhaniin; <sup>9</sup>Ammas abjuu tokko abju'ate isaanitti himee, "Kunoo, ani abjuu kan biraa tokkos abju'adhe, biiftuun, ji'i, urjoonni kudha tokkos anaaf utuu gugguufanii argeera" jedhe. <sup>10</sup>Yeroo kana abbaan isaa isa ifatee, "Abjuun ati abju'atte kun maali? Dhuguma anii fi haati kee obboloonni kees dhufnee hamma lafa geenyutti siif gugguufuuf jirra moo?" jedhe. <sup>11</sup>Kana irratti obboloonni isaa isatti in hinaafan; abbaan isaa garuu dubbicha yaadatti in qabate.

<sup>18</sup>Isaan utuma inni isaanitti hin dhi'aatin fagootti isa arganii, isa ajjeesuudhaaf irratti koratan. <sup>19</sup>"Kunoo, abbaan abjuu sun dhufeera; <sup>20</sup>kottaa amma isa ajjeefnee, boollota kana keessaa tokkotti gad in darbannaa, bineensa hamaatu isa nyaate in jennaa," jedhan. <sup>24</sup>Yooseefiin fuudhanii boolla bishaan hinqabne tokko keessa in buusan.

<sup>25</sup>Ergasii obboloonni Yoseef buddeena nyaachuuf in taa'an; yommuu ol ilaalanii imaltuun warra Ishmaa'el baay'atanii Giil'aadii gara biyya Gibxiitti gad bu'aa utuu jiranii argan; gaalota isaaniitti urgooftuu, hapee dibataa fi qumbii fe'anii turan. <sup>27</sup>Kottaa, nuyi warra Ishmaa'el kanatti isa in gurgurraa! Inni obboleessa keenya, foon keenyas waan ta'eef, harka keenyaan waan hamaa isa irratti hin hojjennu!>> jedhe; obboloonni isaas isaaf in dhaga'an. <sup>28</sup>Warri Ishmaa'el naggaadonni Miidiyaan dhufanii in darbu turan; obboloonni isaa Yoseefin ol harkisanii boollicha keessaa baasanii, meetii ija digdamaan warra Ishmaa'elitti gurguran; isaan immoo Yoseefin biyya Gibxiitti in geessan.

39:1 Phoxiifaar ajajjuun eegdotaa, namni biyya Gibxii sun, warra Ishmaa'el warra gara Gibxiitti isa fidan irraa isa in bitate. <sup>2</sup>Waaqayyo garuu Yoseefii wajjin waan tureef, wanti inni hojjetu wal qixxaateef. <sup>3</sup>Gooftaan isaas, Waaqayyo akka Yoseefii wajjin jiru, waan inni harkaan qabus Waaqayyo akka wal qixxeessuuf in arge. <sup>5</sup>Waaqayyo erga gaafa namichi hojii mana isaa, waan qabu hundumaas Yoseef akka ilaalu godhatee jalqabee, sababii Yoseefiif jedhee mana namicha Gibxii sana in eebbise; eebbi Waaqayyoo wanta inni mana keessaa, alaas qabu hundumaa irra ture.

<sup>6-7</sup>Yoseef immoo dhaabbii in tola, ija namaattis in miidhaga ture; haati manaa gooftaa isaas ija ishee irra buufattee, "Aana wajjin ciisi!" ittiin jette. <sup>8</sup>Inni garuu didee, haadha manaa gooftaa isaa sanaan, egaa ani attamittan hammina guddaa akkasii hojjedha? Cubbuudhaanis attamittan Waaqayyoon yakka ree?" jedhe. <sup>10</sup>Isheen guyyuma guyyaatti Yoseefitti kana yoo dubbatte iyyuu ishee dhaga'uu hin barbaanne.

<sup>11-12</sup> Gaaf tokkos Yoseef hojii isaa hojjechuudhaaf manatti yeroo ol galetti, haati manaa gooftaa isaatii wayyaa isaa qabatee, “Aana wajjin ciisi!” ittiin jette; inni garuu wayyaa isaa ishee harkatti dhiisee, baqatee manaa in ba'e. <sup>16</sup> Isheen hamma gooftaan isaa galutti, wayyaa isaa of bira keessee eegde. <sup>17</sup> Abbaa manaa isheettis oduudhuma akkasii himtee, “Garbichi lbrichi inni ati nutti fidde, anatti taphachuudhaaf anatti ol gale; <sup>18</sup> garuu akkuma ani sagalee koo ol fuudhee iyyeen immoo, wayyaa isaa ana biratti dhiisee alatti baqate” jette. <sup>19</sup> Gooftaan isaa yeroo isa haati manaa isaa, “Garbichi kee akkas na godhe” jettee itti himte dhaga'etti, aaree in boba'e.

<sup>20</sup> Kana irratti Yoseefin fuudhee, mana hidha isa galchisiise; <sup>21</sup> Waaqayyo garuu Yoseefii wajjin ture, gaarummaas isatti argisiise; namichi mana hidhaa eegus faara akka inni itti tolu in godheef. <sup>22</sup> Eegduun mana hidhaa sunis, namoota hidhamanii mana hidhaa sana keessa turan hundumaa, eegumsa Yoseef jala galche; waan achitti hojjetamuun ta'u hundumaas isatu hojjeta ture. <sup>23</sup> Waaqayyo Yoseefii wajjin ture, waanuma inni hojjetu waan isaaf wal qixxeessuuf, namichi mana hidhaa eegu sun waan eegumsa Yoseef jala galche hundumaa isatti dhiisee, isa harkattis hin lakkoofne.

**Yooseef Mootii Ta'uu Isaa**                      Uma 41,42,45,46

*Seensa: Utuu Yooseef mana hidhaa keessa jiruu mootiin Gibxii abjuu abju'ate.*

<sup>1-3</sup> Waggaan lama erga darbee booddee, mootiin Gibxii abjuu abju'ate; abjuu isaatiinis qarqara laga Abbayyaa dhaabatee ture; saawwan cululuqoo fi gabbatoonni torba laga Abbayyaa keessaa ol ba'anii, jajjaba keessa in dheedu turan. <sup>3</sup> Ammas kunoo, saawwan kan biraa jibbisiisonnii fi huqqatoonni torba isaan booddeedhaan laga Abbayyaa keessaa ol ba'anii, <sup>4</sup> warra cululuqoo fi gabbatoo torban sana in liqimsan; kana booddee mootiin Gibxii hirribaa in dammaqe.

<sup>5</sup> Mootiin Gibxii ammas deebi'ee abjuu abju'ate; kunoo, mataan midhaanii torba iji isaa gugguute, tolees somaa tokko irratti guddatee ture; <sup>6</sup> isaan booddeedhaan immoo kunoo, mataan midhaanii iji isaa xooxaree qilleensi ba'a-biiftuu gube torba ol ba'anii, warra gugguutuu gurguddaa sana torban in liqimsan; mootiin Gibxiis in dammaqe; kunis abjuu ture.

<sup>8</sup> Yommuu bari'es mootiin Gibxii warra ayyaana heddani fi beektota Gibxii ofitti waamsisee, abjuu isaa isaanitti in hime; garuu isaan keessaa namni abjuu sana hiikuu danda'e hin turre. <sup>9-13</sup> Yommu eegduun warra dhugaatii dhi'eessanii, lbrichi dargaggeessi garbichi tokko abjuu hiikuu akka danda'u mootichatti hime. <sup>14-24</sup> Kana irratti mootiin Gibxii ergee Yoseefin in waamsise; abjuu isaas itti hime. Yoseef yommu mootii Gibxiin, “Abjuun kee tokkichuma, Waaqayyo wanta gochuudhaaf jedhu sitti mul'iseera; <sup>26</sup> saawwan nama mararan torban, waggoota torba; mataan midhaanii tolan torbanis waggootuma torban sana; abjuun kee lachanu tokkichumatti in hiikama. <sup>27</sup> Saawwan huqqatoo fi jibbisiisonni isaan sana booddeedhaan ol ba'an torban, akkasumas mataan midhaanii ija hin qabne qilleensi ba'a-biiftuu isaan gube torban waggoota torba; waggoonni kun torban waggoota beelaa ta'uuf jiru. <sup>28</sup> Waaqayyo wanta gochuudhaaf jedhu sitti argisiiseera. <sup>29</sup> Yeroon itti guutummaa biyya Gibxii irratti quufni guddaan isaa ta'u, kunoo, waggoonni torba dhufuuf jiru. <sup>30</sup> Isaan booddeedhaan garuu waggoonni beelaa torba in dhufu.

<sup>33-37</sup> “Ammas ati nama hubataa, nama ogeessas ilaalii, biyya Gibxii irratti aboo irra kaa'i! Itti dabaltees namoota dubbicha duukaa bu'anii ilaalan, waggoota quufaa torban keessas wanta biyya Gibxii irraa galu keessaa harka shan keessaa harka tokko fuudhan, biyyicha irra kaasii, aboos kenniif! Biyyichi beelaan akka hin badnetti, midhaan kun waggoota torban yeroo itti beelli biyya Gibxii irra bu'uuf jiru sanaaf haa kaa'amu!” jedhe. <sup>39</sup> Mootiin Gibxii yommu Yoseefiin, “Erga Waaqayyo kana hundumaa akka

ati beektu godhee, namni hubataanii fi ogeessi akka keetii hin jiru; <sup>41</sup> Kunoo, ani guutummaa biyya Gibxii irratti aboo siif kenneera” jedhe.<sup>42</sup> Kana booddee mootiin Gibxii amartii mallattoo isaa harka isaattii baasee, harka Yoseefitti in kaa'e; uffata quncee talbaa ba'eessa irraa hojjetames itti in uffise; dirata warqees morma isaatti kaa'eef. <sup>43</sup> Konkolaataa isa kan isaatti aanu irras isa teessise; warri fuula isaa duraa labsanis, “Gad jedhaa, qoomma'aa!” in jedhu turan; mootichi akkasitti Yoseefin guutummaa biyya Gibxii irra kaa'ee, aboos kenneef. <sup>46</sup> Yoseef fuula Fara'oon mootii Gibxii duratti dhi'aatee yommuu hojii irra dhaabame, nama waggaa soddomaa ture.

<sup>42:1</sup> Yaaqoob yommuu biyya Gibxii midhaan akka jiru baree ilmaan isaatiin, <sup>2</sup> “Gad bu'aatii achii midhaan nuuf bitaa!” jedhe. <sup>6</sup> Biyya Gibxii hundumaa inni bulchu, namoota biyya hundumaattis inni midhaan gurguru Yoseef ture; obbollooni Yoseefis dhufanii isa duratti dhi'aatanii, hamma mataan isaanii lafa ga'utti in qoomma'aniif. <sup>45:1</sup> Yommuu Yoseef “Namoota hundumaa gad anaaf baasaa!” jedhe; <sup>3</sup> Yoseef obbolloota isaatiin, “Ani Yoseefi, abbaan koo jiraa?” jedhe; obbollooni isaa garuu fuula isaa dura dhaabachuu isaaniitiif na'anii waan raafamaniif, deebii isaaf deebisuu hin dandeenye. <sup>4</sup> Yoseef kana booddee obbolloota isaatiin, “Maaloo as gara kootti dhi'aadhaa! Ani Yoseef obboleessa keessan, isa isin biyya Gibxiitti gurgurattanii dha; <sup>5</sup> ammas lubbuu oolchuudhaaf isin dura asitti kan na erge Waaqayyo waan ta'eef, isin isa na gurgurtaniif yaadaan hin dhiphatinaa, ofittis hin aarinaa! <sup>8</sup> Egaa Waaqayyo malee, isintu as na erge miti.

<sup>9</sup> “Ammas ariitiidhaan gara abbaa kootti ol ba'aatii, amma illee waggooni beelaa shan waan hafaniif, ati,, kanaaf hin turiniitii ana bira kottu! Jedhaanii” jedhe. <sup>25</sup> Yommuu isaan biyya Gibxii keessaa ba'anii, biyya Kana'aanitti gara Yaaqoob abbaa isaanii in dhufan. <sup>26</sup> Isaanis, “Yoseef amma illee jira, guutummaa biyya Gibxii irratti isatu seerrata” jedhanii Yaaqoob abbaa isaaniitti in himan; inni garuu na'ee waan jedhu in wallaale, waan isaan dubbatanis hin amanne; <sup>27</sup> haa ta'u iyyuu malee, yeroo isaan dubbii Yoseef isaanitti dubbate hundumaa itti himan, biyya Gibxiitti akka ittiin isa fidaniif, konkolaattota Yoseef ergeefis yommuu arge, lubbuun isatti in deebi'e. <sup>46:2</sup> Waaqayyo mul'ata halkaniitti Israa'elitti, “Yaaqoob, Yaaqoob!” jedhee dubbate; inni immoo, “Kunoo asan jira” jedhe. <sup>3</sup> Gooftaan, “Ani Waaqayyo, Waaqayyo isa kan abbaa keetii ti; ani achitti saba guddaa akka ati taatu waanan godhuuf, biyya Gibxiitti gad bu'uu hin sodaatin! <sup>4</sup> Ani sii wajjin biyya Gibxiitti gad nan bu'a, deebisees ol sin fida; yommuu ati duutu Yoseef ija kee walitti siif in qaba” jedhe.

### **Musee: Huuxxii Boba'uu fi Fara'oo Ba'uu 3,7,8,9**

*Seensa: Rakkoo beelaa ooluuf erga Yooseef abbaa isaa fi obbolloota isaa gara Gibxiitti fudhatee booda, dhaloonni itti aanu waggaa dhibba afurii fi soddomaaf biyya Gibxi turan. Ergasii immoo mootiin haaraan Yoseefin hin beekne tokko biyya Gibxii irratti in mo'e; ijoollee Isiraa'elis garmalee gad-qabee isaan dhiphise. Isaan keessaa Museen inni gara lafa onaatti baqate tokkodha. Seenaan sagalee Waaqayyoo irraa ta'e kunooti!*

<sup>3:1</sup> Museen amma bushaayee tiksa; gaaf tokko bushaayee lafa onaa keessa dabarsee gara tulluu Siinaa dhufe. <sup>2</sup> Achitti ergamaan Waaqayyoo arraba ibiddaa isa huuxxii qoraattii tokko keessaa boba'u keessatti Museetti mul'ate; Museenis gara huuxxii qoraattichaa ilaalee, kunoo, huuxxicha irratti ibiddi in argama ture, garuu hin gubanne. <sup>3</sup> Yommuu Museen, “Wanta guddaa mul'atu kana itti goree nan ilaala; huuxxiin qoraattii kun maaliif hin gubanne laata?” jedhe. <sup>4</sup> Waaqayyo gooftaan immoo huuxxicha qoraattii keessaa, “Musee! Musee!” jedhee waame; Museen immoo, “Kunoo asan jira” jedhe. <sup>5</sup> Ammas Waaqayyo, “As hin dhi'aatin! Iddoon ati irra dhaabattee jirtu lafa qulqullaa'aa waan ta'eef, kophee miilla keetii baafadhu!” jedhe. <sup>6-8</sup> Itti fufees, “Ani Waaqayyo isa kan abboota keetii ti, Waaqayyo isa kan Abrahaam, Waaqayyo isa kan Yisihaq, Waaqayyo isa kan Yaaqoobis Gad qabamuu saba koo warra Gibxi

jiranii argeera; isa isaan warra humnaan isaan hojjechiisan jalaa ba'uudhaaf iyyatanis dhaga'eera; dhiphina isaaniis ani beeka; ani harka warra Gibxii keessaa isaan baasuudhaaf gad bu'eera; biyya sana keessaa gara biyya gaariitti, biyya bal'aatti, biyya aannanii fi damma baasutti, isaan nan geessa <sup>10</sup> Ani mootii Gibxiitti sin erga, dhaqi, saba koo Israa'elin biyya Gibxiitii baasi!" ittiin jedhe; <sup>11</sup> Museen immoo Waaqayyoon, "Gara mootii Gibxii dhaqee, saba Israa'el biyya Gibxiitii kanan baasu ani eenyu?" jedhe. <sup>13</sup> Museen yommuu Waaqayyoon, "Ani saba Israa'el bira dhaqee, 'Waaqayyo isa kan abboota keessaniitu isinitti ana erge' yommuun isaaniin jedhu, isaan immoo 'Maqaan isaa eenyu?' jedhanii na gaafatu; ani immoo maal isaaniin jedhu ree?" jedhe.

<sup>14</sup> Waaqayyo deebisee Museedhaan, "**Ani 'Isa jiraataa dha,'** ati immoo saba Israa'eliin, '**Inni jiraataan** isinitti na ergeera' in jetta." Jedhe.

<sup>7:6</sup> Museenii fi Aaron akkuma Waaqayyo isaan abboome sana in godhan. <sup>8</sup> Waaqayyo ammas Museedhaa fi Aaroniin, <sup>9</sup> "Amma mootiin Gibxii, 'Milikkita dhugaa keessan mul'isu argisiisaa!' yoo isiniin jedhe, yaa Musee, ati Aaroniin, 'Ulee kee fuudhii mooticha dura buusi!' jedhi, ulichis bofa in ta'a" jedhe. <sup>10</sup> Aaronis mootichaa fi hojjetoota isaa duratti ulee isaa lafa buuse, ulichis bofa ta'e. <sup>11</sup> Kana irratti mootichis beektotaa fi warra qoricha namatti godhan in waamsise; warri ayyaana hedanis ogummaa isaanii isa dhokataadhaan akkasuma godhan. <sup>12</sup> Jarris adduma addaan ulee isaanii lafa in bubbuusan, uleewwan isaaniis bofa ta'an; uleen Aaron garuu uleewwan jaraa in lilliqimse. <sup>13</sup> Haa ta'u iyyuu malee, mootichi akkuma mata-jabeessa ta'etti in hafe.

<sup>16</sup> Yommuu isa Museen mootichaan Waaqayyo gooftaan inni kan lbrootaa sitti na erge:- Sabni koo gara lafa onaa dhaqee anaaf haa hojjetuu gad dhiisi! siin jedheera" jedhe; <sup>19</sup> Waaqayyo Museedhaan, "Dhaqii Aaroniin, 'Ulee kee harkatti qabadhuu, bishaan biyya Gibxii hundumaa irratti harka kee ol fudhadhu! Isaanis dhiiga haa ta'an! Guutummaa biyya Gibxiitti qodaa mukaa isaanii fi qodaa dhagaa isaanii keessa kan jiru iyyuu dhiiga haa ta'u!' jedhiin" jedhe. <sup>20</sup> Museenii fi Aaron akkuma Waaqayyo isaan abboome godhan; Aaron ija mootichaa fi hojjetoota isaa duratti ulee isaa ol fuudhee bishaan laga Abbayyaa rukute; bishaan lagicha keessa jiru hundinuus dhiiga ta'e. <sup>21</sup> Qurxummiin Abbayyaa keessa jiran in dudu'an, lagichi in ajaa'e, warri Gibxiis bishaan lagichaa dhuguu hin dandeenye; biyya Gibxii keessaa lafa dhaqan hundumaatti dhiigatu argame.

<sup>8:6</sup> Aaronis bishaanota biyya Gibxii irratti harka isaa ol fudhatee, fatteewwanis ol yaa'anii lafa uffisan. <sup>8</sup> Mootichi yommuu Musee fi Aaroniin waamsisee, "Fattee kana ana irraa, saba koo irraas akka fuudhuuf Waaqayyoon kadhadaa! Anis sabni kun dhaqee Waaqayyoof aarsaa akka dhi'eessuuf gad nan dhiisa" jedhe. <sup>12</sup> Musee fi Aaron egaa mooticha biraa gad in ba'an; Museen waa'ee fattee isa inni mooticha irratti fide sanaaf gara Waaqayyootti in iyye. <sup>15</sup> Mootichi garuu amma akka hafuura fudhate yommuu arge, deebisee garaa isaa in jabeesse; akkuma Waaqayyo dubbatee ture, Musee fi Aaroniif hin dhageenye.

<sup>9:13-14</sup> Kana booddee Waaqayyo Museedhaan, "Bor ganama bariidhaan ka'iitii mooticha duratti dhi'aadhuu, 'Waaqayyo gooftaan inni kan lbrootaa sabni koo dhaqee anaaf haa hojjetuu gad dhiisi! Yookiin alana dha'icha baay'ee jabaa si irratti, hojjetoota kee irrattis nan buusa. <sup>15</sup> Egaa akkan harka koo ol fudhadheen si, saba kees utuun dha'eera ta'ee silaa yowwana ati lafa irraa baddeetta; <sup>16</sup> haa ta'u iyyuu malee, ani humna koo sitti argisiisuudhaaf, maqaan koos biyya hundumaa keessatti akka beeksifamuuf ati dhaabatee akka haftu nan godhe.



*Seensa: Waaqayyo warra Gibxii irratti dha'icha 10 fide. Seenaan kunis dha'icha isa dhumaa irraa eegala.*

<sup>1</sup>Ergasii Waaqayyo Museedhaan, “Ani amma dha'icha tokko duwwaa mooticha irratti, biyya isaa irrattis dabalee nan fida.” <sup>12:21</sup>Yommus Museen maanguddoota Israa'el hundumaa waamee, “Akka maatii keessaniitti bushaayee keessaa tokko fudhadhaatii xobbaallaa Faasiikaa sana qaladhaa! <sup>22</sup>Balbalaa fi michichila mana keessanii lamaanitti dibaa! Isin keessaa immoo namni tokko illee hamma bari'utti mana isaatii gad hin ba'in! <sup>23</sup>Warra Gibxii dha'uudhaaf Waaqayyo yeroo keessa darbutti, dhiigicha buusaa balbalaa fi michichila lamaanuutti argee, balbalicha irra in darba; inni balleessu sun manneen keessanitti lixee akka isin dha'u hin godhu! <sup>28</sup>Ergasii Israa'eloonni dhaqanii akkuma Waaqayyo Musee fi Aaroniin abboome in godhan. <sup>29</sup>Halkan walakkaa yommuu ta'e Waaqayyo biyya Gibxii keessaa angafa kan ta'e hundumaa in dha'e.

<sup>30</sup>Halkan sanaan mootichi ofii isaatii, hojjetoonni isaa hundinuu, warri biyya Gibxii hundinuus in ka'an; manni tokko illee kan keessaa hin du'in waan hin jirreef, biyya Gibxii keessatti boo'ichi guddaan in ta'e.

<sup>31</sup>Yommus mootichi halkanii Musee fi Aaronin waamsisee, “Ka'aa, isin, Israa'eloonni saba koo keessaa ba'aa! Akkuma gaafattanii turtan dhaqaa Waaqayyoof hojjedhaa!

<sup>37</sup>Israa'eloonni dubartootaa fi ijoollee malee, lafoon akka namoota kumaatama dhibba ja'aa turan.

<sup>40</sup>Barri Israa'eloonni biyya Gibxii keessa jiraatan, waggaa dhibba afurii fi soddoma ture.

<sup>14:5</sup>Sabni sun baqatee ba'uun isaa mootii Gibxiitti yeroo himametti, innii fi hojjetoonni isaa waa'ee saba sanaaf kan yaadan geddaramee, “Sabni Israa'el nuuf hojjechuu dhiisee akka adeemu gochuun keenya kun maali?” jedhan. <sup>6:9</sup>Kana irratti mootichi konkolaataa isaa qopheeffatee, loltuu isaas fudhatee, <sup>7</sup>konkolaattota fo'aman dhibba ja'a, konkolaattota warra kaan hundumaa irras ajajjuu duulaa naqatee fudhatee in ka'e. Loltoonni isaas jara in hordofan; galaana bira buufatanii utuu jiraniis isaan in qaqqaban. <sup>10</sup>Yommus Israa'eloonni guddaa sodaatanii gara Waaqayyootti in iyyan. <sup>13</sup>Museen immoo saba sanaan, “Warra Gibxii warra har'a argitan kana deebitanii akka kanatti lammaffaa waan hin argineef, hin sodaatinaa, jabaadhaa dhaabadhaatii har'a gocha Waaqayyo isin fayyisuudhaaf raawwatu ilaalaa! <sup>14</sup>Amma Waaqayyo isiniif in lola, isin gabii argadhaa!” jedhe.

<sup>15</sup>Waaqayyo yommus Museedhaan, <sup>16</sup>“Ati immoo ulee kee ol fuudhi, harka kee galaanicha irratti diriirsi! Israa'eloonni galaanicha yommuu ce'an lafa gogaa irra akka adeemaniif galaanicha gargar hiri!

<sup>21</sup>Museenis harka isaa galaanicha irratti in diriirse; Waaqayyo immoo halkan sana guutuu qilleensa ba'a-biiftuu isa jabaadhaan galaanicha gara booddeetti in deebise; bishaanichis erga gargar hiramee galaanicha gidduu lafa gogaa godhe. <sup>22</sup>Israa'eloonni galaanicha gidduu lafa gogaa irra in adeeman; bishaanichis mirga isaanii fi bitaa isaaniitti akka keenyanii isaaniif ta'e.

<sup>23</sup>Warri Gibxii, fardeen mootichaa, konkolaattonni isaa, abboonni fardeenii isaa hundinuu Israa'eloota ari'anii isaan booddeedhaan galaanicha gidduu lixan. <sup>26</sup>Yommus Waaqayyo Museedhaan, “Bishaanichi warra Gibxii irratti, konkolaattota isaanii fi abboota fardeenii isaanii irratti walitti akka deebi'uuf, ati harka kee galaanicha irratti diriirsi!” jedhe. <sup>27</sup>Museen harka isaa galaanicha irratti diriirse, barii lafaattis warri Gibxii baqachaa utuu jiraniis, <sup>28</sup>bishaanichi walitti deebi'ee, konkolaattota abboota fardeenii, loltuu mootichaa warra isaan hordofanii galaana keessa lixan hundumaa in liqimse; isaan keessaa namni tokko illee hin hafne.

## Abboommii Kurnan Ba'uu 19:1-20:23

<sup>19:1</sup> Sabni Israa'el biyya Gibxii ba'anii gaafa ji'a sadaffaa isaaniitti Siinaa lafa onaa ga'an <sup>3</sup> Museen yommus tulluu irratti Waaqayyo bira dhaquudhaaf ol in ba'e; Waaqayyo immoo tulluu irraa Musee waamee, "Isa kanatti fufee jiru Israa'eloota sanyii Yaaqoobitti, <sup>4</sup> Warra Gibxii waanan godhe, akka joobirri cuucota ishee qoochota isheetiin baattutti isin immoo baadhee gara kootti akkan isin fide argitaniittu. <sup>5</sup> Isin anaaf yoo dhageessan, kakuu koos yoo eegdan, saba hundumaa keessaa addumaan dhuunfaa koo in taatu. 'Saba Israa'elitti kan ati dubbattu isa kana" jedhe.

<sup>7</sup> Yommus Museen gad bu'ee, mangudoota sabaa walitti waamee dubbii Waaqayyo isatti hime hundumaa isaanitti dhiyeesse. <sup>8</sup> Jarri hundinuu afaanuma tokkoon deebisanii, "Wanta Waaqayyo jedhe hundumaa in goona" jedhan; Museenis wanta jarri jedhan fidee Waaqayyotti hime.

Waaqayyos Museedhaan, "Jarri sii wajjiin dubbachuu koo dhaga'anii yeroo hundumaaf akka si amananiif immoo, ani kunoo duumessa yabbuu keessaan si bira nan dhufa" jedhe; kana booddee immoo Museen wanta jarri jedhan Waaqayyotti in hime. <sup>10</sup> "Jara dhaqii har'aa fi bor akka isaan of qulleessan, uffata isaaniis akka miicatan godhi. <sup>11</sup> Hundumti isaanii utuma ilaalaniis ani Waaqayyo guyyaa sadaffaatti tulluu Siinaa irratti waanan gad bu'uuf, guyyaa sanaaf haa qophaa'an! <sup>12</sup> Saba kanaaf naannessii daarii godhi! Isaan tullichatti akka ol hin bane, qarqara isaattis akka hin buune, of eeggadhaa! Nammi tullichatti bu'u du'uun isaa muramaa dha. <sup>13</sup> Yeroo fiinon utuu gargar hin citiin afuufamutti, warri kaan tulluutti ol haa ba'an!" jedhe.

<sup>14</sup> Ergasii Museen tulluu irraa gad bu'ee gara saba sanaa dhufee, akka isaan of qulqulleessan, uffata isaaniis akka miicatan godhe. <sup>15</sup> Yemmus Museen jaraan, "Guyyaa sadaffaa sanaaf of qopheessaa, dubartii biras hin ga'inaa!" jedhe. <sup>16</sup> Gaafa guyyaa sadaffaa ganama immoo sagalee qaqawwee fi balaqqeessatu ture; duumessi ulfaataan tullicha irra ture, sagaleen malakataas baay'ee cimaa ture; namoonni iddoo buufataa turan hundinuu in hoollatan. <sup>17</sup> Museen jara iddoo buufata isaaniitii baasee gara Waaqayyotti fide; isaan miila tulluu Siinaa jala in ijaajjan. <sup>18</sup> Waaqayyo ibiddan irratti gad buunan, aarri guutummaa tulluu Siinaa uffise; aarri isaas akka aara ibiddaatti ol in ka'e; tullichis guutummaatti baay'isee in raafame. <sup>19</sup> Yeroo sagaleen malakataa ittuma guddachaa adeeme, Museen in dubbate, Waaqayyos sagaleedhaan deebisee isatti in dubbate.

<sup>20</sup> Waaqayyo tulluu Siinaa irratti erga gad bu'ee, gara bantii tullichaatti Musee ol waame; Museenis ol in ba'e. <sup>21</sup> Ammas Waaqayyo Museedhaan, "Jarri ana Waaqayyoon ilaaluudhaaf cabsanii akka hin darbinetti, baay'een isaanis akka hin dhumnetti gad bu'ii isaan gorsi! <sup>25</sup> kana irratti Museen gara saba sanaatti gad bu'ee kana isaanitti in hime.

<sup>20:1</sup> Waaqayyo dubbii kanatti fufee jiru hundumaa in dubbate;

<sup>2</sup> Inni, "Ani Waaqayyo, gooftaa kee isa mana garbummaa biyya Gibxii keessaa si baasedha. <sup>3</sup> "Waaqayyoolii kan biraa tokko illee ana bukkeetti hin qabaatiin!

<sup>4</sup> "Bifa qirixamee, fakkeenya wanta ol waaqa irra jiru, gad lafa irra jiru, yookis bishaan keessa lafa jala jiru hjn tolfatiin! <sup>5</sup> Ati bifa fakkeenya kanaaf hin sagadiin, isaaniifis hin hojjatiin! Ani Waaqayyo gooftaan kee Waaqayyo hinaafaadha;

<sup>7</sup>“Ani Waaqayyo nama akkasumaan maqaa koo dha’u utuun hin adabiin waan ani hin dhiifneef, ati maqaa koo maqaa Waaqayyo gooftaa keetii akkasumaan hin dha’iin!

<sup>8</sup> Guyyaa Sanbataa qulqullinatti eeguudhaaf yaadadhu! 9 Guyyaa ja’a hojii kee hojjadhu, jiruu kees hundumaa godhadhu! Guyyaa torbaffaa immoo boqodhu.

<sup>12</sup> “Abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni!

<sup>13</sup> “Hin ajjeesiin!

<sup>14</sup> “Hin ejjiin!

<sup>15</sup> “Hin hatiin!

<sup>16</sup>“Nama irratti sobaan dhugaa hin ba’iin!

<sup>17</sup>“Mana namaa duraa fudhachuudhaaf hin hawwiin! Haadha manaa namaa, hojjataa isaa, hojjattuu isaa, qotiyoo isaa, harree isaa, waanuma kan isaa ta’e duraa fudhachuudhaaf hin hawwiin!” jedhe.

<sup>22</sup>Yommus Waaqayyo Museetti dubbate, “Ati Israa’elootaan, ‘Waaqayyo akkana jedha:- Ani waaqa irraa isinitti dubbachuu koo ofii keessanii iyyuu argitaniittu; <sup>23</sup>isin ana dhiiftanii waaqayyolii meetii irraa yookiis waaqayyolii warqee irraa hojjataman hin tolfatinaa! <sup>24</sup>... Isinan eebbisa...” jedhe.

## **Gaaddota** Lak 13-14

*Seensa: Isiraa’eloonni qajeelfama waa’ee jireenya qullaa’aa fi tabernacle jiraachuu Waaqayyo irraa fudhachaa waggaa tokkoof gaaricha irra turan. Isa booda hamma isaan lafa kakuu ga’anitti isaan geggeesse.*

<sup>13:1</sup> Waaqayyo ammas Museedhaan, <sup>2</sup> “Biyya Kana'aan isa ani Israa'elootaaf kennuuf jiru sana dhaqanii akka gaaddaniif, abboota gosaa keessaa geggeessituu tokko tokko ergi!” jedhe.

<sup>3</sup>Museen yommus akkuma abboommii Waaqayyootti Phaaraan lafa onaadhaa isaan in erge; hundumti isaanii dura-buutuu namoota Israa'el turan. <sup>25</sup> Isaan guyyaa afurtamaaf biyyicha gaadaa turanii in deebi'an. <sup>27</sup> Isaanis Museetti, “Nuyi biyya ati itti nu ergite sana dhaqneerra; inni biyya aannanii fi damma baasuu dha; ilaa, wanti inni baasu kunoo ti! <sup>28</sup> Garuu namoonni biyya sana keessa jiraatan jajjaboo dha; mandaroonni isaaniis masaraa qabu, baay'ee gurguddaa dhas; nuyi ijoollee Aanaaqis achitti argineerra.

<sup>30</sup> Yommus Kaaleb Musee duratti sabni kun calluma akka jedhu godhee, “Nuyi ol baanee biyyicha in qabanna; nuyi dhugumaan kana gochuu in dandeenya” jedhe. <sup>31</sup> Namoonni warri isaa wajjin ol ba'anii turan immoo, “Isaan nu caalaa jajjaboo waan ta'aniif, nuyi isaan rukutuu hin dandeenyu” jedhan. <sup>32</sup> Itti fufaniis “Biyyi nuyi dhaqnee gaadne sun, biyya, warra isa keessa jiraachuuf dhaqu fixuu dha; namoonni nuyi achitti argine hundinuus dhedheeroo dha. <sup>33</sup> Nuyi achitti namoota hojjaadhaa fi humnaan nama caalan ilmaan Aanaaq argineerra; nuyi ofuma keenyatti iyyuu qorophisa fakkaanne, isaan durattis akkasuma taane” jedhan.

<sup>14:1</sup> Halkan sana guutummaan waldaa sagalee isaa ol fudhatee iyee in boo'e. <sup>2</sup> "Uu! Uu! Nuyi biyya Gibxiitti yookiis as lafa onaa kana keessatti utuu dhumneerra ta'ee! <sup>3</sup> Waaqayyo maaliif billaadhaan akka dhumnuuf gara biyya kanaatti nu fide? Dubartoonni keenyaa fi ijoollonni keenya irbaata diinaa ta'uu irra, gara biyya Gibxiitti deebi'uu nuuf hin wayyuu ree?" jedhan. <sup>4</sup> Itti fufaniis, "Kottaa dura-butuu fo'annee gara biyya Gibxiitti deebinaa!" waliin jedhan.

<sup>5</sup> Yommus Museenii fi Aaron guutummaa walga'ii waldaa Israa'el duratti fuulaan lafatti gad in gombifaman. <sup>6</sup> Warra biyyicha gaadaa turan sana keessaa immoo Iyaasuu fi Kaaleb uffata isaanii of irratti tarsiisanii, <sup>7</sup> guutummaa waldaa Israa'eliin, "Biyyi inni nuyi keessa adeemnee gaadne biyya baay'ee gaarii dha. <sup>8</sup> Waaqayyo yoo nutti gammade biyya isa aannanii fi damma baasu kana nuuf kennee itti nu galcha. <sup>9</sup> Isin Waaqayyo irratti hin ka'inaa. <sup>10</sup> Guutummaan waldaa sanaas, "Dhagaadhaan isaan rukunna" jedhan;

Yommus ulfinni Waaqayyoo dunkaana itti wal ga'an keessaa Israa'eloota hundumaatti in mul'ate. <sup>11</sup> Waaqayyo yeroo sanatti Museedhaan, "Jarri kun hamma yoomiitti na tuffatu? Utuma ani isaan gidduutti milikkita garaa garaa argisiisaa jiruu, hamma yoomiitti anatti amanuu didu? <sup>12</sup> Ani dha'ichaan isaan nan rukuta isaan nan balleessas; siin immoo saba isaan caalaa guddaadhaa fi jabaa nan godha" jedhe. <sup>13</sup> Museen yommus Waaqayyoon, <sup>15</sup> "Ati saba kana si'uma tokkoon hunduma isaa yoo ajjeefte, sabni warri dur waa'ee kee dhaga'an, <sup>16</sup> 'Saba kana Waaqayyo biyya isaaf kennuudhaaf kakateefitti galchuu dadhabee lafa onaa keessatti fixe' in jedhu.

<sup>17</sup> "Yaa Waaqayyo ko, humni kee akka mul'atuuf amma sin kadhada; ati dur, <sup>18</sup> 'Ani Waaqayyo aariitti suuta-jedhaa dha, gaarummaan koo guddaa dha, cubbuu fi yakkaa fi irra-daddarbaa namaaf nan dhiisa; haa ta'u iyyuu malee, nama yakka qabu utuun hin adabin hin dhiisu;' jetteetta. <sup>19</sup> Ammas akka gaarummaa kee isa guddaatti, akkuma yeroo isaan biyya Gibxii ka'anii jalqabdee hamma ammaatti isaaniif obsitetti, jara kanaaf yakka isaanii akka dhiiftu sin kadhada!" jedhe.

<sup>20</sup> Waaqayyo deebisee, "Akkuma ati kadhattetti ani isaaniif dhiiseera; <sup>22</sup> namoota warra ulfina koo fi milikkita garaa garaa isa ani biyya Gibxii fi lafa onaa keessatti argisiise arganii anaaf abboomamuu didanii, si'a baay'ee ana qoran kana keessaa namni tokko illee, <sup>23</sup> biyya isa ani abboota isaaniitiif kennuudhaaf kakadheef sana raawwatee hin argu; warra ana tuffatan keessaa namni tokko illee raawwatee isa hin argu. <sup>31</sup> Ijoollee keessan warra isin:- Irbaata diinaa ta'u ittiin jettan sana garuu, biyya isa isin tuffattan sana akka isaan baran nan godha. <sup>34</sup> Akkuma guyyaa afurtama biyyicha gaaddan, akkasuma guyyaan tokko akka waggaa tokkootti lakkaa'amee waggaa afurtamaaf yakka keessaniif in rakkattu; yommus isin anaan mormuun maal akka fidu in bartu. <sup>38</sup> Namoota warra biyyicha gaaduu dhaqan keessaa Iyaasuu ilma Nunii fi Kaaleb ilma Yofunee duwwaatu hafe.

## **Isiraa'eloonni Laga Yordaanos Ce'an** Iya 1, 3, 4

*Seensa: Isiraa'eloonni waggaa afurtamaaf lafa onaa keessa turani; Museenis lafa kakuutiin akka isaan ga'uuf Iyaasuutti hojii isaa dabarsee kenne. Seenaan sagalee Waaqayyoo irraa ta'e kunooti.*

<sup>1:1</sup> Museen garbichi Waaqayyoo erga du'ee booddee, Waaqayyo kunoo, Iyaasuutti dubbate. <sup>2</sup> Inni, "Museen garbichi koo du'eera; egaa amma atii fi sabni kun hundinuu ka'aatii laga Yordaanos kana ce'aatii gara biyya isa ani saba Israa'eliif kennu sanaa dhaqaa! <sup>3:5</sup> Iyaasuun yommus jaraan, "Waaqayyo bor wanta dinqisiisaa isin gidduutti waan hojjetuuf, of qulleessaa!" jedhe.

<sup>14</sup>Yommuu sabni laga Yordaanos ce'uudhaaf iddoo buufataatii ka'an, luboonni sanduuqa kakuu baatanis isaan dura bu'anii in adeeman. <sup>15</sup>Luboonni warri sanduuqa kakuu baatan laga Yordaanos ga'anii, miilla isaanii hidhii bishaanichaa keessa akkuma kaa'aniin, <sup>16</sup>bishaanichi yaa'uu dhiisee in dhaabate; bishaanichi inni gad darbe gara galaana soogiddaatti yaa'u immoo raawwatee irraa in cite. <sup>17</sup>Yeroo Israa'eloonni hundinuu Yordaanos keessa lafa gogaa irra ce'aa turan, luboonni warri sanduuqa kakuu Waaqayyoo baatan immoo, hamma sabni sun guutummaatti Yordaanos keessa adeemee ce'utti, jabaatanii laga Yordaanos walakkaa lafa gogaa irra in dhaabatu turan.

<sup>4:1</sup>Waaqayyoo Iyaasuudhaan, <sup>2</sup>“Gosoota kana keessaa adda addaan nama tokko tokko fo'adhuutii nama kudha lama dhi'eessi! <sup>3</sup>Bishaan Yordaanos walakkaa dhaa dhagoota kudha lama fuudhaatii iddoo galgala kana bultan lafa naqaa!” jedhe.

<sup>15</sup>Waaqayyoo yommuu Iyaasuudhaan, <sup>16</sup>“Luboonni warri sanduuqa dhuga-baatu baatan bishaan Yordaanos keessaa akka ba'an abboomi!” jedhe. <sup>18</sup>Luboonni warri sanduuqa kakuu Waaqayyoo baatan Yordaanos keessaa ba'anii miilli isaanii lafa gogaa irra yommuu ejjete, bishaan Yordaanos iddoo isaatti deebi'ee akkuma isaa durii guutee manii isaa irra in danbali'e.

<sup>20</sup>Kana booddee Iyaasuun dhagoota kudha lamaan jarri Yordaanos keessaa fuudhan ol qajeelchee Giilgal keessa in dhaabe. <sup>21</sup>Inni Israa'elootaan, “Eger bor ijoolleen keessan, ‘Dhagoonni kun maali?’ jedhanii isin abboota isaanii yommuu gaafatan, <sup>22</sup>isin immoo, ‘Warri Israa'el Yordaanos kana lafa gogaa irra ce'an’ jettanii ijoollee keessanitti in himtu. <sup>23</sup>‘Waaqayyoo gooftaan keessan hamma nuyi ceenutti galaana diimaa fuula keenya duraa akkuma gogse akkasuma immoo hamma isin ceetanitti Yordaanosin fuula keessan duraa in gogse. <sup>24</sup>Sabni warri kaan hundinuu harki Waaqayyoo jabaa ta'uu isaa akka beekaniif isinis bara hundumaa Waaqayyoon gooftaa keessan akka sodaattaniif kana godhe’ jedhaa!” jedhe.

## **Yaarikoo Iya 6**

<sup>1</sup>Sababii Israa'elootaaf karri mandara Yerikoo jabaatee cufamee ture; namni isa keessaa gad hin ba'u, isattis ol hin galu ture. <sup>2</sup>Waaqayyoo yommuu Iyaasuudhaan, “Ilaa, ani Yerikoo mootii isaa fi loltoota isaa warra jajjaboo wajjin harka kee keessa buuseera. <sup>3</sup>Ati namoota mi'a lolaa hidhatanii wajjin mandaricha guyyaatti si'a tokko naanna'! Guyyaa ja'a akkuma kana godhi! <sup>4</sup>Luboonni torba fiinoo torba baatanii sanduuqa kakuu dura haa adeeman! Guyyaa torbaffaatti immoo luboota fiinoo afuufaa adeemanii wajjin mandaricha si'a torba naanna'aa! <sup>5</sup>Yommuu isaan utuu gargar hin kutin fiinoo afuufan, akkuma sagalee fiinoo dhageessaniin namoonni hundinuu guddisanii itti haa iyyan! Yommuu masaraan mandarichaa in jiga, namoonnis adda addaan irra yaa'anii qajeelanii ol itti in galu” jedhe.

<sup>6</sup>Kana irratti Iyaasuun luboota waamee, “Sanduuqa kakuu Waaqayyoo ol fudhadhaa! Luboonni torba fiinoo torba baatanii sanduuqicha dura haa adeeman!” isaaniin jedhe. <sup>7</sup>Jaraan immoo, “Ittuma fufaatii mandaricha naanna'aa, warri mi'a lolaa hidhatan sanduuqa kakuu Waaqayyoo dura haa darban! <sup>10</sup>Gaafa ani, ‘Iyyaa!’ jedhee isinitti himu iyyaa malee, amma hin iyyinaa, sagalee keessan hin dhageessisinaa! Dubbiin tokko illees afaan keessan keessaa hin ba'in!” jedhee, jara in abboome.

<sup>11</sup>Yommus inni, sanduuqi kakuu Waaqayyoo si'a tokko mandaricha naanna'ee akka waliin ga'u in godhe; kana booddee namoonni iddoo buufataatti deebi'anii achi bulan.

<sup>12</sup>Iyaasuun borumtaa ganama obboroodhaan in ka'e, luboonnis sanduuqa kakuu Waaqayyoo ol in fudhatan. <sup>13</sup>Luboonni torban warri fiinoo torba baatan utuu wal irraa hin kutin fiinoo afuufaa sanduuqa kakuu Waaqayyoo dura darban; namoonni warri kaan immoo sanduuqa kakuu booddeedhaan adeeman; <sup>14</sup>guyyaa ja'a akkuma kana godhan.<sup>15</sup>Isaan ammas guyyaa torbaffaatti ganama obboroodhaan akkuma duriitti ka'anii mandaricha si'a torba in naanna'an; <sup>16</sup>Si'a torbaffaa irratti yommuu luboonni fiinoo afuufan, Iyaasuun jaraan, "Waaqayyoo mandaricha isiniif kenneeraatii iyyaa!" <sup>19</sup>Garuu meetiinii fi warqeen, qodaan sibiilaa fi kan sibiila boorrajii hundinuu Waaqayyooof kan qullaa'an waan ta'aniif, iddoo qodaan Waaqayyoo taa'utti haa galfaman!" jedhe.

<sup>20</sup>Fiinoo in afuufame, jarris in iyyan; yeroo fiinoo afuufamee jarri iyyanitti, masaraan mandarichaa in jige; namoonnis adda addaan irra yaa'anii qajeelanii ol itti galanii mandaricha in qabatan. <sup>24</sup>Isaan yommuu meetiidhaa fi warqee, qodaa sibiilaa fi kan sibiila boorrajii duwwaa iddoo qodaan mana Waaqayyoo taa'u keessa kaa'an malee, mandarichaa fi wanta mandaricha keessa jiru hundumaa ibiddaan in guban. <sup>27</sup>Waaqayyos Iyaasuu wajjin ture, oduun isaas guutummaa biyyichaa in guute.

## **Daawwitii fi Gooliyaad 1Sam 17**

*Seensa: Erga Iyyaasuun du'ee waggaa baay'ee booda, namichi Saa'ol jedhamu mootii Isiraa'el ta'e. Yeroo kanatti loltoonni Filisxeem Isiraa'eloota wajjiin walloolaa turan. Seenaan sagalee Waaqayyoo irraa ta'e kunooti!*

<sup>1</sup>Baras Filisxeemonni loltoota isaanii lolaaf walitti qabatani. <sup>2</sup>Akkasumas Saa'olii fi namoonni Israa'el Filisxeemota loluudhaaf dhaqanii loltoota isaanii tarree in galfatan. <sup>4</sup>Yommus Goliyaad Gaatichi inni loltoota Filisxeemiif dubbatu tokko iddoo buufata isaanii keessaa as in ba'e; dheerinni hojjaa isaatii dhundhuma ja'aa fi taakkuu ture. <sup>8</sup>Goliyaad dhaabatee loltoota Israa'el warra tarree waraanaa irra jiraniin, "Maaliif loltoota tarree galfachuuf baatan? Ani Filisxeemicha miti moo? Isin immoo garboota Saa'ol mitii? Isin nama anatti as ba'u tokko fo'adhaa!" <sup>9</sup>Namichi ana lolee yoo na ajjeesuu danda'e, nuyi garba isiniif in taana; ani isa mo'ee yoon isa ajjeese garuu, isin garba keenya taatanii nuuf in hojjettu" jedhe. <sup>10</sup>Filisxeemichi itti fufee, " 'Har'a nama ana lolu tokko anaaf kennaa!' jedheetan isin loltoota Israa'el warra tarree waraanaa irra jirtanitti ga'isa!" jedhe. <sup>11</sup>Saa'olii fi Israa'eloonni hundinuu dubbii Filisxeemichi dubbate kana dhaga'anii, in na'an baay'isaniis in sodaatan.

<sup>14</sup>Daawit ijoollee Isey keessaa hundumaa booddee ture; <sup>15</sup>innis hoolota abbaa isaatii tiksuudhaaf Saa'ol biraa Betlihemitti in deebi'e.<sup>17</sup>Iseyis Daawit ilma isaatiin, "Maaloo, akaayii akka kiilo digdamii lamaan kanaa fi buddeena kurnan kana ariitiidhaan obboloota keetiif iddoo buufata isaaniitti geessi!" <sup>19</sup>Isaan Saa'olii fi namoota Israa'el hundumaa wajjin dachaa Elaa keessatti Filisxeemota lolaa jiru" jedhe. <sup>20</sup>Daawit yommuu hoolota tiksituutti kennee, wanta Isey isa abboome fudhatee ganama obboroodhaan ka'ee in adeeme; yeroo inni buufata loltootaa bira ga'etti, loltoonni Israa'el wacaa gara tarree waraanaatti in yaa'u turan. <sup>23</sup>Utuu inni obboloota isaa wajjin haasa'aa jiruu, Goliyaad akkuma amala isaatii Israa'elootatti utuu ga'isuu in dhaga'e. <sup>26</sup>Daawit immoo, "Inni loltoota Waaqayyoo isa jiraataatti ga'isu kun eenyu inni?" jedhee namoota isa bira dhaabatan in gaafate. <sup>31</sup>Dubbii Daawit dubbate warri dhaga'an Saa'olitti himnaan, inni achumaan, Daawitin ofitti in waamsise. <sup>32</sup>Daawit yeroo sanatti Saa'oliin, "Ani garbichi kee Filisxeemicha kana dhaqee nan lolaatii namni tokko illee garaa isaatti isa hin sodaatin!" jedhe. <sup>33</sup>Saa'ol yommuu Daawitiin, "Ati ijoollee dha," jedheen. <sup>34</sup>Daawit garuu Saa'oliin, <sup>36</sup>"Ani garbichi kee leencas amaaketas akkasitti ajjeeseera; akkasumas Filisxeemichi dhagna

hin qabatin kun loltoota Waaqayyo isa jiraataatti waan ga'iseef, bineensota kana keessaa akka isa tokkoo in ta'a" jedhe.

<sup>40</sup> Achumaanis ulee isaa fudhatee, dhagaa guggumee shan immoo lagaa funaanee korojoo isaatti naqatee, furrisa isaas fudhatee gara Filisxeemichaatti in dhi'aate. <sup>42</sup> Filisxeemichi ilaalee Daawitin dargaggeessa diimaa dhaaba tolu tokko yommuu arge in tuffate. <sup>44</sup> Innis, "Mee, gara kootti as adeemi! Amman foon kee allaattota waaqa keessa balali'anii fi bineensota caakkaatiif godhaa!" jedhe. <sup>45</sup> Daawit immoo Filisxeemichaan, "Ati illee billaa, eeboodhaa fi bodee keetiin anatti dhuftaa, ani garuu maqaa Waaqayyoo gooftaa maccaa, Waaqayyo loltoota Israa'el isa ati itti ga'ifte sanaan sitti nan dhufa; <sup>46</sup> har'a Waaqayyo harka koo keessa si buusa; ani si ajjeesee mataa kee si irraa nan kuta, reeffa loltoota Filisxeemis allaattota waaqa keessa balali'anii fi bineensota caakkaatiif nan godha; yommuus gooftichi Israa'elootaaf Waaqayyo isaanii akka ta'e guutummaan biyya lafaa in beeka." Jedheen.

<sup>48</sup> Yeroo Goliyaad Filisxeemichi ka'ee Daawititti adeemetti, Daawitis isa rukutuudhaaf ariitiidhaan gara tarree lolaatti Filisxeemichatti in fiige. <sup>49</sup> Achumaanis korojoo isaa harka kaa'ee, dhagaa fudhatee, darbatee adda Goliyaad in rukute; dhagichi adda isaa keessa badnaan, innis lafa dha'ee adda isaatiin gad in gombifame. <sup>51</sup> Kana booddee gara isaatti fiigee, irra dhaabatee billaadhuma Goliyaad mann'ee isaa keessaa luqqifatee, ittiin mataa isaa irraa in mure; warri Filisxeemis loltoon isaanii inni jabaan akka du'e yommuu argan fiiganii in baqatan. <sup>52</sup> Yommuus namoonni Israa'elii fi namoonni Yihudaa ka'anii dhaadachaa Filisxeemota in ari'an; Filisxeemonni warri waraanamanii madaa'anis kukkufanii in dhuman. <sup>53</sup> Israa'eloonni warra Filisxeem duukaa bu'anii ari'uu irraa yommuu deebi'an iddoo buufata isaanii immoo in saaman.

## **Daawwit Saa'oliin Ajjeesuu Dhiisuu Isaa 1Sam 24**

*Seensa: Daawwiti namoota baay'ee biratti yommuu beekamaa adeeme, Saa'olis itti hinaafee isa ajjeesuu barbaade.*

<sup>2</sup> Yommuus Saa'ol guutummaa Israa'el keessaa loltoota kuma sadii fudhatee, Daawitii fi namoota isaa barbaacha gara "Holqa dhagaa qelejje" isa jedhamu in dhaqe. <sup>3</sup> Saa'ol bakkee itti ba'uudhaaf gara holqichaatti ol in lixe; Daawitii fi namoonni isaa garuu holqicha keessa achi fagaatanii dhokatanii turan. <sup>4</sup> Namoonni isaa immoo Daawitiin, "Guyyichi inni Waaqayyo, 'Akka jaallatte akka gootuuf diina kee harka keetti dabarsee nan kenna' jedhee dubbatee ture, kunoo, in ga'e' jedhan; yommuus Daawit ka'ee suuta jedhee andaara uffata Saa'ol in kute. <sup>6</sup> namoota isaatiin, "Waaqayyo waan akkasii gooftaa koo isa Waaqayyo dibe irratti hojjechuu anattii haa fageessu! Isa Waaqayyotu dibe waan ta'eef, harka koo isa irratti ol hin fudhadhu" jedhe. <sup>7</sup> Daawit dubbii isaa kanaan namoota isaa in ittise; Saa'ol irratti akka ka'aniifis tole isaaniif hin jenne; Saa'ol yommuus ka'ee holqicha keessaa ba'ee karaa isaa irra bu'ee in adeeme.

<sup>8</sup> Ergasii Daawit ka'ee isa booddeedhaan holqicha keessaa ba'ee Saa'olin waamee, "Yaa mootii, yaa gooftaa ko!" jedhe; yommuu Saa'ol of booddee ilaalutti immoo, Daawit hamma lafa ga'utti gugguufee isaaf in qoomma'e. <sup>9</sup> Kana booddee Saa'oliin, "Isa namoonni, 'Kunoo, Daawit waan hamaa si irratti hojjechuu barbaada' jedhan maaliif dhageessa? <sup>10</sup> Har'a Waaqayyo attamitti holqa keessatti harka kootti dabarsee akka si kenne kunoo, iji kee iyyuu argeera; namoonni illee, 'Isa ajjeesi!' naan jedhaniiru, ani garuu siif oo'een, 'Isa Waaqayyotu dibee moosise waan ta'eef, ani gooftaa koo irratti harka koo ol hin fudhadhu' nan jedhe. <sup>11</sup> Ilaa, yaa abbaa ko, fiixee uffata keetii harka koo keessatti mee ilaali! Fiixee uffata keetii kuteen ture, siin garuu hin ajjeefne; ani hamaa si irratti hojjechuu yookiis sitti darbuu akkan hin barbaadin amma hubachuu, beekuus in dandeessa; ati illee lubbuu koo balleessuu barbaadde, ani garuu cubbuu si irratti hin hojjenne.

<sup>16</sup> Daawit kana dubbatee erga raawwatee, Saa'ol immoo, “Daawit ilma ko, kun sagalee kee tii?” jedhee gaafatee, sagalee isaa ol fudhatee in boo'e. <sup>17</sup> Itti fufees, “Ani hamaa si irratti hojjennaan, ati immoo wanta gaarii waan anaaf gooteef, ati ana caalaa qajeelaa dha. <sup>18</sup> Waaqayyo harka keetti na kenne, ati garuu ana hin ajjeefne; kana gochuu keetiin wanta gaarii akka anaaf goote har'a anatti mul'ifteetta. <sup>19</sup> Namni diina isaa argatee nagaadhaan gad dhiisaa ree? Wanta ati har'a anaaf goote kanaaf Waaqayyo gaarii siif haa deebisu! <sup>20</sup> Amma kunoo, ati dhuguma mo'uuf akka jirtu, mootummaan Israa'elis si harkatti jabaatee dhaabachuuf akka jiru nan beeka. <sup>21</sup> Sanyii koo akka hin balleessine yookiis maqaa koo maatii abbaa kootii keessaa akka hin dhidhimsine, amma maqaa Waaqayyootiin anaaf kakadhu!” jedheen. <sup>22</sup> Daawit kana irratti Saa'oliif erga kakatee, Saa'ol gara mana isaatti in gale; Daawitii fi namoonni isaa garuu gara iddoo masaraatti ol in ba'an.

## **Eliyaas 1Mot 18**

*Seensa: Bara Daawwiti booda mootiin gadhee maqaan isaa Ahaab jedhamu angoo qabate. Eliyaasis mootii kanaan mormuu dhaaf ergame. Seenaan sagalee Waaqayyoo irraa ta'e kunooti!*

<sup>17</sup> Ahaab yommuu Eliyaasin arge, “Edaa, sii inni Israa'elin rakkisu?” jedheen. <sup>18</sup> Eliyaas immoo deebiseefii, “Sii fi hortee abbaa keetiitu Ba'aal duukaa bu'ee abboommii Waaqayyoo dhiisuudhaan Israa'elitti rakkina fidde malee, ani rakkina itti hin fidne. <sup>19</sup> Egaa amma nama ergiitii Israa'eloota hundumaa, raajota Ba'aal dhibba afurii fi shantamman akkasumas raajota Asheeraa waaqayyittii tolfamtuu dhibba arfan warra maaddii lizaabel irraa nyaatan sana tulluu Qarmelos irratti walitti anaaf qabi!” jedhe. <sup>20</sup> Kana irratti Ahaab Israa'eloota hundumaatti nama ergee tulluu Qarmelos gubbaatti raajota sana walitti in qabsiise.

<sup>21</sup> Eliyaas yommuu namoota sana hundumaa duratti ba'ee, “Hamma yoomiitti yaadni keessan walaallammii ta'a? Gooftichi Israa'el Waaqayyoo dha yoo ta'e, isa duukaa bu'aa! Yookiis Ba'aaltu Waaqayyoo dha yoo ta'e, isa duukaa bu'aa!” isaaniin jedhe; jarri garuu waan tokko illee hin dubbanne.

<sup>22</sup> Yommuu Eliyaas namoota sanaan, “Raajota Waaqayyoo keessaa ana duwwaatu hafe, Ba'aal garuu raajota dhibba afurii fi shantama qaba. <sup>23</sup> Egaa tuntunoota lama nuuf dhi'eessaa, raajonni Ba'aal kun tuntunoo tokko fo'atanii haa qalan! Foon isaa immoo buusaa buusaatti kukkutanii qoraan irra haa naqan! Garuu ibidda itti hin qabsiisin! Ani immoo tuntunoo isa kaan qopheessee qoraan irra nan naqa, garuu ibidda itti hin qabsiisu. <sup>24</sup> Isaan waaqayyo isaanii maqaa dha'anii haa kadhatan, anis Waaqayyoon maqaa dha'ee nan kadhada; Waaqayyo inni ibidda erguu isaatiin deebii kennu inni dhuguma Waaqayyoo dha” jedhe; namoonni sun hundinuu deebisanii, “Dubbiin kun ba'eessa” jedhaniin.

<sup>26</sup> Isaan tuntunoo isaaniif kenname sana qalanii qopheessanii, “Yaa Ba'aal deebii nuuf kenni!” jedhanii ganamaa hamma waareetti Ba'aalin maqaa dha'anii in kadhatan; isaan ofumaa iddoo aarsaa isa ijaaran sanatti naanna'anii sirban malee, sagaleen hin turre; kan isaaniif deebii kennes hin argamne. <sup>27</sup> Gara sa'aatii ja'aa yommuu ta'e Eliyaas, “Inni waaqayyolii keessaa tokko; tarii yaadatu isa fudhatee sokke, yookiis hojiitu itti baay'ate, yookiis karaa adeemaa jira, yookiis immoo rafaa jira waan ta'eef, isa dammaqsuudhaaf guddisaatii iyyaa!” jedhee isaanitti in ga'ise. <sup>28</sup> Isaan sagalee guddaadhaan iyyanii, akkuma amala isaanii dhiigni isaanii hamma lola'utti billaadhaa fi eeboodhaan of in murmuran. <sup>29</sup> garuu sagaleen kan biraa hin turre, kan isaaniif deebii kenne hin argamne, namni yaadaan isaan qabes hin turre.

<sup>30</sup> Yommuu Eliyaas, “Amma immoo as gara koo kottaa!” jedhee jaratti in dubbate; jarris gara isaa in dhaqan; inni immoo iddoo itti Waaqayyoof aarsaa dhi'eessan isa diigamee ture deebisee in ijaare.



<sup>31</sup> Inni lakkoobsa gosa ilmaan Yaaqoob kudha lamaaniin dhagaa kudha lama walitti in qabate; Yaaqoob kun isa Waaqayyoo, “Maqaan kee Israa’el in jedhama” ittiin jedhee turee dha. <sup>32</sup> Dhagoota kanaan Waaqayyoo iddoo aarsaa in ijaare; iddoo aarsaa kanatti naannesse immoo boolla akka bishaan liitrii kudha shanii baachuu danda’u in qote. <sup>33</sup> Qoraan iddoo aarsaa sana irra naqee, tuntunoo qalame sana kukkutee qoraanicha irra in naqe; kana booddees, “Bishaan okkotee afur guutaatii qalmicha gubamuu fi qoraanicha irratti dhangalaasaa!” isaaniin jedhe. <sup>34</sup> Itti fufee, “Si’a lammaffaa akkuma ammaa kana godhaa!” isaaniin jedhe; isaanis si’a lammaffaa itti in dhangalaasan; inni immoo, “Si’a sadaffaa akkasuma godhaa!” jedhee in abboome; isaanis si’a sadaffaa akkasuma in godhan. <sup>35</sup> Bishaanichis gad yaa’ee boolla iddoo aarsaa sanatti naanneffamee qotame iyyuu in guute.

<sup>36</sup> Yeroo aarsaa galgalaatti, Eliyaas raajichi gara iddoo aarsaatti dhi’aatee, “Yaa Waaqayyoo gooftaa isa kan Abrahaam, kan Yisahaq, kan Yaaqoobis ati Waaqayyoo isa kan Israa’el akka taate, ani garbicha kee akkan ta’e, wanta kana hundumaas abboommii keetiin akkan godhe har’a akka beekamu godhi! <sup>37</sup> Jarri kun ati Waaqayyoo gooftaa akka taate, yaada isaanii gara ofii keetti deebisuuf akka jirtu akka beekanitti anaaf dhaga’i! Yaa Waaqayyoo, anaaf dhaga’i!” jedhee in kadhate. <sup>38</sup> Yommu ibiddi waaqa irraa bu’ee qalmicha gubamu, qoraanicha, dhagaa fi biyyoo gubee, bishaan boolicha keessa tures arraabee in gogse. <sup>39</sup> Jarri hundinuu kana yommuu argan, adda isaaniitiin gombifamanii sagalee guddaadhaan, “Gooftichi kun Waaqayyoo dha! Gooftichi kun Waaqayyoo dha!” jedhan.

#### **Dhadhaa Ejersaa Haadha Hiyyeessaa 2Mot 4:1-7**

*Seensa: Eliyaas yommuu gara waaqaatti ol butamuudhaaf jedhu, aboo hojii isa irra ture gara Elsaa’i raajichatti dabarse. Seenaan dubbii Waaqayyoo irraa ta’e akka kanatti dhiyaata.*

<sup>1</sup> Baras dubartoota raajotaa keessaa tokko gara Elsaa’i dhaqxee, “Abbaan manaa koo, garbichi kee in du’e; inni Waaqayyoon akka sodaatu ati iyyuu beekta; amma garuu namni gatii isa irraa qabu tokko, ijoollee koo lamaan fudhatee garba godhachuuf dhufeera” jettee in iyyatte. <sup>2</sup> Elsaa’in deebisee, “Attamitti si gargaaru ree? Wanta mana kee keessaa qabdu anatti himi!” jedheen; isheen immoo, “Ani garbittiin kee dhadhaa ejersaa cuggee xinnoo tokko duwwaa malee, waan tokko illee mana koo keessaa hin qabu” jette. <sup>3</sup> Inni immoo, “Ganda dhaqiiitii olloota kee hundumaa biraa qodaa duwwaa muraasa utuu hin ta’iin baay’isii ergifadhu! 4 Kana booddee deebi’iitii ilmaan kee wajjiin manatti ol galii balbala cufadhuutii dhadhicha ejersaa sana qodicha hundumaatti naqi, yommuu inni guutu immoo jalaa fuudhii kaa’i” jedhe. <sup>5</sup> isheen isa biraa yommuu deebite ilmaan ishee wajjiin manatti galtee, balbala in cufatte; ilmaan ishee qodicha in dhidhiyeessuuf, isheen immoo dhadhicha ejersaa itti in naqxi turte. <sup>6</sup> Qodaawwan sun hundinuu yommuu gugguutaman ilma isheetiin, “Qodaa duwwaa kan biraa anaaf fidi!” jette; inni immoo, “Qodaa kan biraa duwwaan hin hafne” jedheen; yommu dhadhichi ejersaa sun yaa’uu hin dhiise. <sup>7</sup> Isheen kana irratti nama Waaqayyoo sanatti in himte; inni immoo, “Dhaqiiitii dhadhicha ejersaa gurgurii liqii kee baafadhu, isa irraa hafeen immoo atii fi ilmaan kee jiraachuu in dandeessu” jedhe.

## Na'aaman 2Mot 5:1-19

*Seensa: Dhukkubni Lamxiin dhibee Gogaati.*

<sup>1</sup> Baras “Na'amaan” kan jedhamu tokko abbaa duulaa mootii Sooriyaa ture; sababii Waaqayyo karaa isaa Sooriyaadhaaf mo'icha kenneef, inni gooftaa isaa duratti nama guddaa, ulfina-qabeessaa fi loltuu jabaa ture; garuu dhukkuba lamxii qaba ture.

<sup>2</sup> Kutanni loltoota Sooriyaa biyya Israa'el rukutanii yeroo saamanitti xomboree xinnoo tokko booji'anii turan; xomboreettiin haadha manaa Na'amaaniif in kennamte. <sup>3</sup> Gaaf tokko xomboreettiin giiftii isheetiin, “Gooftaan koo gara raajicha isa Samaariyaa jiru utuu dhaqee, raajichi dhukkuba lamxii isaattii isa in fayyisa ture” jette.

<sup>4</sup> Yommu Na'amaan ol lixee, waan xomboreen biyya Israa'el jette gooftaa isaa mootichatti in hime. <sup>5</sup> Mootiin Sooriyaas, “Ani mootii Israa'eliif caaffata nan ergaa, ati amma ka'ii dhaqi!” jedheen; yommu Na'amaan meetii akka kiilo graamii dhibba sadii fi afurtamaa miijanu, warqee akka kiilo graamii torbaatamaa miijanuu fi uffata manaa guutuu kudhan harkatti qabatee in adeeme. <sup>6</sup> Caaffanni inni gara mootii Israa'elitti fides, “Kunoo, ani hojjetaa koo Na'amaanin dhukkuba lamxii isaattii akka isa fayyiftuuf caaffata kana itti kennee gara keetti ergeera” kan jedhu ture.

<sup>7</sup> Mootiin Israa'el caaffaticha yeroo dubbise, aaree uffata isaa tarsaasee, “Ani Waaqayyoo dha moo? Ani ajjeesuu, deebisee jiraachisuu nan danda'aa ree? Namichi kun maaliif akkan isa fayyisuuf nama dhukkuba lamxii qabu anatti erga? Akka inni dubbii anatti barbaadu argituu?” jedhe.

<sup>8</sup> Mootiin Israa'el aaree uffata isaa akka tarsaase Elsa'in namni Waaqayyoo yommuu dhaga'e, “Maaliif aartee uffata kee tarsaafte? Israa'el keessa raajin akka jiru akka inni barutti namicha gara kootti ergi!” jedhee itti in dhaame. <sup>9</sup> Yommu Na'amaan fardeen isaa fi konkolaataa isaa fudhatee dhaqee, balbala mana Elsa'i dura in dhaabate. <sup>10</sup> Elsa'in nama itti ergee, “Dhaqii laga Yordaanositti si'a torba dhiqadhu, foon kee deebi'ee in marga atis in qulloofta” jedheen.

<sup>11</sup> Na'amaan garuu aaree, “Kunoo, inni dhugaadhumaan anatti gad ba'ee, dhaabatee maqaa Waaqayyo gooftaa isaa dha'ee, harka isaa lamxicha irra naannessee, dhukkuba lamxii kootii fayyisan se'e; <sup>12</sup> lagoonni Damaasqoo Abaanaa fi Farphar bishaan laga Israa'el hundumaa irra in wayyu mitii ree? Anis isaanitti dhiqadhee hin qullaa'uun turee ree?” jedhee aaree deebi'ee in sokke.

<sup>13</sup> Hojjetoonni isaa garuu gara isaatti dhi'aatanii, “Yaa abbayyee, amma utuu raajichi waanuma guddaa tokko ‘Hojjedhu!’ siin jedhee iyyuu in hojjetta mitii? Egaa yoos ‘Dhiqadhuutii qullaa'!’ siin jechuun isaa hammam haa salphatu ree?” jedhaniin. <sup>14</sup> Kana irratti inni gad bu'ee, akkuma namni Waaqayyoo sun isatti himee turetti, Yordaanositti si'a torba in cuuphate; dhagni isaas deebi'ee qullaa'ee akka dhagna ijoollee xixinnoo ta'e

<sup>15</sup> Na'amaan namoota isa duukaa adeeman hundumaa wajjin gara nama Waaqayyootti deebi'ee, “Kunoo, Waaqayyo guutummaa biyya lafaa keessaa biyya Israa'el keessa duwwaa malee, iddoo tokko illee akka hin jirre ani amma nan beeka; hadaraa harka-fuudhaa kana ana garbicha kee harkaa fudhadhu!” jedhe.

<sup>16</sup> Raajichi garuu, “Dhugaa Waaqayyo isa jiraataa, isa ani hojjedhuufii ti, ani waan tokko iyyuu hin fudhadhu” jedhe; Na'amaan akka inni fudhatuuf yoo isa giddisiise iyyuu, inni fudhachuu in dide.

<sup>17</sup> Ammoo Na'amaan, “Kennaa kana yoo fudhachuu didde iyyuu, ani Waaqayyo duwwaadhaaf malee, waaqayyolii biraatiif qalma gubamu, aarsaas deebi'ee waanan hin dhi'eessineef, hadaraa biyyoon fe'iisi harree lamaa ana garbicha keetiif haa kennamu!” jedhe.

<sup>19</sup> Elsa'in, “Nagaadhaan dhaqi!” jedheen

### **Qara Qottichaa- 2Mot 6:1-7**

<sup>1</sup> Kutanni raajotaa gaaf tokko Elsa'iidhaan, “Kunoo, iddoon nu'i si duratti itti wal geenyu bay'ee waan nutty dhiphateef, <sup>2</sup> hadaraa tokkon tokkon keenya gara Yordaanos dhaqnee, dhaabaa murree mana itti wal geenyu akka ijaarrannuuf tole nuuf jedhi!” jedhan; innis, “Dhaqaa! isaaniin jedhe. <sup>3</sup> Isaan keessaa inni tokko, “Hadaraa atis immoo nuyi garboota kee wajjiin hin dhaqxuu? “ jedhe; inni immoo deebisee, “Nan dhaqa” jedhee, <sup>4</sup> isaanii wajjiin in dhaqe; yommus isaan Yordaanos dhaqanii mukkeetii murmuruu in jalqaban. <sup>5</sup> Isaan keessaa tokko muka muruutti utuu jiruu, qarri qottoo ittii buqqa'ee bishaan keessa duraa in bu'e; yommus iyyee, “ Wayyoo kaa yaa gooftaa ko! Kanaa immoo qottoo ergisaa ti” jedhe. <sup>6</sup> Namni Waaqayyoo immoo, “Qixa kamiin keessa bu'e?” jedhee in gaafate; namichi qixa isaa isatti argisiifnaan, inni immoo muka cabsee bishaanichatti darbatee, bishaanichi qotticha ol baasee ofirratti akka baatu in godhe. <sup>7</sup> Namichaanis, “Fudhadhu! “ jedhe; yommus namichi hiixatee in fudhate.

### **Yonaas 1,2,3,4,**

### ***Seensa: Bara Yonaas keessa Naanawween magaalaa guddoo Sooriyaa ishee diina biyya Isiraa'el turteeti.***

<sup>1</sup> Gaaf tokko dubbiin Waaqayyoo gara Yonaas dhufee, <sup>2</sup> “Ka'ii, gara Nanawwee mandara guddittii dhaqi! Hamminni namoota ishee guddatee na bira waan ga'eef, irratti labsi!” jedhe. <sup>3</sup> Yonaas garuu isa dhiisee, fuula Waaqayyoo duraa mandara Tarshiishitti baqachuudhaaf ka'e; mandara Yopheetti gad bu'ee markaba Tarshiish dhaqu argatee keessa in lixe. <sup>4</sup> Yommus Waaqayyoo qilleensa jabaa galaanichatti kaase; bubbeen humna-qabeessis galaanichatti waan ka'eef markabichi caccabuu bira ga'e. <sup>8</sup> Kana irratti isaan, “Wanti hamaan kun sababii eenyuuf nu irra ga'e? Hojiin kee maali? Eessaa dhufte? Biyyi kee eessa? Sanyiin kee maali? Nutti himi!” ittiin jedhan. <sup>9</sup> Inni immoo, “Ani Ibricha; Waaqayyoon isa gooftaa ta'ee waaqa irra jiraatu, isa galaanaa fi lafa uume nan waaqeffadha” jedhee, isaaniif deebise. <sup>10</sup> Inni waa'ee ofii isaa waan isaanitti himeef, jarri fuula Waaqayyoo duraa baqachaa akka inni jiru in hubatan; kanaaf isaan guddaa sodaatani.

<sup>12</sup> Kana irratti Yonaas, “Fuudhaatii galaanicha keessa na buusaa! Yoos galaanichi isin irraa gab in jedha; bubbeen humna-qabeessi isinitti ka'e kunis sababii kootiif ta'uu isaa anoo beekeera” isaaniin jedhe. <sup>15</sup> Yonaasin immoo fuudhanii galaanicha keessa buusan; galaanichis hunkuramuu isaa isa sodaachisaa in dhaabe. <sup>2:1</sup> Waaqayyoo yeroo sanatti, qurxummiin guddaan tokko achitti argamee, Yonaasin akka liqimsu godhe; akkasitti Yonaas garaa qurxummichaa keessa guyyaa sadii fi halkan sadii ture.

<sup>2</sup> Yonaas immoo garaa qurxummichaa keessaa Waaqayyoo isaa goofticha in kadhate; <sup>3</sup> “Yaa Waaqayyoo, ani rakkina koo keessatti si nan waammadhe, ati yommus ana jalaa in owwaatte; garaa iddoo lafa jalaa

keessaa sitti nan iyyadhe, ati immoo sagalee koo anaaf in dhageesse. <sup>4</sup> Bishaan humnaan lola'us ana marsee ture, dha'aan kee fi tuulamee darbatamuun bishaan keetii hundinuu ana irra in yaa'an. <sup>8</sup> Yeroo lubbuun koo na keessatti gaggabdetti, yaa Waaqayyo ko, ani sin yaadadhe; kadhanni koos mana kee isa qulqullaa'aa keessatti gara kee anaaf in dhufe. fayyisuun kan Waaqayyoo ti!" jedhe. <sup>11</sup> Ergasii Waaqayyo qurxummichatti in dubbate, inni immoo gara lafa gogaatti baasee Yoonasin ol deebise.

<sup>3:1</sup> Ergasii dubbiin Waaqayyoo si'a lammaffaa gara Yoonas dhufee, <sup>2</sup> "Ka'ii, gara Nanawwee mandara guddittii dhaqi, wanta ani akka ati labsituuf sitti himus irratti labsi!" jedhe. <sup>3</sup> Kana irratti Yoonas akkuma Waaqayyo isatti himetti ka'ee gara Nanawwee dhaqe; Nanawween mandara baay'ee guddoo turte. <sup>4</sup> Yoonas "Nanawween gara gaggaluudhaaf guyyaa afurtama duwwaatu hafe!" jedhee labse. <sup>5</sup> Warri Nanawwee dhaamsa Waaqayyoo kana amananii fudhatan; gurguddaan, xixinnaanis akka soomaniif labsanii, uffata gaddaas in uffatan.

<sup>7</sup> Achumaan mootichi guutummaa mandara Nanawweetti labsiin akka labsamu godhe; labsiin ba'e sunis, "Namni, sa'i, bushaayeen, horiin qe'ee warri kaanis, waa afaaniin hin qabin, marga hin dheedin, bishaan iyyuu hin dhugin!" <sup>8</sup> Namni adduma addaan karaa isaa isa hamaa irraa, irree isaa nama irratti argisiisuu irraas haa deebi'u! <sup>9</sup> Waaqayyo isa fiduuf yaade dhiisee in deebisa ta'a, maaltu beeka? Akka nuyi hin badnettis aarii isaa isa finiinaa irraa in deebi'a ta'a" kan jedhu ture. <sup>10</sup> Waaqayyo kana gochuu isaanii, karaa isaanii isa hamaa irraa deebi'uu isaanii in arge; kanaaf inni wanta hamaa isaanitti fiduudhaaf dubbate sana in dhiise, irrattis hin fidne. <sup>4:1</sup> Yoonas waa'ee kanaaf baay'ee dallanee, aaree in boba'es; <sup>2</sup> yommuus inni Waaqayyoon kadhatee, "Maaloo yaa gooftaa, utuun biyya kootii hin ka'in, inni ani sodaadhe isuma kana mitii ree? Ati Waaqayyo araara-qabeessa, oo'a-qabeessa, aariitti suuta-jedhaa dha, gaarummaan kee baay'ee dha, wanta hamaa fiduuf jettees in dhiifta. <sup>3</sup> Amma immoo yaa Waaqayyo, ani jiraachuu irra du'uu anaaf wayya, hadaraa lubbuu koo ana keessaa fuudhi!" jedhe.

<sup>4</sup> Waaqayyo immoo deebisee, "Ati aaruun siif in ta'aa ree?" jedheen.

<sup>5</sup> Yommuus Yoonas mandaricha keessaa ba'ee, mandaricha irraa gara ba'a-biiftuutti goree taa'e; achitti godoo baalaa walitti qabatee, wanta mandarattiitti dhufu hamma argutti gaaddisa isaa jala taa'e. <sup>6</sup> Yommuus Waaqayyo gooftaan biqiltuun akka qobboo biqilee, gaaddisa isaa mataa Yoonas irra buufatee dallansuu isaa akka itti fooyyeessuuf godhe; Yoonas immoo biqiltuu sanatti baay'isee in gammade. <sup>7</sup> Borumtaa garuu yeroo boruun baqaqutti Waaqayyo, raammoon tokko biqiltuu akka qobboo sana akka ciniintu in godhe; biqiltuun sunis in goge; <sup>8</sup> yeroo aduun baatetti immoo Waaqayyo, qilleensi ba'a-biiftuu inni gubaan akka isatti qilleensa'u in godhe; aduunis hamma Yoonas gaggabutti mataa isaa waraane; yommuus inni, "Jiraachuu irra du'uu anaaf wayya" jedhee du'uu in hawwe.

<sup>9</sup> Waaqayyo ergasii Yoonasiin, "Ati waa'ee biqiltuu sanaaf aaru in tolchitee?" jedhe; inni immoo, "Ani hamma du'aatti aaruuf iyyuu nan tolche" jedhee deebiseef. <sup>10</sup> Waaqayyo garuu, "Ati biqiltuu waan tokko itti hin dadbabiniif, isa hin guddisiniif, isa halkan tokkotti ba'ee halkanuma tokkotti immoo badeef in gadditaa; <sup>11</sup> mandara Nanawwee keessa namoota kumaatama dhibba tokkoo fi kuma digdama irra caalanii fi horii qe'ee baay'eetu jiraata; namoonni ishee keessa jiraatan sun warra bitaa fi mirga iyyuu gargar baasuu hin dandeenyee dha; egaa ani immoo mandara guddittii namoonnii fi horiin hammasii keessa jiraatan kanaaf garaan ana hin jibbuu ree?" jedhe.

## Daani'el Dan 1, 2

*Seensa: Utuma Waaqayyo isaan akeekkachiisuu Sabni Isiraa'el waaqa tolfamaa waaqessuu itti fufan, kanaaf Waaqayyo harka mooticha Baabiloon Nabukeedinaazaritti dabarsee garbummaatti isaan kenne.*

<sup>1:1</sup>Nebukadnezaar mootiin biyya Baabilon dhufee mandara Yerusaaalem in marse. <sup>2</sup>Waaqayyo gooftaan yommus mootii biyya Yihudaa, qodaa mana qulqullummaa keessaas gar tokko harka mootii Baabilonitti akka kennamu in godhe; mootiin Baabilonis warra booji'e mana waaqayyolii isaatti isaan galche. <sup>3</sup>Mootichi yommus dargaggoota Israa'elii booji'aman warra sanyii moototaa fi gurguddootaa ta'an keessaa akka dhi'eeffam taasise. <sup>6</sup>Isaan gidduutti warra Yihudaa keessaa kan argaman Daani'el, Hanaaniyaa, Miishaa'elii fi Azaariyaa turan.

<sup>2:1</sup>Bara mootummaa Nebukadnezaar waggaa lammaffaatti, mootichi ofii isaatii abjuu abju'ate; kana irratti yaadni isaa baay'ee waan raafameef, hirribni isa irraa in bade. <sup>2</sup>Mootichi kana booddee warri ayyaana hedan, beekaa warri jedhaman, warri qoricha namatti godhan akkasumas Kaldoota keessaa warri dubbii dhokataa hiikuutti beekaman waamamanii abjuu isaa akka itti himan in abboome; <sup>4</sup>Yommus warri dubbii dhokataa hiikuutti beekaman mootichaan, "Yaa mootii, bara baraan jiraadhu! Abjuu kee nu garboota keetti himi, nuyi immoo hiikaa isaa sitti in beeksifnaa!" jedhan.

<sup>5</sup>Mootichi immoo deebisee "Isin abjichaa fi hiikaa isaa yoo anatti beeksisuu dhabaattan, harki keessanii fi miilli keessan akka isin irraa ciramu nan godha" jedhan. <sup>10</sup>Yommus warri dubbii dhokataa hiikuutti beekaman mootichaaf deebisanii, "Biyya lafaa kana keessaa namni wanta mootichi barbaade beeksisuu danda'u tokko illee hin jiru; kanaan duras mootiin guddaan, namni biyya seerrates dubbii akkasii kan gaafate hin turre. <sup>12</sup>Kana irratti mootichi baay'ee aaree boba'ee, beektonni biyya Baabilon hundinuu akka balleeffaman ajaje. <sup>16</sup>Kana irratti Daani'el gara mootichaatti ol galee, deebi'ee hiikaa abjuu isaa mootichatti akka himuuf yeroo akka inni isaaf kennuuf in kadhate.

<sup>17</sup>Kana booddee Daani'el mana isaatti galee dubbicha hiriyoota isaa Hanaaniyaa, Miishaa'elii fi Azaariyaatti beeksise. <sup>18</sup>Yommus inni waa'ee dhoksa dubbii kanaaf, Daani'elii fi hiriyoonna isaa beektota Baabilon warra kaanii wajjin akka hin balleeffamnetti araara Waaqayyo isa waaqa irraa akka kadhataniif itti hime. <sup>19</sup>Ergasii dubbiin dhokataan sun mul'ata halkaniitti Daani'elitti in mul'ifame; yommus Daani'el maqaa Waaqayyo isa waaqa irraa in eebbise;

<sup>24</sup>Ergasii Daani'el ol galee, "Beektota Baabilon hin balleessin, gara mootichaatti ol na galchi, ani immoo hiikaa abjuu isaa mootichatti nan hima!" jedheen. <sup>25</sup>Yommus Waardiyyichi dafee Daani'elin mooticha biratti ol galchee,

<sup>26</sup>Kana irratti mootichi, Daani'eliin, "Ati abjuu ani arge hiikaa isaas anatti beeksisuu in dandeessaa?" jedhe. <sup>27</sup>Daani'el immoo deebisee, "Dhoksa mootichi gaafate kana, ogeessonni, beekaa warri jedhaman, warri ayyaana hedan, warri urjii ilaalanii namaaf himanis danda'anii mootiitti hin beeksisan; <sup>28</sup>garuu inni wanta dhokatanii jiran mul'isu tokko bantii waaqaa keessa jira, inni immoo Waaqayyoo dha; inni wanta bara booddeetti ta'uuf jiru Nebukadnezaar mootichatti beeksiseera; <sup>29</sup>Yaa mootii, ati siree kee irra utuu ciiftuu, <sup>31</sup>abjuudhaan fakkeenya bifa nama guddaa tokkoo argite; fakkeenya bifichaa ol dheeraa, baay'ee calaqqisaa, ilaaluun isaas sodaachisaa ture; <sup>32</sup>mataan fakkeenya warqee ba'eessa isaa irraa, qomni isaa fi harki isaa lamaan meetii irraa, garaan isaa fi mudhiin isaa sibiila diimaa irraa, <sup>33</sup>gudeedi isaa sibiila irraa, jilbii isaatii gad gar tokko sibiila irraa gar kaan immoo suphee irraa kan hojjetame ture. <sup>34</sup>Utuma ati ilaaltuu, dhagaan utuu harki namaa itti hin bu'in fottoqee dhufee, jilba fakkeenya warqee gad isa sibiilaa fi suphee sana rukute caccabse. <sup>35</sup>Achumaan sibiilichi, suphichi, sibiilichi

diimtichi, meetichi, warqichis caccabee hurraa'ee, akka habaqii bonaa isa lafa oobdii midhaanii ta'e; hurraan isaa tokko illee akka hin hafnettis qilleensi isa fudhatee sokke; dhagichi inni fakkeeniyicha rukute garuu tulluu guddaa ta'ee biyya lafaa guute.

<sup>37</sup>Yaa mootii, ati mootota warra kaan irratti mootii dha, Waaqayyo inni waaqa irraa mootummaa, humna, jabina, ulfinas siif in kenne. <sup>38</sup>Egaa mataan fakkeeniyichaa inni warqeen sun si. <sup>39</sup>“Si booddeedhaan mootummaan kan keetii gadii in ka'a, sadaffaan inni sibiila diimaatti fakkeeffame tokkos lafa hundumaa in seerrata. <sup>40</sup>Mootummaan afuraffaan tokkos inni akka sibiilaa jabaatu as in ba'a; akkuma sibiilli waan hundumaa caccabsee hurreessu, egaa akkuma sibiilli waan halle hunkuteessu, innis isaan kana hundumaa caccabsee in hunkuteessa. <sup>43</sup>Akkuma sibiilli suphee wajjin walitti makame wal hin fudhanne, isaanis walii wajjin hin hafan. <sup>44</sup>“Bara mootota sanaatti Waaqayyo inni waaqa irraa mootummaa deebi'ee matumaa hin badne, isa mo'ichi isaas saba biraatti hin darbine dhaabuuf jira; inni mootummoota sana hundumaa caccabsee in hurreessa, badduus isaan in baasa; ofii isaatii immoo bara baraan jabaatee in dhaabata.

<sup>46</sup>Yommus Nebukadnezaar mootichi adda isaatiin gad gombifamee Daani'eliif sagade; ka'ees aarsaanii fi ixaanni akka isaaf dhi'eeffamuuf in abboome; <sup>47</sup>mootichis Daani'eliin, “Erga ati dhokkaa kana mul'isuu dandeesse, ‘Waaqayyo keessan dhuguma waaqayyolii irratti Waaqayyoo dha, mootota irrattis gooftaa dha, wanta dhokataa hundumaas isa mul'isuu dha’” jedhe. <sup>48</sup>Kana booddee mootichi Daani'elin kutaa biyyaa isa Baabilon jedhamuu irratti bulchaa biyyaa isa godhe.

## **Daani'el Bool'a Leencotaa Keessatti Dan 6**

*Seensa: Erga Nabukeedinaazar du'ee, namichi warra Miidoon Daariyoos biyyicha irratti mootii ta'e. Seenichis kunooti.*

<sup>6:1</sup>Daariyos mootichi kutaa mootummaa isaa hundumaa akka bulchaniif, namoota dhibbaa fi digdama hojii mootummaa irra dhaabuu in jaallate; <sup>2</sup>isaan keessaas tokko Daani'el ture. <sup>3</sup>Daani'el kun hafuura hundumaa irra caalu waan qabuuf, hundumaas caalee argame; kanaafis mootichi guutummaa mootummaa isaa irra isa dhaabuu yaade. <sup>4</sup>Yommus warri mataa ta'an sunii fi warri kutaa mootummaa bulchan, dubbii mootummicha ilaalu keessatti karaa ittiin Daani'el irratti ka'an barbaaddatan; garuu inni amanamaa waan tureef, wanti inni irraa kaate yookiis balleesse tokko illee irratti hin argamne; kanaaf jarri balleessaa ittiin isa irratti ka'an, karaas hin arganne.

<sup>5</sup>Kana irratti jarri kun, “Karaa wanta seera Waaqayyo isaa ilaalu yoo barbaanne malee, nuyi karaa ittiin Daani'el kana irratti kaanu hin argannu!” waliin jedhan. <sup>6</sup>Egaa warri mataa ta'anii fi warri kutaa mootummaa bulchan kun wal ga'anii gara mootichaa dhaqanii, “Yaa Daariyos mootii, bara baraan jiraadhu! <sup>7</sup>Ati mootichi, namni hamma guyyaa soddomaatti gara kee duwwaatti malee, gara Waaqayyo tokkootti yookiis gara namaatti kadhata tokko illee dhi'eesse, boolla leencotaa keessa akka buufamuuf abboommii dhaabataa baafttee isa ittifame kanas cimsitee hojii irra akka oolchituuf, warri mata-dureen mootummichaa, warri mataa kutaa hojii irra jiran, warri kutaa biyyaa bulchan, gurguddoonni mana mootichaa, abboonni biyyaas hundinuu waliif galaniiru. <sup>8</sup>Ammas yaa mootii, ittisa kana cimsi, akka seera Medoonii fi Faares isa kaafamuu hin dandeenyeetti, akka inni hin geddaramneef caaffata isaatti milikkita godhi!” jedhan.

<sup>9</sup>Kanaafis Daariyos mootichi caaffatichaa fi ittisa sanatti milikkita in godhe. <sup>10</sup>Yommus Daani'el caaffatichatti milikkinni akka godhame beekke, gara mana isaatti, mana isaa keessaas gara kutaa isa

mana irraatti, isa qaawwi isaa gara Yerusaalemitti garagalee banamee jirutti ol ba'e; akkuma dur guyyaatti si'a sadii gochaa tures Waaqayyo isaa dura jilbeenfatee in kadhate, galatas isaaf in galche.<sup>11</sup>Yeroo sanatti namoonni sun wal ga'anii dhufanii, Daani'el utuu kadhatuu Waaqayyo isaa biraas araara utuu gaafatuu argatan.<sup>12</sup>Achumaanis mooticha duratti dhi'aatanii waa'ee ittisa isa biraa ba'e sanaaf, "Yaa mootii, namni guyyaa soddoma kana keessatti gara kee duwwaatti malee, gara Waaqayyo tokkootti yookiis gara namaatti kadhata tokko illee dhi'eesse, boolla leencotaa keessa akka buufamuuf ittisa ba'etti milikkita gooteetta mitii?" jedhan; mootichi immoo deebisee, "Dubbichi akkuma seera Medoonii fi Faares isa hin kaafamne sanaa, jabaatee in dhaabata" jedhe.

<sup>13</sup>Yommus isaan mootichaan, "Daani'el inni warra biyya Yihudaatii booji'aman keessaa sun, abboommii kee, ittisa ati milikkita itti gootes hin ulfeessu, yaa mootii! Kadhata isaas guyyaatti si'a sadii in dhi'eeffata" jedhan.<sup>14</sup>Mootichi kana yommuu dhaga'e baay'ee in jibbe; yaada isaa Daani'elin oolchuu irra kaa'atee, hamma biiftuun lixuttis karaa ittiin isa baasuu barbaaduutti in dhama'e.<sup>15</sup>Kana irratti namoonni sun wal ga'anii gara mootichaa dhufanii mootichaan, "Akka seera Medoonii fi Faaresitti, ittisi yookiis abboommiin dhaabataan mootichi baasu tokko geddaramuu akka hin dandeenye beeki, yaa mootii!" jedhan.<sup>16</sup>Kana irratti mootichi abboomnaan Daani'elin fidanii boolla leencotaa keessa in buusan; mootichis Daani'eliin, "Waaqayyo kee inni ati ittuma fuftee waaqessitu si haa oolchu!" jedhe.<sup>17</sup>Dhagaan tokkos fidamee afaan boollichaa irra kaa'amee, waa'ee Daani'eliif wanti tokko illee akka hin geddaramnettis, mootichi mallattoo ofii isaatiin mallattoo gurguddoota isaatiinis dhagicha irratti in mallateesse.

<sup>18</sup>Kana booddee mootichi gara mana mootummaa isaatti in deebi'e, halkan sanas nyaanni, wanti biraa kan isa dagachiisus itti hin dhi'aanne, hirribnis ija isaa irraa in baqate.<sup>19</sup>Ganama akkuma lafti bari'een mootichi ka'ee ariitiidhaan gara boolla leencotaa dhaqe;<sup>20</sup>gara boollicha isa Daani'el keessa turetti yommuu dhi'aate immoo, sagalee yaaddootiin, "Yaa Daani'el, hojjetaa Waaqayyo jiraataa, Waaqayyo kee inni ati ittuma fuftee waaqessitu, afaan leencotaa keessaa si oolchuu danda'eeraa?" jedhee guddisee gaafate.<sup>21</sup>Daani'el immoo deebisee mootichaan, "Yaa mootii, bara baraan jiraadhu!<sup>22</sup>Waaqayyo koo ergamaa isaa ergee afaan leencotaa cufsiise, kanaaf isaan ana hin miine; anoo isa duratti mudaa malee nan argame, si durattis yaa mootii, dabaa hin hojjenne" jedhe.

<sup>23</sup>Ooluu isaatiif mootichi baay'ee gammadee, Daani'el boollicha keessaa akka ol baafamu abboome; kana irratti Daani'el boollicha keessaa ol baafame; Waaqayyo isaa amanatee waan tureefis, miidhamni tokko illee isa irratti hin argamne.<sup>24</sup>Mootichi abboomnaan warra Daani'elin hamatan sana fidanii, boolla leencotaa keessa bubbuusan; garuu utuma isaan boollicha keessaa lafa hin ga'in leenconni qolatanii lafee isaanii caccabsan.

<sup>25</sup>Kana booddee Daariyos mootichi warra guutummaa lafaa irra jiraatan, warra saba garaa garaa, warra gosa garaa garaa, warra afaan garaa garaa dubbatan hundumaaf caafee, "Nagaan isiniif haa baay'atu!<sup>26</sup>Kunoo, ani abboommii baaseera, namni guutummaa mootummaa koo keessa jiru Waaqayyo isa kan Daani'el haa sodaatu; isa durattis haa hollatu! Inni Waaqayyo jiraataa dha, bara baraan dhaabataa dha; mootummaan isaa matumaa hin balleffamu, barri mo'icha isaas dhuma hin qabu.<sup>27</sup>Inni in oolcha, in hoofkalchas; inni bantii waaqaa keessatti, lafa irrattis, milikkitoota in argisiisa, dinqiiwwan in hojjeta; Daani'elin harka leencotaa keessaa inni oolche isa!" jedhe.

## **Naamiyaa 2,4,6**

*Seensa: Gabaabumatti seenaan Naamiyaa bara Daani'el jiraate booddee, erga Yihuudonni lafa isaaniitti akka deebi'aniif eeyyama argatanii booda raawwatame.*

<sup>2:1</sup> Artashaastaan mootichaaf gaaf tokko daadhii qophaa'e fuudhee nan dhi'eesseef; gaafas malee ani duraan isa duratti gaddee mul'adhee hin beekuun ture. <sup>2</sup> Mootichis, Atoo hin dhukkubsanne maaliif fuula badde? Kun gadda garaa ti malee wanta biraa miti" naan jedhe. <sup>3</sup> Ani immoo mootichaan, "Yaa mootii bara baraan jiraadhu! Mandarri abboonni koo itti awwaalaman jijjigee bade, karri ishees ibiddaan gubamee utuu jiruu maaliif garaan koo hin gaddu ree?" nan jedhe. <sup>4</sup> Yommus mootichi, "Maal gaafachuu barbaadda?" naan jedhe; anis gidduutti Waaqayyoon gooftaa bantii waaqaa nan kadhadhe; <sup>5</sup> mootichaanis, "Jaalala kee ta'ee, ani garbichi kee si mooticha duratti faara tolaadhaan ilaalameera yoon ta'e, mandara ishee abboonni koo keessatti awwaalaman sana deebisee akkan ijaaruuf gara Yihudaatti akka na ergitu sin kadhadha" nan jedhe. <sup>6</sup> Mootichis deebisee, "Karichi yeroo hammamii si fudhata, yoom deebitas?" jedhee na gaafate; anis yeroo hammamii akka inni na fudhatu isatti hime.

<sup>9</sup> Kana booddee gara warra kutaa biyyaa laga Efraaxiis irraa gara lixa-biiftuu bulchanii dhaqee caaffata mootichaa isaanitti nan kenne; mootichi angafoota loltuu fi abboota fardeenii anaa wajjin ergee ture. <sup>11</sup> Ani gara Yerusaalem dhufee guyyaa sadii booddee, <sup>13</sup> Ani halkaniin ka'ee nan adeeme; dallaa Yerusaalem isa diigamee fi karra ishee isa ibiddaan gubame hubadhee nan ilaale. <sup>16</sup> Warra biyya bulchan keessaa namni tokko illee eessa akkan dhaqe, maalis hojjechaa akkan ture hin beekne; anis immoo hamma ammaatti Yihudootatti, lubootatti, gurguddoota biyyaatti, warra biyya bulchanitti, namoota kan biraa warra hojicha hojjechuuf jiranittis hin himne.

<sup>17</sup> Ani yommus isaaniin, "Gidiraa nuyi keessa jirru, Yerusaalem jijjigdee akka badde, karri ishees ibiddaan akka gubame in argitu; kanaafis nuyi si'achi yeelloo arrabsamuutiif akka hin taanetti, kottaa dallaa Yerusaalem deebifnee in ijaarraa" nan jedhe. <sup>18</sup> isaanis, "Deebifnee ijaaruu in jalqabna" jedhanii, humna isaanii jabeeffatanii hojii gaarii kanaaf in ka'an.

<sup>1</sup> Namoonni naannoo sanaa Sanbalaax, Xobiiyaa, Geshem fi Arabichi kana yommuu dhaga'an garuu nu tuffatanii nutti ga'isanii, <sup>4</sup> <sup>2</sup> "Yihudoonni dadhaboonni kun maal hojjechaa jiru? Dallaa mandarattii deebisanii ijaaruu ree? Amma isaan 'Aarsaa dhi'eessuudhaan hojicha guyyaa tokkotti fixna' jedhanii yaaduu ree? Amma dhagaa gubatee caccabee tuulame kanaan akkuma inni jirutti deebisanii ittiin ijaaruu danda'uu ree?" jedhee dubbate. <sup>3</sup> "Jarri kun maal ijaaraa jiru? Dallaa isaan dhagaadhaan ijaaran kana, waangoon iyyuu utuu yaabdee in caccabsiti" jedhe.

<sup>4</sup> Ani Nahimiiyaan, "Yaa Waaqayyo keenyaa, tuffatamuu keenya dhaga'i! <sup>5</sup> Isaan fuula ijaartotaa duratti sababii si aarsaniif, ati yakka isaanii isaaniif hin dhoksin, cubbuun isaaniis fuula kee duraa akka badu hin godhin!" jedhee nan kadhadhe. <sup>6</sup> Namoonni garaa isaanii guutuu waan hojjetaniif, nuyi dafnee dallicha ijaarree asii olii isaa walakkaa in goone.

<sup>7</sup> Sanbalaaxii fi Xobiiyaan, warri Arabaa fi warri Amoon warri Ashdoodis akka nuyi dallaa Yerusaalem deebifnee ijaaraa jirru, qaawwa dallichaas akka nuyi duuchine yommuu dhaga'an baay'ee in aaran; <sup>8</sup> hundumti isaanii dhufanii Yerusaalemin loluuf miidhuufis walii wajjin in koratan. <sup>9</sup> Nuyi garuu Waaqayyo keenya in kadhane, waan isaan sodaanneefis halkanii fi guyyaa eegduu in dhaabachiifne. <sup>14</sup> Sodaachuu namootaas yommuun arge, ka'een, "Isaan hin sodaatinaa! Waaqayyoon isa guddaa isa sodaatamaa yaadadhaa! Obboloota keessaniif, ilmaan keessaniif, intaloota keessaniif, dubartoota keessaniif mana keessaniif lolaa!" <sup>16</sup> Erga gaafasiitii namoota koo keessaa walakkaan isaanii hojicha in hojjetu, walakkaan isaanii immoo eeboo, gaachanaa fi iddaa qabatani, mi'a lolaas hidhatanii turan; geggeessitoonni keenyas garaa guutuu namoota in gargaaran. <sup>17</sup> Warri wanta ittiin dallicha ijaaran baatan, harka tokkoon hojicha hojjechaa, harka tokkoon immoo mi'a waraanaa in baatu turan. <sup>23</sup> Ani yookiis obboloota koo keessaa yookiis namoota koo keessaa yookiis eegdotaa warra ana bira jiran



keessaa namni tokko illee uffata isaa of irraa baasee hin beeku; yommuma bishaaniif adeemu illee mi'a waraanaa isaa takkaa lafa hin keenye.

<sup>6:2</sup> Sanbalaaxii fi Geshem nama anatti erganii, “Kottu, gandeen dachaa Onoo keessaa isa tokkotti wal arginaa!” jedhan; isaan garuu, wanta hamaa ana irratti hojjechuudhaaf in yaadan. <sup>3</sup> Anis nama isaanitti ergeen, “Ani hojii guddaatti waanan jiruuf, gad bu'uu hin danda'u; hamma ani dhiisee gara keessanitti gad bu'uttis hojichi maaliif dhaabata ree?” jedhe. <sup>4</sup> Si'a afur nama anatti erganii gaaffiidhuma isaanii duraa sana na gaafatan; anis immoo si'a arfanuu deebiidhuma tokkon isaaniif deebise. <sup>9</sup> Ani garuu, “Yaa Waaqayyo humna ana jabeessi!” jedhee nan kadhade.

<sup>10</sup> Gaaf tokkos namichi tokko, “Namoonni dhufanii si ajjeesuutii kottu anii fi ati mana qulqullummaatti ol gallee balbala isaa cufannee keessa in dhokannaa!” naan jedhe. <sup>11</sup> Ani garuu, “Ani nama isa baqatee dhokatu miti; yookiis mana qulqullummaa keessa dhokachuudhaan of oolchuu kanan yaalu sitti fakkaataa? Ani kana hin godhu” nan jedhe. <sup>12</sup> Sanbalaaxii fi Xobiiyaatu namichi kun ana irratti raajii akka dubbatuuf horiidhaan anatti bite malee, Waaqayyo akka isa hin ergin nan hubadhe. <sup>13</sup> Ani sodaadhee wanta kana gochuudhaan cubbuu akkan hojjedhuuf, maqaa gadhee isaan ittiin na tuffatanis akkan qabaadhuuf inni anatti in bitame.

<sup>15</sup> Ijaarsi dallichaa guutummaatti guyyaa shantamii lama keessatti in raawwate. <sup>16</sup> Diinonni keenya hundinuu waa'ee isaa yommuu dhaga'an, sabni naannoo keenya jiran hundinuu ija isaaniitiin yommuu argan, hojichi gargaarsa Waaqayyo keenyaatiin akka hojjetame hubatanii, na'anii lafa in ilaalan.

## Kakuu Haaraa

**Dhaloota Yesuus** Luq 1:26, 2

*Seensa: Waggoota hedduuf, waa'ee sanyii isa dubartitti irraa dhalachuun Masihaa ta'uu raajonni himaa turan. Innis magaalaa Beetil'eem keessatti durba irraa akka dhalatu, sanyii Daawwitittis akka waamamu dursa raajotaan himamee ture. Seenaan sagalee Waaqayyoo irraa ta'e kunooti!*

Luq 1:26 Ergamichi Gabri'el Waaqayyo biraa kutaa biyya Galiilaa mandara Naazireet jedhamutti ergame. <sup>27</sup>Ergaan isaas gara durba Maariyaam jedhamtu nama Yoseef jedhamu, sanyii Daawit keessaa dhalate tokkoof, kaadhimatamtee turtetti ture. <sup>28</sup>Ergamichi isheetti mul'atee, "Waaqayyo gooftaan sii wajjin jira'o, nagaan siif haa ta'u, yaa ayyaana-qabeettii!" ittiin jedhe.

<sup>29</sup>Maariyaam nagaa kana yommuu dhageesse, yaadaan dhiphattee, "Kun maal jechuu dha?" jettee of gaafatte. <sup>30</sup>Yommus ergamichi isheedhaan, "Yaa Maariyaam, Waaqayyo biraa ayyaana argatteetta hin sodaatin! <sup>31</sup>Kunoo in ulfoofta ilma in deessa, maqaa isaa immoo Yesus jedhii moggaasi! <sup>32</sup>Inni guddaa in ta'a ilma aabbaas jedhamee in waamama, Waaqayyo gooftaanis teessoo abaabilii isaa Daawit in kennaaf. <sup>33</sup>Barri mootummaa isaas dhuma hin qabu" jedhe.

<sup>34</sup>Maariyaam yommus, "Anoo amma illee durba, kun attamitti ta'uu danda'a?" jettee <sup>35</sup>Ergamichi immoo, "Hafuurri qulqulluun si irra in bu'a, humni aabbaas si golbooba, <sup>37</sup>Waaqayyoof wanti dadhabamu hin jiru" jedhee deebiseef.

<sup>2:1</sup>Yeroo sanatti mootummaa warra Roomaa keessa kan jiraatan hundinuu akka caafamaniif, Awugusxos mooticha biraa abboommiin ba'e. <sup>3</sup>Kanaaf namni hundinuu adduma addaan of caafsisuudhaaf gara mandara kutaa biyya itti dhalatee dhaqe.

<sup>4</sup>Yoseef sanyii mooticha Daawit keessaa waan tureef, Galiilaadhaa mandara Naazireetii ba'ee, <sup>5</sup>Kaadhima isaa Maariyaamii wajjin caafamuudhaaf dhaqe; isheen immoo ulfa turte. <sup>6</sup>Betlehem utuu jiraniis, yeroon Maariyaam itti deessu ga'e; <sup>7</sup>angafa ilma ishee deessee, lafa bultii kara-deemtuutii iddoo hin arganne waan turaniif, wayyaa itti martee, siree horiin keessaa nyaatu irra ciibsite.

<sup>8</sup>Tiksooni tokko immoo naanna'aa sanaa bakkeetti halkan darabee dammaqanii, hoolota isaanii in eegu turan. <sup>9</sup>Ergamaan Waaqayyoo dingata isaan dura dhaabatee, ifni surraa gooftichaas naannoo isaaniitti ibse; kana irratti isaan na'anii, guddaa sodaatan. <sup>10</sup>Ergamichi garuu, "Hin sodaatinaa! Kunoo ani misraachoo gammachuu guddaa isinittan hima'o, kunis saba hundumaaf kan ta'uu dha. <sup>11</sup>Har'a mandara Daawititti fayyisaan isiniif dhalateera; inni immoo Kristos goofticha. <sup>12</sup>Milikkinni isaa immoo kana, mucaa wayyaan itti maramee siree horiin keessaa nyaatu irra ciisu in argitu" isaaniin jedhe.

<sup>13</sup>Achumaanis kutata ergamoota Waaqayyoo keessaa baay'een ergamicha kanaa wajjin turan. <sup>14</sup>Isaan immoo, "Hooqubaan Waaqayyoof waaqa gubbaatti, nagaan namoota Waaqayyo itti gammaduuf, lafa irratti" jedhanii Waaqayyoon in faarfatu turan.

<sup>15</sup>Ergamoonni Waaqayyoo isaan biraa deebi'anii gara waaqaatti erga ol ba'anii tiksooni, "Kottaa Betlehem in dhaqnaa, dubbii achitti ta'e, Waaqayyo nutti beeksise kanas in ilaallaa" waliin jedhan. <sup>16</sup>Ariifachaa yommuu dhaqan Maariyaamii fi Yoseefin, mucichas, siree horiin keessaa nyaatu irra ciisee argatan. <sup>17</sup>Tiksooni sun mucicha yommuu argan, waan ergamoonni Waaqayyoo waa'ee isaaf isaanitti himan hundumaa mul'isan. <sup>18</sup>Warri dhaga'an hundinuu immoo waan tiksooni isaanitti himanitti baay'ee dinqifatan. <sup>19</sup>Maariyaam garuu dubbii kana hundumaa garaatti qabatee, itti yaaddi turte.

<sup>20</sup>Tiksooni sun, isa ergamoonni Waaqayyoo itti himan hundumaa dhaga'anii, akkuma itti dubbatametti ija isaaniitiin waan arganiif, Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessaa galateeffachaas gara iddoo isaaniitti deebi'an.

**Cuuphamuu Yesuus** Luq 3:1-15; Mat 3:13; Yoh 1:29

*Seensa: Kunoo hoolaa Waaqayyoo!*

<sup>1</sup>Phonxos Philaaxos yommuu biyya Yihudaa bulche, sagaleen Waaqayyoo gara nama Yohaannis jedhamuu dhufe. <sup>3</sup>Yohannis biyya naannoo Yordaanos keessa adeemee, "Cuuphamaa, yaada garaa geddarachuu keessan mul'isaa; Waaqayyos cubbuu keessan isiniif in balleessa" jedhee labse. <sup>4</sup>Kunis macaafa Isaayaas raajichaa keessatti,

**"Sagaleen lafa onaa keessaa in iyya; dhaga'aa dhaggeeffadhaa, gooftichaaf karaa tolchaatii haraa, daandii inni irra adeemus qajeelchaa. <sup>5</sup>Dachaan hundinuu haa guutamu; tulluun, gaarris hundinuu haa kuffifamu; karaan jajal'aan haa qajeelfamu, wal caalaanis wal haa qixxeeffamu. <sup>6</sup>Namoonni hundinuu fayyisuu Waaqayyoo in argu"** kan jedhu caafamee jira.

<sup>7</sup>Akkuma kanaattis Yohannis, namoota cuuphamuudhaaf gara isaatti ba'an, gorsuutti ka'ee, "Isin ijoollee mar'ataa nana, dheekkamsa isinitti bu'uuf jiru jalaa akka baqattaniif, eenyutu isin yaadachiise? <sup>8</sup>Abbaan keenya Abrahaamii dha jettanii of hin jabeessinaa; Waaqayyo, Abrahaamiif dhagoota kanattii ijoollee kaasuu akka danda'u isinittan hima. <sup>9</sup>Ammuma iyyuu qottoon hidda muka hundumaa irra kaa'amee jira; mukti ija gaarii hin godhanne hundinuu muramee ibiddatti in naqama" jedhe.

<sup>10</sup>Kana irratti jarreen sun, "Egaa maal goonu ree?" jedhanii Yohannisin gaafatan. <sup>11</sup>Inni immoo, "Uffata lama kan qabu kan hin qabneef haa kennu; nyaata kan qabu warra dhabaniin haa ga'u!" jedhee deebiseef.

<sup>12</sup>Warri qaraxa fuudhan immoo cuuphamuudhaaf dhufanii, "Yaa barsiisaa, nu'oo maal goonu?" ittiin jennaan, <sup>13</sup>inni immoo, "Kan murame irra caalchiftanii hin fuudhinaa!" jedheen.

<sup>14</sup>Warri loltuunis, "Nu immoo maal goonu ree?" jedhanii gaafatan; inni immoo, "Giddisiiftanii horii nama tokko irraa illee hin fudhatinaa; sobaanis nama tokko iyyuu gara abbaa firdiitti hin geessinaa; qallabni keessan inni isin fudhattan isin haa ga'u!" jedheen.

<sup>15</sup>Jarreen waa eeggachaa waan turaniif, Yohannis kun Kristos ta'inna laataa? jedhanii hundumti isaanii garaa isaaniitti gaafatan. <sup>16</sup>Yohannis waan isaan yaadan kanaaf yommuu deebii hunduma isaaniitiif kennutti, "Ani bishaaniinan isin cuupha, garuu ana irra kan jabaatu hidhaa kophee isaatii illee hiikuudhaaf kanan hin taane dhufaa jira; inni hafuura qulqulluudhaa fi ibiddaan isin in cuupha."

Mat 3:13-17 Yesus yommuu Yohannis cuuphaan akka isa cuuphuuf Galiilaadhaa Yordaanositti isa bira dhufe. Yohannis garuu, Siin cuuphamuun anaaf barbaachisa, ati immoo cuuphamuuf gara koo dhuftaa?" jedhee jabeessee isa ittise. Yesus garuu deebisee, "Waaqayyo duratti waan qajeelaa ta'e hundumaa akkasitti raawwachuun waan nuuf ta'uuf, amma ana ittisuu dhiisi!" jedheen; kana irratti Yohannis isa ittisuu dhiise. Yesus cuuphamee bishaanicha keessaa akkuma ba'een, kunoo, bantiwwan waaqaa hundinuu [isaaf] banaman; achumaanis hafuurri Waaqayyoo akka gugeetti gad dhufee isa irra bu'uu isaa in arge. Kunoo sagaleen immoo, "Inni kun ilma koo isa jaallatamaa dha, gammachuun koos isatti in raawwatama" jedhee waaqa irraa in dubbate.

<sup>Yoh1:29</sup> Borumtaa Yohannis utuu Yesus gara isaa dhufuu argee, “Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu” jechuun iyyee dubbate.

### **Bartoota Warra Jalqabaa** Mar 1:16-28

**Seensa:** *Yesus yeroo tajaajila eegale nama waggaa soddomaa ture. Namoota bartuu taasifatu waamuun tajaajila eegale.*

<sup>16</sup>Yesus ciisa bishaan Galiilaa bukkee utuu darbuu, Simoonii fi Indiriyaasiin obboleessa Simoon kiyyoo isaanii bishaanichatti utuu darbatanii arge; isaan qurxummii-qabduu turan. <sup>17</sup>Yesus immoo, “Na duukaa koottaa! Anis nama kan walitti qabdan isinan godha” isaaniiin jedhe. <sup>18</sup>Isaan achumaan kiyyoota isaanii achitti dhiisanii, isa duukaa in bu’an.

<sup>19</sup>Yesus takka adeemee, Yaaqobii fi Yohaannisiin ilmaan Zabdeewoos, bidiruu isaanii keessa taa’anii kiyyoota isaanii utuu tottofatanii arge. <sup>20</sup>Inni achumaan isaan waame; isaanis abbaa isaanii Zabdeewoosiin hojjattoota wajjiin bidiruu keessatti dhiisanii, Yesus duukaa bu’an. <sup>21</sup>Isaanis mandara Qifirnaahom dhaqan; achitti Yesus guyyaa Sanbataa mana sagadaatti galee barsiise. <sup>22</sup>Garaan warra isa dhaga’aniis barsiisa isaatiin rukutame; Yesus akka barsiisota seeraatti utuu hin ta’iin, akka nama aboo qabuutti isaan in barsiisa ture.

<sup>23</sup>Namni hafuura hamaadhaan qabame tokko mana sagada isaanii keessa ture iyyuu, si’uma sana caraanee, <sup>24</sup>“Yaa Yesus nama Naaziret, dhimma keenya keessa maaltu si buusee? Silaa nu balleessuu yaaddee dhuftee? Anoo eenyu akka ati taate si beeka, yaa qulqulluu Waaqayyoo” jedhe.

<sup>25</sup>Yesus garuu, “Gab jedhi, keesaa ba’is!” jedhee hafuuricha hamaa in ifate. <sup>26</sup>Hafuurri hamaan sun namicha qabatee ture sana wixxifachiisee, sagalee guddaadhaan iyyee, namicha keessaa ba’e. <sup>27</sup>Isaan hundinuu na’anii, dinqisiifatanis, “Maal wanti akkasii? Barsiisa haaraa aboo of keessaa qabu! Inni hafuurota hamoota iyyuu in abbooma; isaanis isaaf in abboomamu” jedhanii walitti dudubbatan.

<sup>32</sup>Galgala sana erga aduun lixee booddee, warra dhukkubsatan, warra hafuura hamaadhaan qabamanis hundumaa gara isaatti fidan. <sup>34</sup>Yesuus dhukkabsattoota baay’ee warraa dhukkuba garaagaraatiin rakkachaa turan fayyisee, hafuurota hamootas baay’ee baase. <sup>39</sup>Inni dhaqee manneen sagadaa isaanii guutummaa kutaa biyya Galiilaa keessa jiranitti lallabee, hafuurota hamootas namoota keessaa baase. <sup>Mat 4:23</sup>

### **Yesus Namicha Dhagni Isaa Gar Tokko Du'e Fayyisuu Isaa** Mark 2:1-12

*Seensa: Kamtu caalaa ulfaataa? Fayyisuu moo cubbuu dhiisuu dha?*

<sup>1</sup>Guyyaa muraasa booddee Yesus deebi'ee Qifirnaahomitti gale; namoonni immoo akka inni mana jiru dhaga'an. <sup>2</sup>Balbaluma duraa iyyuu hamma iddoon dhibutti, namoonni baay'een walitti qabaman; Yesus immoo dubbii wangeelaa isaanitti in hima ture. <sup>3</sup>Yommus jarreen tokko, nama dhagni isaa gar tokko duunaan afur ta'anii baatanii, fidanii gara Yesus dhufan. <sup>4</sup>Baay'ina namootaatiif gara Yesusitti geessuu dadhabnaan, bantii mana kallattii Yesus tureen diiganii erga saaqanii namicha siree isaatiin gad isa

buusan. <sup>5</sup>Yesus amantii jarreen kanaa yommuu arge, namicha isa dhagni isaa gar tokko du'een, “Ilma koo, cubbuun kee hundinuu siif dhiifameera” jedhe.

<sup>6</sup>Barsiisonni seeraa warri achi taa'aa turan tokko, garaa isaanii keessatti yaadaa turanii, <sup>7</sup>“Attamitti namichi kun akkas dubbata? Kun Waaqayyoon arrabsuu isaa ti! Waaqayyo tokkicha malee eenyutu cubbuu namaaf dhiisuu danda'a?” jedhan.

<sup>8</sup>Yesus achumaan garaa isaanii keessatti yaadaa akka jiran hafuuraan hubatee, “Maaliif waan akkasii garaa keessanitti yaaddu? <sup>9</sup>Kamtu salphaa dha? Namicha dhagni isaa gar tokko du'e sanaan, ‘Cubbuun kee siif dhiifameera’ jechuu moo yookiis, ‘Ka'iitii siree kee fudhadhuu adeemi’ jechuu? <sup>10</sup>Garuu ilmi namaa lafa irratti dhiifamuu cubbuu kennuudhaaf aboo akka qabu beekaa!” isaaniin jedhe. Isa dhagni isaa gar tokko du'een immoo, <sup>11</sup>“Sittan hima, ka'iitii siree kee fudhadhuu mana keetti gali!” jedheen. <sup>12</sup>Utuma isaan ilaalanii, namichi sun ka'ee, achumaan siree isaa fudhatee gad ba'e. Kana irratti hundumti isaanii fajajanii, “Kan akkasii kana takkaa arginee hin beeknu” jechaa, Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessan.

### **Namicha sanyii Facaasu** Mark 4:1-20, 33

*Seensa: Yesuus fakkeenyaan namoota barsiisuu eegale.*

<sup>1</sup>Yesus ciisa bishaanichaa bukkeetti ammas barsiisuu jalqabe. Tuuti isa biratti walitti qabame immoo sonaan baay'annaan, Yesus bidiruu tokko yaabbatee barsiisuudhaaf taa'e; yommuu namoonni hundinuu qarqara ciisa bishaanichaa turan. <sup>2</sup>Yesus barsiisa isaa keessatti fakkeenya garaa garaatiin waan baay'ee isaan barsiise. <sup>3</sup>“Dhaggeeffadhaa! Namichi tokko sanyii facaasuudhaaf ba'e. <sup>4</sup>Inni utuu facaasuu kaan karaa bukkee bu'anii, simbirroonis dhufanii funaananii nyaatan. <sup>5</sup>Kaan immoo lafa dhagaa, lafa biyyoo baay'ee hin qabne irra bu'an; lafti isaan irra bu'an biyyoo gad fagoo waan hin qabneef dafanii biqilan. <sup>6</sup>Garuu yommuu aduun itti baate coollaganii, hidda gad fagoo waan hin godhatiniif in gogan. <sup>7</sup>Kaan qoraattii keessa bu'an; qoraattonnis guddatanii isaan hudhan; isaanis ija hin godhanne. <sup>8</sup>Kaan garuu biyyoo gaarii keessa bu'an; biqilani, guddatanii, ijas godhatan. Iji isaanii immoo kaan dachaa soddoma, kaan dachaa jaatama, kaanis dachaa dhibba ta'e!” jedhe.

<sup>9</sup>Itti dabalees, “Gurra ittiin dhaga'u kan qabu haa dhaggeeffatu!” jedhe.

<sup>10</sup>Yeroo Yesus kophaa ta'etti, warri isa bira turan bartoota kudha lamaanii wajjin waa'ee fakkeenya kanaa isa gaafatan. <sup>11</sup>Yesus immoo deebisee, “Dhoksaan mootummaa Waaqayyoo isiniif kennameera. <sup>14</sup>Inni facaasu sanyii dubbii Waaqayyoo facaasa. <sup>15</sup>Karaa bukkeen, fakkeenya warra yommuudhuma dubbiin Waaqayyo facaafamu dhaga'anii, yommuumas Seexanni dhufee dubbicha isa garaa isaanii keessatti facaafame butatuu ti. <sup>16</sup>Lafti dhagaas, fakkeenya warra dubbichi garaa isaanii keessatti facaafame, yommuu isa dhaga'an gammachuudhaan fudhatanii ti. <sup>17</sup>Isaan akka biqiltuu hidda gad fagoo hin qabneetti, yeroodhaaf in dhaabatu; sababii dubbichaatiif rakkinni yookiis ari'atamuun yommuu ka'u garuu achumaan in gufatu. <sup>18</sup>Lafti qoraattii, fakkeenya warra dubbicha isa garaa isaanii keessatti facaafame dhaga'anii ti. <sup>19</sup>Yaaddoon biyya lafaa, gowwoomsaan soorumaa, kajeellaan adda addaas itti dacha'anii, dubbicha huunaan ija utuu hin godhatin hafe. <sup>20</sup>Lafti gaariin garuu, fakkeenya warra dubbicha isa garaa isaanii keessatti facaafame dhaga'anii, fudhatanii, kaan dachaa soddoma, kaan dachaa jaatama, kaanis dachaa dhibba ija godhatanii ti” isaaniin jedhe.

<sup>33</sup>Yesus fakkeeniyota baay'ee kana fakkaataniin hamma isaan dhaggeeffachuu danda'anitti dubbicha isaanitti hime.

## Yesus Qilleensa Jabaa Gab Gochuu Isaa Mark 4:35-40

*Seensa: Bartoonni Yesuus Eenyu akka ta'e Beekuu Barbaadan.*

<sup>35</sup> Yesus galgala gaafasii bartoota isaatiin, “Kottaa bishaan ciisaa kana gamatti ceenaa” jedhe. <sup>36</sup> Akkuma inni bidiruu keessa jirutti Yesusin fudhatanii adeeman; <sup>37</sup> Yommus qilleensi jabaan bubbisaa dhufe; dha'aan bishaanichaa immoo bidirichatti bu'ee, bishaan itti guutuutti ka'e. <sup>38</sup> Yesus garuu bidiricha keessa gara duubaatiin waa boraafatee in rafa ture. Bartoonni isaa isa dammaqsanii, “Barsiisaa! Dhumuun keenya si hin dhibuu?” jedhan. <sup>39</sup> Yesus dammaqee qilleensicha ifatee, dha'aa bishaanichaan immoo, “Cal jedhi, gab jedhis!” jedhe. Kana irratti qilleensichi dhaabannaan gabiin guddaan ta'e. <sup>40</sup> Kana booddee bartoota isaatiin, “Maaliif sodaatoo taatan? Amma iyyuu amantii hin qabdani?” jedhe. <sup>41</sup> Isaan immoo guddaa sodaatanii, “Namni kun eenyu? Qilleensaa fi bishaan in abbooma, isaanis isaaf in abboomamu” waliin jedhan.

## Hafuura Hamaa Namicha Gergeeseen Keessa Ture Mark 5:1-21

*Seensa: Namni yommuu fayye Waaqayyoon tajaajila.*

<sup>1</sup> Kana booddee isaan ciisa bishaanii gama, gara kutaa biyya Gergeesaa dhufan. <sup>2</sup> Akkuma Yesus bidiricha irraa bu'een, namni hafuurri hamaan keessa ture tokko, iddoo awwaalaa keessaa ba'ee isatti dhufe. <sup>3</sup> Namichi kun awwaalota gidduu jiraate; homtinuus funyoodhuma sibiilaatiin illee isa hidhuu hin dandeenye. <sup>4</sup> Inni yeroo baay'ee funyoo sibiilaatii fi hidhaa harkaatiin hidhameera, garuu funyoo sibiilaa of irraa in kukkuta, hidhaa harkaas in caccabsa ture. Kanaaf namni tokko illee gad isa qabuu hin dandeenye. <sup>5</sup> Namichi kun yeroo hundumaa halkanii fi guyyaa awwaalota gidduutti, tulloota irrattis argamee in iyya, dhagaadhaanis of in rukuta ture.

<sup>6</sup> Inni fagootti Yesusin argee, gara isaatti fiigee jilbeenfatee Yesusiif sagade. <sup>7</sup> Caraanaas sagalee guddaadhaan, “Yaa Yesus ilma Waaqayyoo aabbaa, maal nattii qabda? Maaltus dhimma koo keessa si buuse? Hadaraa Waaqayyoo ana hin dhiphisin!” jedhe. <sup>8</sup> Yesus immoo, “Ati hafuura hamaa nana, namicha kana keessaa ba'i!” ittiin jedhee ture.

<sup>9</sup> Yesus, “Maqaan kee eenyu?” jedhee gaafannaan, hafuurichi immoo, “Maqaan koo duula, nuyi baay'ee dha” jedhee deebiseef.

<sup>11</sup> Dirree gaarichaa sana irra, kunoo hoomaan booyyee bobba'anii turan. <sup>12</sup> Hafuuronni hamoonni sun immoo “Booyyota sanatti akka galluuf itti nu ergi!” jedhanii Yesusin kadhatan. <sup>13</sup> Yommus inni haa dhaqaniif isaan dhiise. Hafuuronni hamoonni namicha keessaa ba'anii booyyota sanatti galan. Hoomaan akka booyyota kuma lamaatti lakkaa'aman sun, hallayyaa irraa gad gara ciisa bishaaniitti konkolaatanii liqimfaman.

<sup>14</sup> Yommus warri booyyee eegan baqatanii, kana warra mandara keessaa fi warra biyyaattis odeessan. Namoonni immoo waan ta'e kana ilaaluudhaaf dhufan. <sup>15</sup> Yesus bira ga'anii, namicha isa duula hafuura hamaadhaan qabamee ture sana wayyaa uffatee, qalbii isaattis deebi'ee achi taa'ee argan; hundumti isaaniis in sodaatan. <sup>16</sup> Duraan achi turanii, waan namicha hafuurri hamaan keessa ture sanaaf ta'e, hoomaan booyyees maal akka ta'an warri argan, jara dhufanitti himan. <sup>17</sup> Yommus jarri, Yesus kutaa biyya isaaniitii akka adeemuuf kadhatan.

<sup>18</sup> Yesus achii adeemuudhaaf bidiruu yaabbannaan, namichi hafuura hamaadhaan qabamee ture sun, “Sii wajjin nan adeema” jedhee isa kadhate. <sup>19</sup> Yesus garuu, “Gara mana keetii fi lammii keetii dhaqi, waan gooftaan siif godhe hundumaa, attamittis akka si maare isaanitti himi!” ittiin jedhe malee tole hin jenne. <sup>20</sup> Namichi achii adeemee mandaroota kurnanuu keessa naanna'ee waan Yesus isaaf godhe hundumaa labse; hundinuus in dinqifatan.

## **Yaayiroos** Luq 8:40-56

*Seensa: Dubartiin gara saba isheetti deebite, mucaa durbaa tokko hafuurri itti deebi'e.*

<sup>40</sup>Yeroo Yesus bishaan ciisaa gamatti deebi'etti, tuuti jaraa isa siman; hundumti isaanii isa egaa turani'o. <sup>41</sup>Keessumaa immoo, geggeessituun mana sagadaa tokko, Yaayiros kan jedhamu dhufee, miilla Yesus jalatti kufee, gara mana isaatii akka dhaquuf kadhate. <sup>42</sup>Intalli tokkittiin inni qabu, waggaa kudha lama kan geesse, duraa du'uuf jetti turte.

Yommuu Yesus dhaquudhaaf karaa irra bu'ettis, namoonni isatti tuuta'anii hafuura kutu turan. <sup>43</sup>Kana gidduus dubartiin tokko turte. Isheen waggaa kudha lamaaf dhiigni ishee dhaabachuu diduudhaan rakkachaa turte, namni tokko ishee fayyisuu hin dandeenye. <sup>44</sup>Isheen kun dugda isaa duubaan dhuftee andaara uffata Yesus tuqxe; achumaanis lolaan dhiiga ishee dhaabate. <sup>45</sup>Yesus immoo, "Eenyutu na tuqe?" jedhee gaafate. Adduma addaan ana miti jennaan, Phexros, "Yaa barsiisaa, sabni kunoo si marsee jira, si cunqursas" jedheen. <sup>46</sup>Yesus garuu, "Lakkii, namni na tuqe jira, humni fayyisu akka na biraa ba'e anatti dhaga'ameera" jedhe.

<sup>47</sup>Yommuu dubartittiin akka dhokachuu hin dandeenye hubattee, rom'aa dhuftee miilla Yesus jalatti lafa dhoofta; achumaanis jarreen sana hundumaa duratti, maaliif akka isa tuqxe, battaluma sanattis akka fayyite dhugaa baate. <sup>48</sup>Yommuu Yesus, "Yaa intala ko, amantiin kee si fayyiseera, nagaadhaan dhaqi!" isheedhaan jedhe.

<sup>49</sup>Utuu inni kana dubbachaa jiruu immoo namni geggeessituu mana sagadaa sanaa tokko, ergaa himuu dhufee, Yaayiroosiin, "Intalli kee duuteetti si'achi barsiisicha hin dhamaasin!" jedhe. <sup>50</sup>Yesus garuu kana dhaga'ee Yaayiroosiin, "Hin sodaatin, amani duwwaa! Isheenis in fayyiti" jedheen.

<sup>51</sup>Manicha bira yommuu ga'e Phexros, Yohannis, Yaaqoob akkasumas abbaa mucaatii fi haadha ishee malee, namni kan biraa isaa wajjin akka ol lixu hin barbaanne. <sup>52</sup>Achiis hundinuu mucattiidhaaf in boo'u, in wawwaatus turan. Yesus immoo, "Hin boo'inaa! Intalattiin hin duune, rafuutti jirti malee" jedhe. <sup>53</sup>Isaan hundumti isaanii garuu intalattiin akka duute beeku waan turaniif, itti kolfan. <sup>54</sup>Haa ta'u iyyuu malee, Yesus harka ishee qabee, "Intalo, ka'ii!" jedhee waame. <sup>55</sup>Yommuu lubbuun ishee keessa deebitee, achumaanis kaate; inni immoo waan nyaattu akka kennaniif abboome. <sup>56</sup>Abbaan isheetii fi haati ishee gammadanii of wallaalan; Yesus garuu, waan ta'e eenyutti illee akka hin himne isaan dhowwe.

## **Namicha Samaariyaa isa gaarii** Luqaas 10:25-37

<sup>25</sup>Kunoo, barsiisaan seeraa tokko ka'ee, Yesusiin qoruudhaaf, "Yaa barsiisaa, jireenya barabaraatti galuudhaaf maal gochuutu anaaf ta'a?" jedhee gaafate. Yesuus immoo deebisee, "Seera keessatti maaltu caafamee jira? Namootaaf attamitti dubbista?" jedhee isuma gaafate. <sup>27</sup>Kana irratti namichi, "Garaa kee guutuudhaan, jireenya kee guutuudhaan, human kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis Waaqayyo goofticha jaallachuutu siif ta'a; jedhee deebise. <sup>28</sup>Yesus immoo, "Deebiin kee qajeelaa dha, atis in jiraatta kana raawwadhu!" jedheen.

<sup>29</sup>Barsiisichi seeraa garuu, nama qajeelaa of gochuu barbaadee, "Nama isa kam?" jedhee Yesusiin gaafate. <sup>30</sup>Yesus immoo deebiseefii, "Namni tokko Yersaaleemii gara Yerikootti utuu gad bu'uu, warra

saamtuu afaan bu'e; uffata isaas isa irraa baafatanii, erga reebanii isa butuchanii, du'aa fi jireenya gidduutti isa dhiisanii adeeman. <sup>31</sup> Lubni tokko karaa sana utuu darbuu, namicha yommuu lafatti arge irraa goree darbe. <sup>32</sup> Akkasuma namni gosa Lewwii tokko, iddoo sana dhufee yommuu isa arge, irraa goree darbe. <sup>33</sup> Namni Samaariyaa tokko garuu, utuu karaa adeemuu achi ga'ee, yommuu isa arge in oo'eef. <sup>34</sup> Itti dhi'aatees, madaa isaa dibataan mucuceessee, daadhii wayniis itti naqee erga hidheefii, horii ofii isaatii yaabee adeemaa ture irra teessisee, mana buufata keessummaatti isa geese; achittis isa gargaare. <sup>35</sup> Borumtaas meetii lama fuudhee, isa buufata keessummaa sana eegutti kennee, 'Hadaraa ittiin wal'aani; kana irra caalaa yoo baaftees, yommuun deebi'u siifan kenna' ittiin jedhe" jedhe.

<sup>36</sup>Yesus itti fufee, "Egaa jarreen sadan kana keessaa, isa kamtu namicha warra saamtuu afaan bu'e kana akka ofii isaatitti ilaale sitti fakkaata?" jedhee gaafate. <sup>37</sup>Barsiisaan seeraa sun immoo deebisee "Isa oo'eef" jedhe; Yesus immoo, "Atis dhaqii, akkasuma gozhi!" ittiin jedhe.

### **Namicha Harka Naafaa** Mat 12:1-4, Mark 2:27, 3:3-5

<sup>1</sup>Yeroo sana Yesus guyyaa Sanbataatti maasii qamadii tokko keessa darbe; bartoonni isaa immoo beela'anii waan turaniif, asheetii isaa ciranii nyaachuutti ka'an. <sup>2</sup>Warri Farisootaa yommuu kana argan Yesusiin, "Bartoonni kee akka seeraatti Sanbataan gochuun kan hin taane gochaa jiru, ilaali! Jedhan. <sup>7</sup> Garuu inni, 'Ani gara-laafina malee, aarsaan barbaada miti' jedhu, maal jechuu akka ta'e utuu hubattaniittu ta'ee, warra yakka hin qabnetti yakka hin murtan turtan. <sup>Mark 2:27</sup> Sanbatatu namaaf uumame malee, namni Sanbataaf hin uumamne.

<sup>9</sup>Achis darbee Yesus mana sagadaa isaanii lixe. <sup>10</sup>Kunoo, namni harki isaa naafaa tokko achi ture; yommuu jarri ittiin isa hadheessuudhaaf, "Guyyaa Sanbataatti fayyisuun seeraa?" jedhanii isa gaafatan. <sup>Mark 3:3</sup> Yesus immoo namicha harki isaa naafate sanaan, "Ka'ii gidduu dhaabadhu!" jedhe. <sup>4</sup> Jaraanis, "seerri keenya guyyaa Sanbataatti gaarii moo hamaa gochuu yookiis lubbuu oolchuu moo ajjeesuu nu abbooma?" jedhe. Isaan garuu calluma jedhan.

<sup>11</sup> Inni immoo, "Isin keessaa namni hoolaa tokko qabu, hoolaan isaas guyyaa Sanbataatti boolla keessatti yoo kufe, qabee achi keessaa kan hin baafne eenyu inni? <sup>12</sup>Egaa namni immoo hammam hoolaa irra haa caalu ree? Kanaafis guyyaa Sanbataatti gaarii hojjachuun seera" isaaniin jedhe. Isaan garuu jecha tokkollee deebii hin laaneef, <sup>5</sup>kana irratti aaree warra naanna'aa isaa jiran ilaalee, mata-jabina isaaniittis gadde... <sup>13</sup>Ergasii namichaan, "Harka kee diriirsi!" jedhe; namichis diriirse, harki isaa deebi'ee akkuma isa kaanii fayyaa ta'e. <sup>14</sup>Warri Fariisotaa garuu gad ba'anii, attamitti akka isa balleessan mari'achuutti ka'an.

### **Of Tuulummaa Warra Farisootaa** Mat 15:1-20

<sup>1</sup>Ergasii Fariisonnii fi barsiisonni seeraa Yerusaalemii gara Yesus dhufanii, <sup>2</sup> "Bartoonni Kee maaliif seera muka abbaa keenyaa irra daddarbu? Isaanoo buddeena nyaachuu isaanii dura harka dhiqachuudhaan of hin qulleessan" jedhaniin. <sup>3</sup>Yesus deebisee, "Isinoo seera muka abbaa keessaniif jettanii, maaliif abbommii Waaqayyoo irra daddarbitu? Waaqayyo, "abbaa keetii fi haadha haadha keetiif ulfina



kenni!” jedhe. Isin garuu, ‘Namni abbaa isaaf haadha isaa gargaaruuf ture tokko isaaniin, wanti na biraa isiniif kennamuuf malee, amma Waaqayyoo kenname yoo jedhe, <sup>6</sup>egaa abbaa isaaf yookiis haadha isaaf ulfina kennuu isa hin barbaachisu jettu. Akkasitti seera muka abbaa keessaniitiif jettanii dubbii Waaqayyoo busheessitu.

<sup>7</sup>Isin of hin arginee nanaa! Isaayaas waa’ee keessaniif raajii isaa keessatti, <sup>8</sup> ‘Sabni kun afaan isaatiin ulfina anaaf kenna, garaan isaa garuu baay’ee anattii fagoo dha; <sup>9</sup>ana waaqessuun isaanii akkasumaan, abboommii namaa akka seera Waaqayyoootti barsiisu’ isa jedhe bayeessa dubbate” jedhe.

<sup>10</sup>Yesus namoota ofitti waamee, “Dubbii koo dhaga’aa hubadhaas! <sup>11</sup>Wanti afaan namaa lixu, xuraa’aa nama hin godhu; wanti afaan namaa keessaa ba’u garuu xuraa’aa nama godha” isaaniin jedhe. <sup>12</sup>Yommuus bartoonni gara isaa dhufan, <sup>15</sup>Phexrosis, “Fakkeenycha nuuf hiiki!” jedhee gaafate. <sup>16</sup>Yesus immoo deebisee, “Isinumtuu hamma ammaatti hin hubatiin jirtuu?” <sup>17</sup>Wanti afaaniin lixu hundinuu, mar’ummaanitti darbee bakkeetti akka ba’u hin qalbifattanii ree? <sup>18</sup> Dubbiin afaan keessaa ba’u garuu, yaada garaa namaa keessaa dhufa; isatu xuraa’aa nama godha. <sup>19</sup> Wanti hamaan hundinuu yaada garaa keessaa ba’ao, isaanis, nama ajjeechaa, ejjummaa, halalummaa, hanna, sobaan dhugaa ba’uu, nama salphisuus. <sup>20</sup> Isaan kanatu xuraa’aa nama godha malee, harka dhiqachuudhaan utuu of hin qulleessiin nyaachuun xuraa’aa nama hin godhu” jedheen.

### **Niqoodemos Yoh 3**

*Seensa: Yesus yaada warra Fariisotaa geeddaruu eegale.*

<sup>3:1</sup>Fariisota keessaa, namni Niqoodemos jedhamu tokko ture; inni dura-buutuu Yihudootaa ture. <sup>2</sup>Inni kun halkaniin gara Yesus dhufee, “Rabbii akka ati barsiisaa taate Waaqayyoo biraa dhufte nuyi beekna; homtinuu yoo Waaqayyoo isaa wajjiin jiraate malee milikkita ati argisiiftu kana, danda’ee hin argisiisu” ittiin jedhe.

<sup>3</sup>Yesus, “Dhuguma, dhuguman sitti hima, eenyu illee yoo olii dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyoo arguu iyyuu hin danda’u” jedhee deebiseef. <sup>4</sup>Neqoodemos immoo, “Namni erga qancaree attamitti dhalachuu danda’a? gadameessa haadha isaatti lammaffaa galee, dhalachuu danda’a moo?” jedhee Yesusiin gaafate.

<sup>5</sup>Kanaaf Yesus, “Dhuguma, dhugumaan sitti hima, eenyu illee bishaanii fi hafuura qulqulluuttii yoo dhalachuu dhaabaate, mootummaa Waaqayyoootti galuu hin danda’u. <sup>6</sup>Nama fooniittii kan dhalate foon, hafuurattii kan dhalate hafuura. <sup>7</sup>Olii dhalachuun isiniif in ta’a siin jechuu kootiif hin dinqifatiin. <sup>8</sup>Qilleensi gara fedhetti in qilleessa’a, qilleensa’uu isaa in dhageessa, eessaa akka inni dhufu, eessaa akka inni dhaqu garuu hin beektu; egaa hafuurattii kan dhalate hundinuu akkuma kana” jedhee deebiseef.

<sup>9</sup>Niqoodemos deebisee, “Kun attamitti ta’uu danda’aa?” jedhee Yesusiin gaafate. <sup>10</sup>Yesus deebiseef, “Ati barsiisaa Israa’el kan taate, kana hin beektu? <sup>12</sup>Waa’ee isa biyya lafaa isinitti himnaan erga hin amantan ta’ee, waa’ee isa biyya waaqaa yoon isinitti hime immoo attamitti amantu ree?”

<sup>16</sup>“Waaqayyo, akkasitti tokkicha ilma isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti nkan amanu hundinuu jireenya barabaraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!” <sup>17</sup> Waaqayyo biyya lafaatti farachiisuuf miti, biyyi lafaa isaan haa fayyuuf ilma isaa biyya lafaatti erge malee.

### **Dubartii Bool’a Bishaanii Bira Turte** Yoh 4:3-42

Seensa: *Namoonni Samaariyaa warra Yihudotaa gidduu yoo jiraatan illee walitti dhufeenyi isaan gidduu hin turre.*

<sup>3</sup> Kana booddee inni kutaa biyya Yihudaa dhiisee Galiilaa dhaqe. <sup>4</sup> Yeroo achi dhaqu immoo Samaariyaa keessa darbuun isa irra ture. <sup>6</sup> Bishaan boollaa Yaaqoob achi ture. Yesus karaa adeemaa oolee waan dadhabeef, boolla bishaanii sana bukkee taa'e; yeroon isaas akka sa'aatii ja'aa ture. <sup>7</sup> Dubartiin Samaariyaa tokkos bishaan waraabbachuudhaaf dhufte; yommuus Yesus, “Bishaan dhugaatii anaaf kenni!” ittiin jedhe. <sup>8</sup> Bartoonni isaa nyaata bituudhaaf gara mandaraa dhaqanii turan. <sup>9</sup> Dubartiin Samaariyaa sun, “Attamitti ati Yihudii taatee, ana dubartii Samaariyaa bishaan dhugaatii gaafatta?” ittiin jette. Yihudoonni warra Samaariyaa wajjin qodaa tokkotti hin sooratan.

<sup>10</sup> Yesus immoo deebiseefii, “Kenna Waaqayyoo utuu beektee, inni ‘Bishaan dhugaatii anaaf kenni!’ siin jedhe kunis eenyu akka inni ta'e utuu hubattee, silaa situ isa kadhata, inni immoo bishaan yeroo hundumaa jiraatu siif in kenna ture” jedheen. <sup>11</sup> Dubartittiin kana irratti, “Yaa gooftaa, atoo waan ittiin budduqsitu hin qabdu, boolli bishaanichaa immoo gad fagoo dha, bishaan yeroo hundumaa jiraatu sana eessaa fidda ree?” <sup>12</sup> Abbaa keenya Yaaqoob isa bishaanicha dhugee, ijoolleen isaa, horiin isaas dhuganii, boolla bishaanichaa immoo nuuf kenne in caalaa?” jetteen.

<sup>13</sup> Yesus immoo, “Bishaan kana irraa kan dhugu hundinuu deebi'ee in dheebota; <sup>14</sup> bishaan isa ani kennuufiif jiru irraa inni dhugu garuu, bara baraan hin dheebotu; bishaan inni ani kennuufiif jiru, isa keessatti burqaa bishaanii isa jireenya bara baratiif burqu in ta'ao” ittiin jedhe. <sup>15</sup> Kana irratti dubartittiin, “Yaa gooftaa! Deebi'ee akka ani hin dheebonneef, bishaan waraabbachuufis akka ani as hin dhufneef, bishaan kana anaaf kenni!” jetteen.

<sup>16</sup> Yesus immoo, “Dhaqi! Abbaa manaa kee waamii kottu!” jedheen. <sup>17</sup> Dubartittiin deebiftee, “Anoo abbaa manaa hin qabu” jetteen; Yesus immoo, “Isa ‘Abbaa manaa hin qabu’ jette, ba'eessa dubbatte. <sup>18</sup> Abboota manaa shan qabda yoo turte iyyuu, inni amma sii wajjin jiru abbaa manaa kee miti'o; kana dhugaa dubbatte” ittiin jedhe. <sup>19</sup> Kana irratti dubartittiin, “Akka ati raajii taate nan arga, yaa gooftaa. <sup>20</sup> Abboonni keenya gaara kana gubbaatti in sagadu; isin warri Yihudootaa immoo ‘Lafti itti Waaqayyoof sagaduun ta'u Yerusaalem keessa jira’ jettu” ittiin jette. <sup>21</sup> Yesus yommuus, “Dubartii nana, yeroon itti isin gaara kana gubbaatti yookiis Yerusaalemiti abbaadhaaf hin saganne dhufuuf jira; na amani! <sup>23</sup> Yeroon itti warri dhuguma sagadan, hafuura fi dhugaadhaan abbaadhaaf sagadan garuu in dhufa; innis ammuma iyyuu ga'eera. Abbaanis warra akkasitti isaaf sagadan in barbaada. <sup>24</sup> Waaqayyo hafuura; warri isaaf sagadanis hafuura fi dhugaadhaan isaaf sagaduun in ta'aaf” ittiin jedhe.

<sup>25</sup> Dubartittiin immoo deebiftee, “Masiihiin inni Kristos jedhamu akka dhufu anuu beeka; inni gaafa dhufe waan hundumaa nutti in hima” jette. <sup>26</sup> Yesus yommuus, “Inni amma sii wajjin dubbachaa jira; kunoo ani isa” ittiin jedhe. <sup>27</sup> Yeroo kanatti bartoonni isaa deebi'anii dhufan; dubartii wajjin dubbachuu isaatiifis in dinqifatan,

<sup>28</sup> Dubartittiin yommu okkotee ishee achumatti dhiiftee, gara mandaraa dhaqxee namootattis dubbattee, <sup>29</sup> “Kottaa namicha, waan ani kanaan dura hojjedhe hundumaa anatti hime tokko ilaalaa; kun Kristosii laataa?” jette. <sup>30</sup> Namoonni yeroo sanatti mandaricha keessaa ba'anii, gara isaa dhufuutti ka'an. <sup>39</sup> Sababii dubartittiin, “Waan ani kanaan dura hojjedhe hundumaa anatti hime” jettee dhugaa baateef, mandara sanaa warri Samaariyaa baay'een isatti amanan. <sup>40</sup> Warri Samaariyaa kunis yeroo isa bira ga'an, isaan bira akka turuuf Yesusin kadhannaan, inni guyyaa lamaaf isaan bira ture. <sup>41</sup> Namoonni sonaan baay'eenis dubbii isaatiif jedhanii itti amanan. <sup>42</sup> Jarri garuu dubartittiidhaan, “Eгаа nuyi si'achi waan ati dubbatteef amanna miti; nuyi ofuma keenyaa dhageenyeerra, inni kun dhuguma fayyisaa biyya lafaa akka ta'es in beekna” jedhan.

### **Ati Kiristoosi dha! Mat 16:13-28**

<sup>13</sup> Yesus gara naanna'aa mandara Qiisaariyaa Filiphos yommuu dhaqe, “Namoonni ilma namaatiin eenyu jedhu?” jedhee bartoota isaa gaafate. <sup>14</sup> Isaan yommu deebisanii, “Kaan <Inni Yohannis cuuphaa dha> jedhu, kaan 'Inni Eliyaas', kaanis 'Inni Ermiyaas yookiis raajota keessaa tokko' jedhu” jedhan. <sup>15</sup> Yesus immoo, “Isinoo, eenyu anaan jettu?” jedhee isaan gaafate. <sup>16</sup> Simoon Phexros deebisee, “Ati Masiihicha, ilma Waaqayyoo jiraataa ti” jedhe.

<sup>17</sup> Kana irratti Yesus deebisee, “Yaa Simoon ilma Yoonaa, ati kan ayyaanomtee dha! Kana abbaa koo isa waaqa irra jirutu sitti mul'ise malee, yaadni nama foonii sitti hin mul'ifne. <sup>18</sup> Anis sittan hima, akkuma Phexros jechuun dhagaa jechuu ta'e, ati dhagaa dha; anis dhagaa hin sochoone kana irratti waldaa koo nan ijaara, gooftummaan du'aas matumaa waldicha irratti humna hin godhatu hin mo'us. <sup>19</sup> Banaa mootummaa waaqaa siifan kenna; waanumti ati lafa irratti hiite, waaqa irratti hidhamaa in ta'a; waanumti ati lafa irratti hiikte immoo waaqa irrattis hiikamaa in ta'a” jedhe. <sup>20</sup> Yommuumas Masiihicha ta'uu isaa nama tokkotti iyyuu akka isaan hin himneef, bartoota isaa cimsee abboome.

<sup>21</sup> Yeroo sanaa jalqabee Yesus gara Yerusaaalem akka dhaqan harka maanguddootaatiin, harka luboota warra angafootaa fi barsiisota seeraatiin guddaa dhiphachuun, ajjeefamuun, guyyaa sadaffaattis du'aa kaafamuun akka isa irra jiru bartoota isaatti mul'isuutti ka'e. <sup>22</sup> Phexros immoo gara bukkeetti isa qabee, “Waaqayyoo si haa oolchu! Kun si irratti dhufuun hin ta'uuf” jedhee isa gorsuutti ka'e. <sup>23</sup> Inni garuu garagale Phexrosiin, “Na duraa turi Seexana nana! Ati gufuu anatti taate, ati kan namootaa malee kan Waaqayyoo hin yaaddu” jedhe.

<sup>24</sup> Ergasii Yesus bartoota isaatiin, “Namni tokko illee ana duukaa bu'uu yoo barbaade, waa'ee ofii isaa dhiisee, fannoo isaa [isa anaaf jedhee baatu] of irra kaa'atee, ana duukaas haa bu'u! <sup>25</sup> Namni jireenya isaa oolfachuu yoo barbaade, jireenyi isaa duraa in fudhatama; namni anaaf jedhee jireenya isaa kennu immoo, isa in argata. <sup>26</sup> Namni biyya lafaa guutummaatti yoo buufate, lubbuu isaa garuu yoo dhabe, bu'aan isaa maali ree?

### **Alaazarii fi Namicha Sooressicha Luq 16:13-31**

Seensa: *Yesuus warra maallaqa jaallatan yommuu arge fakkeenya kana dubbate.*

<sup>13</sup> Yesuusis, “Garbichi tokko gooftota lamaaf abboomamuu hin danda'u; isa tokko jibbee, isa kaan jaallachuu, isa tokkoof of kennee isa kaan tuffachuu dha malee. Isinis akkasuma Waaqayyoo fi horiidhaaf hojjechuu hin dandeessan” jedhe. <sup>14</sup> Fariisonni warri horii jaallatan kana hundumaa

dhaga'anii, Yesusitti galisan. <sup>15</sup>Inni garuu deebisee, “Isin namoota biratti qajeelota jedhamuu barbaaddu, Waaqayyo garuu garaa keessan keessa beeka, waan nama duratti ol fuudhame Waaqayyo duratti ciigga'amaa dha.

<sup>19</sup> Amma immoo, “Al tokko namichi sooressi tokko ture; innis uffata irraa fi jalaan dhagnatti toluu fi ijatti miidhagu gatiin isaa baay'ee kan guddate gegedduudhaan guyyuma guyyaatti qannootti jiraata ture. <sup>20</sup> Deegaan Alaazaar jedhamu, namummaan isaa guutummaatti madaa'e tokko immoo balbala kellaa isaa dura kaa'amee ture. <sup>22</sup> Gaaf tokko namichi deegaan sun du'ee, ergamoota Waaqayyootiin gara bukkee Abrahaamitti geeffame; sooressichis immoo du'ee awwaalames. <sup>23</sup> Qilillee keessaas dhiphachaa utuma jiruu ol ilaalee, Abrahaamin fagootti, Alaazaarinis bukkee isaatti arge. <sup>24</sup> Achumaanis, ‘Yaa abbaa ko Abrahaam, naa oo'i; fiixee quba isaa bishaan cuuphee, arraba koo anaaf haa qabbaneessuufis Alaazaarin as anaaf ergi. Anoo ibidda kana keessatti dhiphachaan jira’ jedhee waammate.

<sup>25</sup> Abrahaam garuu, ‘Yaa ilma ko, bara jireenya keetti carraa gaggaarii akka argatte yaadadhu; yommu Alaazaar immoo carraa gaggadhee argachaa ture. Amma garuu inni bal'inatti jira, ati immoo dhiphinatti jirta. <sup>26</sup> Kana hundumaa irratti immoo as gama keenyaa gara keessanitti darbuu warri barbaadan, akka hin dandeenyetti, achiis gara keenyatti akka hin ceenetti, bowwaa guddaan isaa nu gidduu jira’ ittiin jedhe.

<sup>27</sup> “Inni immoo deebisee, ‘Eгаа immoo yaa abbaa ko, mana abbaa kootti akka isa ergitu sin kadhada. <sup>28</sup> Anoo obboloota shan qaba, isaanis as iddoo dhiphinaa kana akka hin dhufneef isaan haa akeekkachiisu’ jedhe. <sup>29</sup> Abrahaam garuu, ‘Isaan Museedhaa fi raajota qabu, isaan haa dhaggeeffatan’ jedhee deebiseef. <sup>30</sup> Inni immoo, ‘Waawuu, yaa abbaa ko Abrahaam, warra du'an keessaa tokko deebi'ee gara isaanii yoo dhaqe, yaada garaa isaanii geddaratu malee’ jedhe. <sup>31</sup> Abrahaam immoo, “Museedhaa fi raajota yoo dhaga'uu dhabaatan, warra du'an keessaa tokko deebi'ee ka'u iyyuu dhugaa dha hin jedhan’ ittiin jedhe” jedhe.

#### **Farisichaa fi Namicha Qaraxa Guuru Luq 18:9-14**

<sup>9</sup> Yesus namoota warra ofii qajeelummaatti jiraanna jedhanii, of amanatanii, warra kaan hundumaa immoo tuffatanitti, fakkeenya kana dubbate. <sup>10</sup> “Jarreen lama kadhachuudhaaf mana qulqullummaatti ol galan; isaan Fariisicha tokkoo fi, namicha qaraxa fuudhu tokko turan. <sup>11</sup> Fariisichi fuula dura dhaabatee garaa isaa keessatti, ‘Yaa Waaqayyo, akka namoota warra kaanii, warra saamtuu, jal'oota, ejjitoota yookiis akka qaraxxuu kanaa iyyuu waanan hin ta'iniif sin galateeffadha. <sup>12</sup> Torban keessaa guyyaa lama nan sooma; waanan argadhu hundumaa keessaas kudhan keessaa tokko nan baasa’ jedhee kadhate.

<sup>13</sup> Inni qaraxa fuudhu sun garuu, achi fagaatee dhaabatee, ija isaan illee gara waaqaatti ol hin ilaalle; qoma isaa rukutachaa, ‘Yaa Waaqayyo, ana nama cubbamaatti araarami!’ in jedha ture malee.

<sup>14</sup> Eгаа isa Fariisicha sana irra namichi qaraxa fuudhu kun Waaqayyo duratti qajeelaa ta'ee, gara mana isaatti akka deebi'e, isinittan hima; kan ol of qabu hundinuu gad in deebifama, kan gad of deebisu immoo ol in qabama” jedhe.

## **Dargageessicha Abbaa Seeraa Sooressa Ta'e Mar 10:17-31**

<sup>17</sup> Yesus adeemuudhaaf karaa irra yommuu bu'utti, namichi tokko itti fiigee, fuula isaa durattis jilbeenfatee, "Yaa barsiisaa gaarii! Jireenya bara baraatti galuudhaaf maal gochuutu anaaf ta'a?" jedhee gaafate. <sup>18</sup> Yesus immoo, "Maaliif gaarii naan jetta? Waaqayyo isa tokkicha duwwaa malee, namni gaariin tokko illee hin jiru. <sup>19</sup> Abboommiin, 'Hin ajjeesin, hin ejjin, hin hatin, sobaan nama irratti dhugaa hin ba'in, gowwoomsaadhaan hin fudhatin, abbaa kee fi haadha keef ulfina kenni!' akka jedhu in beekta" jedheen.

<sup>20</sup> Namichi immoo deebisee, "Barsiisa! Kana hundumaa ijoollummaa kootii jalqabee raawwadheera" jedheen. <sup>21</sup> Yesus ilaalee isa jaallatee, "Waan tokkotu si duraa hir'ata. Dhaqii, waan qabdu gurgurii, warra deegaadhaafis kenni, waaqa irratti badhaadhummaa in qabaatta; isa booddee immoo kottuu ana duukaa bu'i!" jedheen. <sup>22</sup> Namichi kana yommuu dhaga'e qabeenya guddaa qaba waan tureef, bifni isaa geddaramee, gaddees achii adeeme.

<sup>23</sup> Yesus yommuu naannoo isaa ilaalee bartoota isaatiin, "Warra qabeeyyiidhaaf mootummaa Waaqayyootti galuun attam rakkisaa dha!" jedhe. <sup>24</sup> Bartoonni isaa dubbii isaatti na'anii dinqifatan. Yesus garuu ammas, "Ijoollee! Warri qabeenya isaanii amanatan mootummaa Waaqayyootti galuun attam dhiphuu dha! <sup>25</sup> Sooressi tokko mootummaa Waaqayyootti galuu irra, gaalli qaawwa lilmoo keessa ba'uutu salphata" jedhe. <sup>26</sup> Kana irratti isaan gar-malee na'anii dinqifatanii, "Egaa eenyutu fayyuu danda'a ree?" jedhaniin.

<sup>27</sup> Yesus immoo gara isaanii ilaalee, "Namootaaf hin danda'amu, Waaqayyoof garuu akkas miti; Waaqayyoof wanti hundinuu in danda'ama" jedhe. <sup>28</sup> Phexros kana irratti, "Kunoo nuyi hundumaa dhiifnee si duukaa buuneerra" jedheen.

<sup>29</sup> Yesus immoo deebisee, "Dhuguman isinitti hima, eenyu illee mana yookiis obbolloota yookiis obboleettota yookiis haadha, yookiis abbaa yookiis ijoollee yookiis araddaa anaa fi wangeelaaf jedhee kan dhiise, <sup>30</sup> bara jireenya isaatti ari'atamuudhaan yoo ta'e iyyuu dachaa dhibba in argata, bara dhufuttis jireenya bara baraatti in gala. <sup>31</sup> Garuu baay'een warra dura jiran keessaa warra hundumaa booddee kan ta'an jiru, warra hundumaa booddee jiran keessaas warra duraa kan ta'an jiru" jedhe.

## **Ilma Badee Argame Luq 15:11-32**

*Seensa: Yesus fakkeenya kana warra farisootaa fi barsiisota seeratti hime.*

<sup>11</sup> "Namni tokko ilmaan lama qaba ture. <sup>12</sup> Inni quxisuun abbaa isaatiin, 'Yaa abbaa Koo qabeenya kee keessaa Kan na ga'u hirmaata koo naaf kenni!' jennaan, abbaan isaanii waan qabu hundumaa ilmaan isaa lamaaniiif hire. <sup>13</sup> Guyyaa baay'ee utuu hin turiin ilmi namichaa inni quxisuun, kan isa ga'e hundumaa calleeffatee, mana abbaa isaatii ba'ee biyya fagoo dhaq; achitti akka malee jiraachuu isaatiin horii isaa hundumaa akkasumaan bittimse. <sup>14</sup> Yeroo inni waan qabu hundumaa fixetti, beelli jabaan isaa biyya sanstti bu'e, kanaafis baay'ee rakkate. <sup>15</sup> Warra biyyasii keessaas gara isa tokkoo dhaqee itti of gate; namichis waan godhu dhabnaan booyyee haa tiksuuf lafa darabaa isaatiitti isa erge. <sup>16</sup> Baay'ina beela isaa irraa kan ka'es qola booyyeen nyaatuun illee garaa isaa guuttachuu in kajeela ture, garuu isuma iyyuu argachuu hin dandeenye.

<sup>17</sup> " Yommuu gurbichi yaada isaa naanneffatee, 'Hojjatoonni guyyaa abbaa kootiif hojjatanii buddeenni isaan irraa hafu nama meeqa? Ani garuu asitti beelanan baddu ba'a. <sup>18</sup> Ka'ee gara abbaa koo

dhaqeeetan, “Yaa abbaa koo, Waaqayyoon, sis yakkeera; <sup>19</sup> Si’achis ilma kee jedhamuun anaaf hin ta’u, hojjatoota keessaa akka isa tokkoo na godhadhu” jedhaan. <sup>20</sup> Ka’ees gara abbaa isaa dhaquudhaaf karaa irra bu’e; amma illees fagoodhaa utuu inni dhufuutti jiruu abbaan isaa fuulleetti isa argee garaan isaa mooga’e; itti fiigees ilma isaatti marmee dhungates. <sup>21</sup> Ilmi isaa garuu, ‘Yaa abbaa koo, ani Waaqayyoon, sis yakkeera, si’achis ilma kee jedhamuun anaaf hin ta’u’ jedheen. <sup>22</sup> Abbaan isaa garuu ergamtuu isaatiin, ‘Dafaatii uffata isa keessaa caalu fidaatii itti uffisaa, amartii warqees quba isaatti kaa’aa, kophees miila isaatti kaa’aa. <sup>23</sup> Tuunntunicha isa coomaa sana fidaatii qalaa, in nyaanna in gammannas. <sup>24</sup> Ilmi koo kun du’eedhuma ture deebi’ee jiraate, bade ture in argames’ jedhe; hundumtinus itti gammadan.

<sup>25</sup> “ilmi namicha inni angafni lafa qotisaa ture, deebi’ee manatti yommuu dhiyaate sagalee weeddootii fi kan sirbaa dhaga’e. <sup>26</sup> Yommuus ijoolota keessaa isa tokko ofitti waamee, ‘Maaltu argamee?’ gaafate. <sup>27</sup> Gurbichi immoo deebisee, ‘Obboleessa keetu deebi’e gale; kanaafis nagaadhaa fi fayyaatti waan isa argateef, abbaan kee tuuntunoo isa coomaa qalchiise’ jedheen. <sup>28</sup> kana irratti ilmi inni angafni aaree manatti galuu dide; abbaan isaa yommuus gad itti ba’ee, ol haa galuufis guddisee isa kadhate. <sup>29</sup> Inni garuu deebisee abbaa isaatiin, ‘Ilaa, ani waggoota kana hundumaa akka garbichaatti siif hojjachuuttan jira; takkaas abboommii kee didee hin beeku, ati immoo ilmoo reettii tokko illee hiriyoota koo wajjiin akkan itti gammaduuf takkaa anaaf laatee hin beektu. <sup>30</sup> Amma garuu ilmi kee inni qabeenya ke hundumaa gaalamootaa wajjiin fixe kun, deebi’ee dhufnaan tuuntunoo coomaa isaa qalteefii? ‘ jedhe. <sup>31</sup> Abbaan isaa immoo, ‘Yaa ilma ko, ati yeroo hundumaa ana wajjiin as jirta, wanti ani qabu hundinuus kankeeti. <sup>32</sup> Amma garuu obboleessi kee kun du’ee kan ture deebi’ee waan jiraateef, badees kan ture waan argameef cidha godhachuunii fi gammaduun nuuf in ta’a jedhee deebiseef” jedhe.

## **Dhiifamuu cubbuu Mat 18:15-35**

*Seensa: Yesuus Bartoota Isaa Waa’ee Dhiifamuu Cubbuu Barsiise*

<sup>15</sup> Yesuus itti fufee, “Obboleessi kee yoo si yakke, dhaqii lafa isin lamaan kophaa jirtanitti balleessaa isaa itti himi! Inni yoo si dhaga’e obboleessa kee deebifatteetta. <sup>16</sup> Inni yoo si dhaga’uu dhaabaate garuu, **dubbiin hundinuu amansiisa dhuga-baatota lamaa yookiis sadiitiin dhaabataa akka ta’utti**, nama kan biraa tokko yookiis lama ofii wajjin fudhadhuu dhaqi. <sup>17</sup> Isaanis yoo dhaga’uu dide waldaatti himi; waldaa iyyuu yoo dhaga’uu dide immoo, si biratti akka nama hin amaniniif, akka qaraxxuu hin amanamneetti haa lakkaa’amu.

<sup>21</sup> Ergasii Phexros gara Yesuusitti dhi’aatee, “Gooftaa, obboleessi koo si’a meeqa yoo na yakke dhiisuuf? Hamma si’a torbaattii?” jedheen. <sup>22</sup> Yesuus deebisee, “Ani hamma si’a torbaatamii torbaatti malee, hamma si’a torbaatti siin hin jedhu” jedheen. <sup>23</sup> Yesuus itti fufee, “Akkasumas mootummaan waaqaa mootii hojjetoota isaa irraa gatii lakkaa’achuuf murtoo godhetti in fakkeeffama. <sup>24</sup> Yommuu inni lakkaa’achuu jalqabetti immoo, nama inni meetii miliyoonii baay’ee irraa qabu tokko itti fidan. <sup>25</sup> Namichi waan baasu dhabnaan garuu, gooftaan isaa gatichi haa baafamuuf, inni, haati manaa isaa, ijoolleen isaa, wanti inni qabu hundinuus akka gurguraman abboome. <sup>26</sup> Hojjetaan sun immoo miilla gooftaa isaa jalatti lafa dha’ee, ‘Gatii kee hundumaa siifan baasaatii anaaf obsi’ jedhee cimsee kadhate. <sup>27</sup> Kana irratti gooftaan isaa hojjetaa isaa sanaaf garaa laafee isa gad dhiise; gatii isa irraa qabus in dhiiseef.

<sup>28</sup> “Hojjetaan sun garuu akkuma gad ba’een, hojjetaadhuma akka isaatii kan gatii akka birrii dhibba tokkoo irraa qabutti ba’ee, morma isaa hudhee qabee, ‘Gatiin si irraa qabu anaaf baasi!’ jedhe.

<sup>29</sup> Hojjetichi akka isaatii sun immoo miilla isaa jalatti kufee, ‘Anaaf obsi, gatii kees siifan baasa’ jedhee kadhate. <sup>30</sup> Abbaan gatii garuu in dide; hamma namichi gatii isaa baasuufitti, dhaqee mana hidhaatti isa galchisiise. <sup>31</sup> Hojjetoonni akka isaatii warri kaan waan ta'e kana yommuu argan baay'ee gaddan; dhaqaniis waan ta'e kana hundumaa gooftaa isaaniitti himan.

<sup>32</sup> Kana irratti gooftaan isaa hojjetaa isa duraa sana waamsisee, ‘Ati hojjetaa hamaa nana! Ani gatii si irra jiru sana hundumaa waan ati ana kadhateefan siif dhiise. <sup>33</sup> Akkuma ani siif oo'e, atis immoo hojjetaa akka keetiitiif oo'uun siif hin ta'u turee ree?’ jedheen. <sup>34</sup> Akkasitti gooftaan isaa dheekkamee, hamma inni gatii isa irra jiru hundumaa baasutti, dabarsee warra isa dhiphisaniitti kenne.

<sup>35</sup> “Isinis tokkon tokkon keessan garaa keessaniin obboleessa keessaniif yoo dhiisuu dhabaattan, abbaan koo inni waaqa irraa akkas isin in godha” jedhe.

### **Zakewos** Luqaas 19:1-11

*Seensa: Namichi Waaqayyoon beekuun gara saba isaatti deebi'e.*

<sup>19:1</sup> Yesus Yerikoo dhufee keessa darbe. <sup>2</sup> Namni Zakewos jedhamu tokko achi ture. <sup>3</sup> Zakewos kun Yesus isa kam akka ta'e baruu barbaade; garuu namoonni waan baay'taniif, hojjaan isaas gabaabaa waan tureef, isa arguu hin dandeenye. <sup>4</sup> Yesus karaa sana irra akka darbu yommuu beeke, namichi isa arguudhaaf dura fiigee, qilinxoo tokko yaabe.

<sup>5</sup> Yesus iddoo sana yommuu ga'e, ol ilaalee, “Yaa Zakewos, dafii gad bu'l, har'a mana kee ooluun anaaf ta'ao” jedheen. <sup>6</sup> Zakewos dafee gad bu'ee, gammachuudhaan Yesusiin simate. <sup>7</sup> Jarri kana arganii, “Keessummmaaf mana nama cubbamaa kanaa dhaqe” jedhanii, hundumti isaanii Yesuus irratti guunguman.

<sup>8</sup> Zakewos garuu ka'ee gooftichaan, “Yaa gooftaa walakaa qabeenya kootii warra deegaadhaaf nan kenna, kana malees eenyu irraa illee waan tokko giddisiisee fudhadheera yoon ta'eef, dacha afur nan baasaaf” jedheen. <sup>9</sup> Yesus deebiseefii, “Har'a fayyinni maatii kanaaf ta'eera; namni kunis immoo ilma Abrahaami'o 10 ilmi namaa isa bade barbaaduudhaaf fayyisuudhaafis dhufeera” jedhe.

### **Barxiimewos** Mar 10:46

*Seensa: Seenaan Kun, Jireenya Yesuus Gara Dhumaa Irratti Utuu Inni Gara Yersaalemitti Deemaa Jiruu Raawwatame.*

<sup>46</sup> Yeroo Yesus bartoota isaatii fi tuuta sonaan baay'ee wajjin Yerikoodhaa ba'ee adeemuuf jedhetti, Barxiimewos ilmi Ximeewos, namichi jaamaan tokko, karaa bukkee taa'ee in kadhata ture. <sup>47</sup> Yesus nama biyya Naazireet ta'uu isaa yommuu dhaga'e, iyeye, “Yesus! Ilma Daawit na maari!” jedhe. <sup>48</sup> Namoonni baay'een calluma jechisiisuudhaaf isa ifatan; inni garuu ittuma caalchisee iyeye, “Ilma Daawit, na maari!” jedhe.

<sup>49</sup> Yesus yommuus dhaabatee, “Waamaa!” jedhe. Isaan immoo namicha jaamaa sana waamanii, “Jabaadhu, ka’i! Si waama!” jedhaniin. <sup>50</sup> Kanaaf inni wayyaa isaa of irraa darbatee, utaalee ka’ee, gara Yesus dhufe.

<sup>51</sup> Yesusis, “Maal akkan siif godhu barbaadda?” jedheen. Namichi inni jaamaan immoo deebisee, “Agartuu koo akka anaaf deebiftu, yaa barsiisaa!” jedheen. <sup>52</sup> Yesus immoo, “Karaa kee dhaqi, amantiin kee si fayyiseera!” jedhe. Achumaanis agartuun isaa deebi’eefii, karaattis isa duukaa bu’e.

### **Yesus Ulfinaan Yerusaalemitti Galuu Isaa** Luq 19:29-40; 45-48/ Yoh 12:15

<sup>29</sup> Betfaageedhaa fi Bitaanayaatti, gaara “Gaara ejersaa” jedhamuttis yommuu dhi’aate, bartoota isaa keessaa lama erge. <sup>30</sup> Ganda fuullee keessan jiru sana dhaqaa, akkuma achi galtaniin ilmoo harree [yaabbii] hidhamee jiru, homtinuu takkaa kan hin yaabiin in argitu, hiikaatii as fidaa. <sup>31</sup> Namni, ‘Maaliif ilmoo harree kana hiiktu?’ jedhee yoo isin gaafate, ‘Gooftaatu dhimma isaa qaba’ ittiin jedhaa” jedhe. <sup>32</sup> Bartoonni ergaman dhaqanii, akkuma Yesus isaanitti hime ta’ee argatan. <sup>33</sup> Utuu isaan ilmoo harree [yaabbii] sana hiikuutti jiranii, warri horii kanaa, “Maaliif ilmoo harree kana hiiktu?” jedhanii isaan gaafatan. <sup>34</sup> Isaan immoo, “Gooftaatu dhimma isaa qaba” jedhanii deebisaniif, Mar 11:6 warri horiis akka ilmoo harree kana fudhatan eeyyamaniif.

<sup>35</sup> Akkasitti harree sana Yesusiif fidan, uffata isaanii irra buusanii Yesusiin irra kaa’an. <sup>36</sup> Yesus yaabbatee utuu adeemuu, namoonni uffata isaanii karaa inni irra darbu irra afan. <sup>37</sup> Mandara Yerusaalemitti dhi’aachaa, gad bu’a gaara ejersaa yommuu ga’e, tuuti bartootaa hundumti isaanii hojii dinqisiisaa argan hundumaaf gammadanii, sagalee guddaadhaan Waaqayyoo galata dhi’eessuutti ka’an.

<sup>38</sup> Mootiin ergamee maqaa Waaqayyo gooftaatiin dhufu, galateeffamaa dha; <sup>Yoh 12:15</sup> “Yaa ijoollee Xiyoon hin sodaatinaa, kunoo, mootiin keessan ilmoo harree irra taa’ee in dhufa” jedhame.

<sup>39</sup> Tuuta jaraa keessaa Fariisonni tokko, “Yaa barsiisaa, bartoota keetti dheekkami!” jedhaniin. <sup>40</sup> Yesus immoo, “Ani isinittan hima, isaan kun calluma utuu jedhanii, dhagoonni kun in iyyu turan” jedhee deebiseef.

<sup>45</sup> Yesus mana qulqullummaatti galee, warra bitanii gurguraa jiran manicha keessaa baasutti ka’e. <sup>46</sup> Isaanitti dheekkamee, “ ‘Maanni koo mana kadhataa ti’ jedhamee caafameera, isin garuu holqa hattuu isa godhattan” jedhe.

<sup>47</sup> Yesus guyya uyyaatti mana qulqullummaa keessatti barsiisaa ture; luboonni warri angafoonnii fi barsiisonni seeraa, maanguddoota jaraa ofitti dabalani, isa balleessuu barbaadan. <sup>48</sup> Haa ta’u iyyuu malee, warri kaan hundinuu yaada guutuu dhaan dubbii isaa dhaggeeffachuutti waan qabamaniif, waa isa gochuu dhaaf fucha hin arganne.



## Maariyaam Yesusiin Urgooftuu Dibuu Ishee Yoh 12/ Mat 26:13

*Seensa: Yesuus Michuu Maatii Maariyaamii fi Maartaa Ture, Obboleessa Isaani Alaazaariin Du'aa Kaasee Ture.*

<sup>1</sup> Ayyaaneffamuu Faasiikaa guyyaa ja'aan jiru, Yesus Bitaaniiyaa iddoo Alaazaar ture dhaqee; inni isa Yesus warra du'an keessaa dammaqse ture. <sup>2</sup> Achitti irbaata qopheessaniif; Maartaan in ergamti, Alaazaar garuu warra isaa wajjin maaddiitti dhi'aatan keessaa tokko ture. <sup>3</sup> Maariyaam yommuu urgooftuu dibataa makaa hin qabne hidda biqiltuu gati-jabeessa "Naardos" jedhamu irraa kan hojjetame, akka walakkaa liitrii kan ta'u fuutee, miilla Yesus lachuu dibdee, rifeensa mataa isheetiin is haxooftte; manichi immoo foolii urgooftuu sanaatiin in guutame.

<sup>4</sup> Bartoota isaa keessaa tokko, Yihudaan namni biyya Keriyot, inni isa qabsiisuuf jira ture garuu kana irratti, <sup>5</sup> "Urgooftuun kun meetii dhibba sadiitti gurguramee, maaliif warra hiyyeessotaaf hin kennamne?" jedhee dubbate. <sup>6</sup> Kana immoo hiyyeessotaaf oo'ee miti, hattuu waan tureef jedhe malee; korojoo horii isaanii isa baatu keessaas in fudhata ture. <sup>7</sup> Yesus immoo, "Ishee dhiisi! Guyyaa awwaala kootiif na qopheessuudhaaf urgoofticha keesse'o. <sup>8</sup> Namoota hiyyeessota yeroo hundumaa of biratti in argattu, ana garuu yeroo hundumaa hin argattan. <sup>Mat 26:13</sup> Ani dhuguman isiniin jedha, guutummaa biyya lafaatti, iddoodhuma wangeelli itti lallabametti, wanti isheen goote immoo seenaa isheetiif in dubbatama" isaaniin jedhe.

## Hirbaata Qulqulluu Mat 26:14-35, Yoh 14:1-6; 15:12

*Seensa: Yesuus Yeroo Dhumaa fi Erga Bartoota Isaa Wajjiniin Irbaatatti Dhi'aatee Booddee Isa Ganan.*

<sup>14</sup> Yommuu warra kudha lamaan keessaa tokko, Yihudaa nama biyya Keriyot inni jedhamu, gara luboota warra angafootaa dhaqee, <sup>15</sup> "Isa dabarsee yoon isinitti kenne, maal anaaf laattu?" ittiin jedhe; isaan immoo meetii soddoma muraniif. <sup>16</sup> Yihudaan yeroo sanaa jalqabee dabarsee isa kennuudhaaf fucha in barbaada ture.

<sup>20</sup> Yommuu galgalaa'e immoo bartoota isaa kudha lamaanii wajjin maaddiitti taa'e. <sup>21</sup> Utuu isaan nyaachaa jiranii Yesus, "Dhuguman isiniin jedha, isin keessaa tokko dabarsee na kennuuf jira" jedhe. <sup>22</sup> Kana irratti isaan baay'ee gaddanii, tokko tokkoon, "Ana miti kaa gooftaa! Anaa ree?" ittiin jechuu jalqaban. <sup>23</sup> Inni immoo deebisee, "Inni anaa wajjin harka kaa'ee qodaa ittootti cuuphate dabarsee na kennuuf jira. <sup>24</sup> Ilmi namaa illee akkuma waa'ee isaaf caafametti du'uuf in dhaqa; garuu namicha ilmi namaa harka isaatiin dabarfamee kennamu sanaaf wayyoo! Namichi sun utuu hin dhalanne ta'ee in wayyaaf ture" jedhe. <sup>25</sup> Yihudaan inni dabarsee isa kennuuf jedhes deebisee, "Ana miti kaa, barsiisa! Anaa ree?" jedheen; inni immoo, "Atumtuu jette kaa" ittiin jedhe.

<sup>26</sup> Utuu nyaachaa jiranii, Yesus buddeena fuudhee, eebbisee cabsees bartoota isaatiif kennee, "Fudhadhaa nyaadhaa, kun dhagna koo ti!" jedhe. <sup>27</sup> Xoofos fudhatee Waaqayyoo galata galchee, isaaniifis kennee, "Hundumti keessan kanattii dhugaa! <sup>28</sup> Kun dhiiga koo ti, dhiigni kun kakuu dhaabate sana cimsuudhaaf, dhiifamuu cubbuu namoota baay'eetiif dhangala'a.

Yoh 14:1 "Garaan keessan hin raafamin, Waaqayyotti amanaa, anattis amanaa! <sup>2</sup> Mana abbaa koo keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira; utuu inni hin jiru ta'ee, isinitti nan himan ture; iddoo jiru sana isiniif qopheessuudhaaf nan adeema. <sup>3</sup> Yommuun dhaqee iddoo sana isiniif qopheessus, iddoodhuma ani jiru isinis akka jiraattaniif, deebi'ee dhufetan gara ofii kootiitti isin fudhadha. <sup>4</sup> Lafa ani dhaqu, karicha achi geessus in beektu" jedhe. <sup>5</sup> Toomaas immoo, "Yaa gooftaa, eessa akka ati dhaqxu hin beeknu, karicha immoo attamitti beekuu dandeenya?" jedheen. <sup>6</sup> Yesus deebisee, "Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu. <sup>15:12</sup> "Abboommiin koo isa kana; ani akkan isin jaalladhe, isinis wal jaalladhaa!

Mat 26:30 Faarfannaa galataa erga faarfatanii immoo gara gaara ejersaatti ol ba'an. <sup>31</sup> Ergasii Yesus, "Isin hundumti keessan edana ana mamtanii na buusuuf jirtu,

'Ani tiksee rukutee lafaan nan dha'a, hoolonni karra sanaas in bittimfamu' jedhamee caafameera.

<sup>33</sup> Phexros immoo deebisee, "Isaan hundinuu si mamanan yoo si buusan iyyuu, ani gonkumaa si hin buusu" jedheen. <sup>34</sup> Yesus yommu, "Dhuguman siin jedha, halkanuma kana indaanqoon utuu hin iyyin, ati si'a sadii na ganta" ittiin jedhe. <sup>35</sup> Phexros garuu, "Sii wajjin du'uun yoo na irraa barbaadame illee ani matumaa si hin ganu" jedheen; bartoonni hundinuu akkasuma jedhan.

## **Qabamuu fi Hidhamuu Yesuus** Luqaas 22:40-71

<sup>40</sup> Iddoo sana yommu ga'e, "Qoramatti akka hin galleef kadhadaa!" isaaniin jedhe. <sup>41</sup> Inni hamma darbannaa dhagaa tokkoo isaanittii fagaatee, jilbeenfatees kadhachaa ture; <sup>42</sup> "Yaa abbaa, kun akka fedha kee yoo ta'e, xoofoo dhiphinaa ani fudhachuudhaaf jiru kana ana irraa fuudhi; garuu akka ani jaalladhe utuu hin ta'in, akka ati jaallatte haa ta'u!" jedhe. <sup>43</sup> Yommu ergamaan Waaqayyoo tokko isa jajjabeessuudhaaf waaqa irraa itti mul'ate. <sup>44</sup> Muddama isaa keessattis ittuma cimsee kadhate; dafqi isaas akka coccopha dhiigaa lafatti gad rooba ture.

<sup>45</sup> Kadhata irraa ka'ee, gara bartoota isaa yommu dhufe, bartoonni gaddaan waan bututaniif rafanii isa eegan. <sup>46</sup> Inni immoo, "Attamitti rafuu dandeessu? Ka'aa, qoramatti akka hin galleef kadhadaa!" ittiin jedhe. <sup>47</sup> Utuu Yesus kana dubbachaa jiruu kunoo, tuuti jaraa dhufan; bartoota kudha lamaan keessaa tokko Yihudaa kan jedhamu isaan fidee, Yesusin dhungachuudhaaf gara isaatti dhi'aate. <sup>48</sup> Yesus garuu, "Yihudaa, dhungachuudhaan ilma namaa dabarsitee kennitaa?" jedheen.

<sup>49</sup> Yesusii wajjin kan turanis waan ta'uuf jiru yeroo hubatanitti, "Yaa gooftaa, billaadhaan rukunnuu?" jedhan. <sup>50</sup> Tokko immoo isaanuma keessaa, garbicha angafa lubootaa rukutee, gurra isaa isa mirgaa irraa kute. <sup>51</sup> Yesus garuu, "Lakkisaa, wanti akkasii akka hin dabalanne" jedhee gurra namichaa isa cites qaqqabee fayyise.

<sup>52</sup> Kana booddee Yesus luboota warra angafoota, dura-buutuu eegduu mana qulqullummaa akkasumas maanguddoota warra isa qabuuf ba'aniin, "Akka warra saamtuu qabuudhaaf ba'aniitti billaadhaa fi bokkuudhaan yaatanii?" <sup>53</sup> Guyyaa dhufaa darbaa mana qulqullummaatti, yeroo ani isinii wajjin ture hundumaatti harka keessan anatti hin buufne; amma garuu yeroon isiniif kennameera, aangoon dukkanaas in beekama" jedhe. <sup>54</sup> Kana booddee Yesusin qabanii, fuudhanii adeeman, gara mana angafa lubootaattis geessan;

Phexros immoo irraa fagaatee duukaa in adeema ture. <sup>55</sup> Yeroo jarreen oobdii keessatti ibidda bobeessanii walii wajjin taa'anitti, Phexros isaan gidduu taa'e. <sup>56</sup> Inni gara ifaatti ba'ee teenyaan, intalli tokko ija itti baaftee, "Namichi kunis isaa wajjin ture" jette. <sup>57</sup> Inni garuu, "Intalattii nana, anoo isa hin beeku" jedhee gane. <sup>58</sup> Yeroo xinnoo booddee immoo namni kan biraa tokko isa argee, "Atis immoo isaan keessaa tokko" ittiin jedhe; Phexros garuu, "Ana miti, namicha nana" jedhe.

<sup>59</sup> Akka sa'aatii tokkoo booddees kan biraa tokko immoo cimsee, "Dhuguma namichi kunis isaa wajjin ture, innoo nama Galiilaa ti" jedhe. <sup>60</sup> Phexros garuu, "Namicha nana, waan ati jettu kun iyyuu anaaf hin galu" jedhe; utuu inni kana dubbachaa jiruus indaanqoon in iyyite. <sup>61</sup> Gooftaan yommu garagalee Phexrosin ilaale; Phexros dubbii gooftaa isa inni, "Har'uma utuu indaanqoon hin iyyin si'a sadii na ganta" ittiin jedhee ture yaadatee, <sup>62</sup> gad ba'ee mararamee in boo'e.

<sup>66</sup> Yommuu bari'es maanguddoonni sabaa, luboonni warri angafoonni, barsiisonni seeraas walitti qabamnaa, Yesus yaa'ii isaanii duratti akka dhi'aatu godhan. <sup>67</sup> Isaanis, "Ati Kristos isa abdachiifame yoo taate nutti himi!" ittiin jedhan. Inni garuu, "Yoo ani isinitti hime iyyuu hin amantan,

<sup>71</sup> Kana irratti isaan, "Nuyi ofii keenyaa afaan isaa irraa dhageenyeerra'o, dhugaa ba'uu kana irra caalu maal barbaachisa?" jedhan.

## **Fannifamuu Yesuus** Luq 23, Yoh 18, 19

Seensa: Warri Yihudotaa Yesuusiin Hadheessuun, Akka Mootichi Warra Roomaa Isa Fannisuu Eeyyama Gaafatan. Kun Seenaa Sagalee Waaqayyoo Keessaa Ta'edha.

<sup>1</sup> Kana booddee warri yaa'ii sana keessa jiran hundinuu ka'anii, Yesusin fuula Philaaxositti dhi'eessanii,

<sup>2</sup> "Namni kun saba keenya karaa irraa kaachisuu isaa, mootii warra Roomaatiif gibira baasuun hin ta'u jedhee ittisuu isaa, ani Kristos mootii dha ofiin jechuu isaa qorree bira geenyeerra" jedhanii isa hadheessuutti ka'an.

<sup>Yoh18:33</sup> Philaaxos yommuu Yesusin waamsisee, "Ati mooticha Yihudotaa tii?" jedhee isa gaafate.

<sup>36</sup> Yesus garuu deebisee, "Mootummaan inni kan kootii mootummaa biyya lafa kanaa miti" jedhe.

<sup>37</sup> Philaaxos, "Yoos immoo ati mootii dha kaa?" jedheen; Yesus deebisee, "Akka ani mootii ta'e ati iyyuu in jetta, dhugaadhaaf dhugaa ba'uufan dhaladhe, kanumaafanis gara biyya lafaa dhufe; inni kan dhugaa ta'e hundinuus, sagalee koo in dhaga'a" jedhe. <sup>38</sup> Kana irratti Philaaxos, "Dhugaan maal inni?" jedheen. Kana dubbatee ammas gara warra Yihudootaatti gad ba'ee, "Ani dabaa tokko illee isa irratti hin argu." Jedhe.

<sup>Luq 23;21</sup> Isaan garuu, "Fannisi, isa fannisi!" jedhanii itti iyyan. <sup>22</sup> Si'a sadaffaa immoo, "Maaliif? Maal balleesse? Firdii du'aatiin kan isa ga'u yakka irraa hin arganne; kanaafis adabeen gad isa dhiisa" isaaniin jedhe. <sup>23</sup> Isaan garuu akka inni fannifamuuf sagalee guddaadhaan jabeessanii kadhatan; iyyi jaraas harka fudhate. <sup>24</sup> Philaaxos kanaaf jarreen kan gaafatan akka raawwatamuuf farade.

<sup>26</sup> Yesusin fannisuuf utuu geessanii, nama biyya Qareenaa isa Simi'oon jedhamu tokko diidaa utuu galuu qabataniin, muka fannichaa baatee Yesus duubaan akka adeemuuf irra kaa'an.

<sup>32</sup> Namoota hamaa godhan lamas immoo ajjeesuudhaaf isaa wajjin geessan. <sup>33</sup> Iddoo "Lafee mataa" jedhamee waamamu yommuu ga'an, achitti Yesusin fannisan; warra hamaa godhanis, isa tokko mirga isaatti isa kaanis bitaa isaatti fannisan. <sup>34</sup> Yesus garuu, "Yaa abbaa, waan godhan hin beekani'o isaaniif dhiisi!" jedhe; warri isa fannisan immoo uffata isaa buufata mukaatiin hirmaatan. <sup>35</sup> Namoonni achi dhaabatanii in ilaalu turan; warri biyya seerratanis itti qoosanii, "Namni kun namoota biraa oolcheera, inni Masiihii isa Waaqayyo fo'ate yoo ta'e, ofii isaa haa oolchu!" jedhan. <sup>36</sup> Warri loltuus immoo itti ga'isaa, daadhii waynii dhangaggaa'e kennaniifii, <sup>37</sup> "Yoo dhuguma mooticha Yihudotaa taate, ofii kee oolchi!" jedhaniin. <sup>38</sup> Caaffanni, "**Mootichi Yihudotaa isa kana**" jedhu tokko immoo mataa isaa irraan ture.

<sup>39</sup> Warri hamaa godhanii achitti fannifaman lamaan keessaa inni tokko, "Ati Kristos isa abdachiifame miti moo? Eгаа'oo of oolchi, nuunis oolchi!" jedhee isa arrabse. <sup>40</sup> Inni kaan garuu isa ifatee, "Namana, akkuma isaa firdiidhaan dhiphachaa utuu jirtuu Waaqayyoon illee hin sodaattu moo? <sup>41</sup> Nuyi qajeeltootti nutti faradamee hojii keenya nyaanne; inni kun garuu homaa hin yakkine! jedheen.

<sup>42</sup> Yesusiin immoo, “Yaa Yesu, mootummaa keetiin yommuu dhuftu na yaadadhu!” jedhe. <sup>43</sup> Yesu immoo, “Dhuguman sitti hima, har'a anaa wajjin jannata keessatti in argamta” jedheen.

<sup>44</sup> Guyyicha keessaa sa'aatii ja'affaa ture; garuu kunoo, biiftuun ifa ishee waan dhabdeef, hamma sa'aatii salgaaffaatti dukkanni lafa hundumaa irra ture. <sup>45</sup> Golgaan mana qulqullummaas qixee lamaanitti tarsa'e. <sup>46</sup> Yesu yommuu sagalee guddaadhaan iyyee, “Yaa abbaa ko, hafuura koo harka keettan kennadha!” jedhe. Utuu inni kana dubbatuus hafuurri isaa keessaa yaa'e.

<sup>50</sup> Biyya Yihudootaa mandara Armaatiyaa keessa namni gaariidhaa fi qajeelaan, Yoseef jedhamu tokko ture. <sup>52</sup> Namni kun Philaaxos bira dhaqee reeffa Yesu kadhate. <sup>Yoh 19:39</sup> Niqoodemos immoo inni gaafa jalqabaa halkaniin Yesu bira dhufe, waliin makaa qumbii fi sabirii naxirii dhibba tokko kan ta'u fuudhee iddoo sana dhaqe.

<sup>55</sup> Dubartoonni Galiilaadhaa Yesu duukaa bu'an sun Yoseefii wajjin dhaqanii, iddoo awwaalichaa akkasumas akka itti reeffi isaa kaa'ame hubatan. <sup>56</sup> Achumaa deebi'anii immoo waan ittiin reeffa isaa sukkuuman urgooftuudhaa fi dibata qopheessan; guyyaa Sanbataatti garuu akka seerri ajajutti in boqotan.

## **Yesu Du'aa Ka'uu Isaa** Luq 24/ Mat 28 / Hoe 1

*Seensa: Seenaan Kun Ka'umsa Jalqabbii Seenaati.*

<sup>1</sup> Guyyaa jalqaba torbaniitti, obboroodhaan, dubartoonni sun urgooftuu dibataa isa qopheessanii turan, fudhatanii gara awwaalichaa dhaqan. <sup>4</sup> kunoo dingata namoonni lama wayyaa caccalaqqisaa uffatanii isaan bukkee dhaabatan. <sup>5</sup> Namoonni sun immoo, “Isa jiraataa maaliif warra du'an keessa barbaaddu?” <sup>6</sup> Innoo as hin jiru, ka'eera.

<sup>9</sup> Iddoo awwaalichaatii yeroo deebi'an immoo, kana hundumaa ergamootatti odeessan. <sup>11</sup> Garuu ergamoonni dubbii isaanii hin amanne. <sup>12</sup> Haa ta'u iyyuu malee, Phexros ka'ee gara iddoo awwaalichaatti fiigee, gad jedhees awwaalicha keessatti kafana isaa duwwaa arge; kana booddee immoo wanta ta'e kana dinqifachaa gara manaatti deebi'e.

<sup>13</sup> Gaafasuma isaan keessaa namoonni lama gara ganda Emaahus jedhamu tokko in dhaqu turan. <sup>15</sup> Utuu isaan haasa'aa, irrattis dudubbachaa adeemanii, Yesu ofii isaa isaan bira ga'ee, isaanii wajjinis adeeme. <sup>17</sup> Yommuu Yesu, “Inni isin walii wajjin haasa'aa adeemtan kun, maali?” jennaan, nyaara guuranii achuma dhaabatan. <sup>18</sup> Isaan keessaa inni Qileyophaa jedhamu tokko deebisee, “Warra Yerusaalem jiraatan keessaa waan gidduu kana mandaricha keessatti ta'e kan hin beekne, si'uma duwwaa dhaa?” jedhe. <sup>19</sup> Inni, “Waan attamii ti?” isaaniin jennaan, isaan immoo, “Waa'ee Yesu nama Naazireet, isa gochatti dubbiittis Waaqayyoo fi namoota duratti raajii aango-qabeessa ture sana, <sup>20</sup> akka luboonni warri angafoonni, warri biyya seerratanis duuni itti haa faradamuuf dabarsanii isa kennan, akka isa fannisanis. <sup>22</sup> Kana malees, warra gara keenyaa keessaa dubartoonni ganama obboroo iddoo awwaalichaa dhaqan tokko, akka abjuu nu godhan. <sup>27</sup> Innis macaafa Musee fi macaafota raajotaa hundumaa keessatti iddoo itti waa'ee isaatiif dubbatu hundumaa isaaniif hiike.

<sup>28</sup> Gara ganda jarri lamaan itti adeemaa turanittis dhi'aannaan, Yesu akka waan darbee adeemuu fedheetti aggaame. <sup>29</sup> Isaan garuu, “Nu bira turi, galgalaa'ee aduunis gad sokkiteetti” jedhanii jabeessanii isa kadhatan; kanaaf isaan bira turuudhaaf duukaa ol gale. <sup>30</sup> Jaraa wajjin nyaatatti yeroo dhi'aates, buddeenicha fuudhee, eebbisee, cabsees isaaniif kenne. <sup>31</sup> Yommuu iji isaanii ittifamee kan ture gad dhiifame, hubatanis, inni garuu isaan duraa miliqe.

<sup>32</sup> Isaan immoo, “Yeroo inni karaatti nutti dubbachaa, macaafa keessatti kan caafames nuu ibsaa dhufe garaan keenya in raafame, mitii ree?” waliin jedhan. <sup>33</sup> Yeroodhuma sanattis ka'anii Yerusaalementi deebi'an; achitti immoo bartoota kudha tokkon, warra isaan biraa wajjin walitti qabaman argan.

<sup>36</sup> Jarreen lamaan kana utuu himaa jiranii, Yesus ofii isaa isaan gidduu dhaabatee, “Nagaan isiniif haa ta'u!” isaaniin jedhe. <sup>37</sup> Isaan garuu ekeraa waan argan itti fakkaatee, na'anii sodaatan. <sup>38</sup> Inni immoo, “Maaliif yaadaan rakkattan? Mamnis maaliif garaa keessan keessaa ka'a? <sup>39</sup> Harka koo fi miilla koo ilaalaa, ana mataa koo ti'o; mee qaqqabaa na ilaalaa, ekeraan foonii fi lafee hin qabu, ani garuu akkan qabu in argitu” jedhe.

<sup>44</sup> Kana booddees Yesus, “Yommuun isinii wajjin ture waa'ee kootiif seera Musee, macaafa raajotaa fi, macaafa faarfannaa keessatti kan caafame hundinuu raawwatamuuf akka jiru, kan ani isinitti hime, kunoo isa kana” isaaniin jedhe. <sup>45</sup> Ergasii macaafa haa hubataniif sammuu isaanii ibseef. <sup>46</sup> “Kristosichi dhiphachuuf, guyyaa sadaffaattis du'aa ka'uuf akka jiru, <sup>47</sup> yaada garaa geddarachuunii fi dhiifamuun cubbuu maqaa isaatiin Yerusaalementi jalqabee saba lafa irraa hundumaatti akka lallabamuuf jiru, caafameera. <sup>Mat 28:19</sup> Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! <sup>Luq 24:49</sup> Kunoo, isa abbaan koo isin abdachiise isiniif nan erga.

Hoe 1:3, 8 Yesus du'a isaa booddee, jiraataa akka ta'e, deddeebi'ee karaa hin mamsiifneen guyyaa afurtamaaf akka isa argan godhe, “Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; Yerusaalementi, Yihudaa hundumaatti, Samaariyaatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatu koo in taatu” isaaniin jedhe.

<sup>Luq 24:50</sup> Kana booddee Yesus mandaricha keessaa baasee, hamma Bitaaniiyaatti isaan geesse; harka isaa lachuu ol fuudhees isaan eebbise. <sup>51</sup> Utuma isaan eebbisaa jiruus, isaan irraa gargar ba'ee, gara waaqa keessaatti ol fudhatame. <sup>52</sup> Isaanis sagadaniifii, gammachuu guddaadhaan gara Yerusaalementi deebi'an; <sup>53</sup> gaafa hundumaas mana qulqullummaa keessatti maqaa Waaqayyoo galateeffachaa turan.

## **Guyyaa Shantammaffaa** Hoe 2

*Seensa: Waldaan Kiristiyaanaa Erga Yesuus Gara Samiitti Ol-butamee Booda Guyyaa Shantammaffaa irratti Hundeeffamte.*

<sup>1</sup> Ayyaanni guyyaa shantammaffaa inni “Phenxeqostee” jedhamee beekame yommuu ga'e, hundinuu iddoo tokkotti walitti qabamanii turan. <sup>2</sup> Dingatas huursaan waaqa irraa akka bubbee bubbisuutti dhaga'amee, manicha isaan keessa jiranis guute. <sup>3</sup> Arraba ibiddaa kan fakkaatan isaanitti mul'atan, gargar tamsa'aniis, wanti akka arraba ibiddaa kun tokkon tokkon isaanii irra taa'an. <sup>4</sup> Yommuu hundumti isaanii hafuura qulqulluudhaan guutaman; akka hafuurri dubbachuu isaa isaaniif kennetti, afaan garaa garaa dubbachuu jalqaban.

<sup>5</sup> Yihudoonni Waaqayyoon sodaatan Yerusaalementi kan jiraatan, saba irra lafa hundumaa keessaa kan dhufan turan. <sup>6</sup> Jarreen kun hundinuu huursaa kana yommuu dhaga'an, iddoo kun ta'etti dacha'an; warri hafuura qulqulluudhaan guutaman kun afaan tokkon tokkon isaaniitiin akka dubbatan dhageenyaan, waan jedhan wallaalan. <sup>7</sup> Na'anii dinqifatanii, “Warri dubbachaa jiran kun hundinuu Galiilota miti moo?” jedhanii gaafatan. <sup>8</sup> Dabalaniis, “Tokkon tokkon keenya attamitti afaan itti dhalanneen isaan dhageenya? <sup>12</sup> Hundumti isaanii na'anii waan godhan wallaalanii, “Kun maal ta'uuf jedha?” jedhanii wal gaggaafatan. <sup>13</sup> Kaan immoo, “Isaan kun daadhii jaba qufaniiru” jedhanii itti ga'isan.

<sup>14</sup> Phexros garuu warra kudha tokkoo wajjin dhaabatee, sagalee isaa ol fudhatee, namootatti dubbachuutti ka'e, "Isin yaa warra Yihudootaa, warri Yerusaalem jiraatanis hundinuu, mee hubadhaa, dubbiiin koos isiniif haa galu!" <sup>15</sup> Jarreen kun kan machaa'an isinitti hin fakkaatin, amma ganama, yeroonis sa'aatii sadaffaa dha! <sup>16</sup> Inni asitti ta'e kun garuu, waan Waaqayyo afaan raajicha Yo'eliin dubbatee dha; <sup>17</sup> 'Guyyaa gara dhumaatti akkana in ta'a jedha Waaqayyo, foon-qabeessa hundumaaf hafuura koo nan kenna, ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu; dargaggoonni keessan mul'ata in argu, maanguddoonni keessanis abjuu in abju'atu. <sup>21</sup> Maqaa gooftaa kan waammatu hundinuu immoo in oola' jedhe.

<sup>22</sup> "Isin yaa warra Israa'el, dubbii kana dhaggeeffadhaa, Waaqayyo harka Yesus nama Naazireet kanaan, hojii aangoo isaa, dinqiidhaa fi milikkita garaa garaa kan isin beektan, isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe. <sup>23</sup> Namni kun akka Waaqayyo dur murtoo godhetti, akka yaada isaattis dabarfamee kenname; isin immoo harka warra seera Waaqayyoo hin eegneetiin, muka irratti fanniftanii isa ajjeefan. <sup>24</sup> Waaqayyo garuu hidhaa du'aattii hiike; inni harka du'aa jalatti qabamee turuu waan hin dandeenyeef, du'aa isa kaase. <sup>36</sup> Egaa Waaqayyo, Yesus isa isin muka irratti fannifan kana gooftaadhaa fi Masiihii akka godhe, Israa'elonni hundinuu utuu hin mamin haa beekan!" jedhe.

<sup>37</sup> Namoonnis kana dhaga'anii garaan isaanii baqaqe; Phexrosii fi ergamoota warra kaaniin, "Yaa obbolloota nana, maal goonu ree?" jedhan. <sup>38</sup> Phexros immoo, "Yaada garaa keessanii geddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkon tokkon keessan maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kenna hafuura qulqulluus in fudhattu. <sup>41</sup> Warri dubbii isaa fudhatan in cuuphaman; kanaaf guyyaa sanatti akki lubbuu kuma sadii isaanitti in dabalaman.

<sup>42</sup> Amantoonnis barsiisa ergamootaatti, tokkummaa isaanii cimsachuutti, buddeena cabsachuutti, kadhata godhachuuttis qabamanii jiraatan. <sup>43</sup> Dinqiinii fi milikkinni baay'een harka ergamootaatiin in godhamu, namoonni hundinuus Waaqayyoon in sodaatu turan. <sup>44</sup> Kan amanan hundinuu walii wajjin iddoodhuma tokko turan, kan isaan qaban hundinuus qixee ture. <sup>45</sup> Araddaa isaaniitii fi qabeenya isaanii gurguranii, horii isaas hundumaafuu, akka isa barbaachisetti in hiru turan. <sup>46</sup> Guyyaa guyyaatti yaada tokkoon mana qulqullummaatti deddeebi'anii, manuma mana isaaniittis buddeena cabsatanii, gammachuudhaan, garaa qulqulluudhaanis nyaata isaanii waliin ga'anii in nyaatu turan. <sup>47</sup> Isaan Waaqayyoon in galateeffatan, saba hundumaa durattis ayyaana argatan; gooftaanis guyyaa guyyaatti warra fayyan amantootatti in dabale.

### **Fayyina Balbala Miidhagaa Duratti Ta'e Hoe 3**

<sup>1</sup> Gaaf tokko Phexrosii fi Yohannis yeroo kadhata waaree booddee, innis sa'aatii salgaffaatti, gara mana qulqullummaatti ol in adeemu turan. <sup>2</sup> Kunoos namni dhaloota isaatii jalqabee naafate tokko, achi ture; innis guyyuma guyyaatti baatamee dhufee, "Balbala miidhagaa" isa jedhamu sana dura taa'ee, warra mana qulqullummaa dhaqan irraa horii in kadhata ture. <sup>3</sup> Namichi, Phexrosii fi Yohannis mana qulqullummaatti ol lixuuf akka dhufan argee, horii isaan kadhate. <sup>4</sup> Phexrosii fi Yohannis ijaan isa qaban; Phexros immoo, "Nu ilaali!" jedheen. <sup>5</sup> Yommus inni waa isaan biraa kan argatu se'ee, ija keessa ilaale.

<sup>6</sup> Phexros garuu, "Ani meetii fi warqee hin qabu, waanan qabu garuu siifan kenna; maqaa Yesus Kristos nama Naazireetiin ka'ii, adeemi!" jedheen. <sup>7</sup> Harka isaa mirgaa qabee isa kaases, achumaanis miilli isaa fi gulubiin isaa jabaatan. <sup>8</sup> Utaalees ka'ee ijaajjee, adeemees, isaanii wajjin mana qulqullummaa lixee, asii fi achi adeemee, quruphisaa Waaqayyoon galateeffate.

<sup>9</sup> Namoonni hundinuu utuu inni asii fi achi adeemuu, Waaqayyoonis utuu galateeffatuu argan; <sup>10</sup> mana qulqullummaa, “Balbala miidhagaa” dura taa'ee, horii kadhataa inni ture isa akka ta'es baranii, waan isaaf godhame kanaafis fajajanii baay'ee raajeffatan. <sup>11</sup> Yeroo namichi Phexrosii fi Yohannis biraaf hafuu dide sanatti, namoonni hundinuu dinqifachaa gara isaaniitti, gara jalgala mana qulqullummaa isa “Gardaafoo Solomoon” jedhamuutti fiigan. <sup>12</sup> Phexros yommuu kana arge jaraan, “Yaa namoota Israa'el, maaliif kanatti dinqifattu? Akka waan nuyi humna keenyaan yookiis qulqullummaa ofii keenyaan isa adeemsifneettis, maaliif fajajanii nu ilaaltu? <sup>13</sup> Isin, Yesusin Philaaxositti dabarsitanii laattan; yeroo inni isa gad dhiisuuf murtoo godhettis, fuula yaa'ii isaa dura dhaabattanii isa gantan; Waaqayyo inni kan Abrahaam kan Yisahaq kan Yaaqoobis, Waaqayyo abaabilii keenyaa, garuu hojjetaa isaa kana ol ol qabeera. <sup>14</sup> “Yesus qulqulluu fi qajeelaa ture; isin garuu isa gantanii, nama gumaa akka isiniif hiikuuf Philaaxosin kadhattan. <sup>15</sup> Isa namoota gara jireenyaatti geessus ajjeftan, Waaqayyo immoo du'aa isa kaase, kanaafis nuyi dhuga-baatuu dha. <sup>16</sup> Humna maqaa Yesustu, maqaa isaattis amanuutu, namicha naafa isin argitanii fi beektan kanaaf jabina kenne; amantiin Yesusiin kenname immoo, fuula hunduma keessanii duratti fayyaa guutuu kenneef.

<sup>17</sup> “Ammas yaa obboloota nana, isin, warri isin geggeessanis, waan gootan hundumaa utuu hin hubatin akka gootan, anuu beeka. <sup>19</sup> Egaa yaada garaa keessanii geddaradhaa, inni cubbuu keessan akka isiniif haxaa'utti gara Waaqayyootti deebi'aa. <sup>20</sup> Waaqayyo yeroo itti hafuurri keessan haareffamu akka isiniif fiduuf, Yesus Masihiicha, isa duraan dursee isiniif qopheessee tures, akka isiniif erguuf deebi'aa! <sup>24</sup> Raajonni Saamu'elii jalqabanii ka'anii fi dubbatan hundinuu, waa'ee bara kanaa labsaniiru. <sup>25</sup> Raajonni kan dubbatan isiniif; kakuu Waaqayyo abaabilii keessaniif dhaabe keessaas in hirmaattu; Abrahaamiin, 'ljoollee ijoollee keetiin sabni biyya lafaa irraa hundinuu in eebbifamu' jedhee ture.

#### **Yohannisii fi Phexros Himatamuu isaanii** Hoe 4

<sup>1</sup> Phexros gaafas Yohannisii wajjin namootatti dubbii kana dubbachaa utuu jiruu, luboonnii fi dura-buutuun eegduu mana qulqullummaa, Saduqoonnis isaan biraan ba'an. <sup>2</sup> Ergamoonni kun namoota barsiisanii, Yesus du'aa akka ka'e, du'aa ka'uunis akka jiru waan lallabaniif, isaanitti aaran. <sup>3</sup> Jarri yeroo sanatti lachuu isaanii qabatanii, waan galgalaa'eef hamma bari'utti mana hidhaatti kennan. <sup>4</sup> Warra dubbicha dhaga'an keessaa baay'een garuu in amanan; lakkoobsi amantootaas kan dhiirotaa duwwaan iyyuu akka kuma shanii ga'e.

<sup>5-7</sup> Lafti bariinaan, gurguddoonni Yihudootaa fi maanguddoonni, barsiisonni seeraas, ergamoota qaban sana yaa'ii dura dhaabachiisanii, “Humna maaliitiin yookiis maqaa eenyuutiin kana gootan?” jedhanii gaafatan. <sup>8</sup> Phexros yommuu hafuura qulqulluudhaan guutamee, “Isin gurguddoota biyyaa maanguddootas kan taatan, <sup>9</sup> amma gochaa gaarii namicha naafa ture kanaaf godhameef, akka inni itti fayyeeffis in gaafatamna erga ta'ee, <sup>10</sup> namichi amma fayyaa ta'ee isin dura dhaabatu kun, maqaa Yesus Kristos nama Naazireetiin akka fayye, isin hundumti keessan beekaa! Namoonni Israa'el hundinuu kana haa beekan. Isin Yesusin in fanniftan, in ajjeftanis; Waaqayyo garuu warra du'an keessaa isa kaase. <sup>11</sup> Inni kun dhagicha, isa isin warri ijaartuun tuffattan, inni garuu dhagaa mataa golee qajeelchu ta'e. <sup>12</sup> Fayyinnis Yesus Kristos duwwaadhaan malee, kan biraatiin tokko illee hin jiru; maqaan kan biraaf, ittiin fayyuun kan nuuf ta'u, waaqa jalaa ilmaan namootaaf hin kennamne” jedhe.

<sup>13</sup> Warri yaa'ii sanaas Phexrosii fi Yohannis ija jabinaan akka dubbatan yommuu caqasan, barumsa dheeraa akka hin qabne, kan hin beekamnes akka ta'an hubatanii, in dinqifatan; haa ta'u iyyuu malee, jarreen kun Yesusii wajjin akka turan isaaniif gale. <sup>14</sup> Namichi inni fayye sunis, Phexrosii fi Yohannisii wajjin utuu dhaabatuu arganii, akka itti isaan hammeessan dhaban. <sup>18</sup> Kana booddee ol isaan waamanii, maqaa Yesusiin raawwatanii akka hin dubbannee fi akka hin barsiifne, isaan abbooman. <sup>19</sup> Phexrosii fi Yohannis isaaniif deebisanii, “Kan Waaqayyoo dhaga'uu irra, kan keessan dhaga'uun Waaqayyo duratti

qajeelaa yoo ta'e, isinumti faradaa! <sup>20</sup> Nuyi garuu ofii keenyaa kan arginee fi kan dhageenye himuu dhiisuu hin dandeenyu" jedhan! <sup>21</sup> Yaa'ichi ittuma caalchisee isaan doorsisee, gad isaan dhiise; namoonni hundinuu dinqii isa godhameef Waaqayyoo hooqubaa waan dhi'eessaniif, ergamoota sana adabuudhaaf karaa dhabe ture. <sup>22</sup> Namichi inni dinqiin fayyinaa godhameef sun immoo, nama waggaa afurtama gararraa ture. <sup>33</sup> Ergamoonnis humna guddaa argisiisuudhaan du'aa ka'uu gooftaa Yesu dhugaa ba'an; ayyaana guddaas qabu turan.

### **Anaaniyaasii Fi Safiiraa** Hoe 5:1-12

<sup>1</sup> Namichi Anaaniyaas jedhamu tokko ture; inni haadha manaa isaa Safiiraa wajjin walii galee, lafa qaban tokko gurgurate. <sup>2</sup> Horicha irraa garuu dhokfatee, gar tokko fidee ergamootatti kenne; kanas immoo maree haadha manaa isaatiin waan godheef, isheen gaarii gootee beekti turte. <sup>3</sup> Phexros yommuu, "Anaaniyaas, akka ati hafuura qulqulluu sobduuf, horii araddaa kee itti gurgurte keessaas akka dhokfattuuf, maaliif Seexanni yaada garaa kee keessa guute? <sup>4</sup> Qabeenyi kee kun utuu ati hin gurgurin kan kee ture, erga gurgurtees horichi harka kee keessa jira mitii ree? Attamitti garaa kee keessatti kana malte ree? Ati namoota sobde miti, Waaqayyoon sobde malee" jedheen. <sup>5</sup> Anaaniyaas dubbii kana yommuu dhaga'e, lafa dha'ee du'e; warri kana dhaga'an hundinuus, guddaa sodaatan. <sup>6</sup> Dargaggoonni immoo dhufanii reeffa isaa kafananii, geessanii awwaalanis.

<sup>7</sup> Akka sa'aatii sadii kan ga'u turte haati manaa isaa, waan abbaan manaa ishee ta'e utuu hin beekin dhuftu. <sup>8</sup> Phexros immoo, "Araddaa keessan dhuguma hamma kanatti gurgurtanii? Anatti himi!" jedhe; isheenis, "Eyyee, nuyi hammasumatti gurgurre" jetteen. <sup>9</sup> Phexros garuu, "Hafuura gooftaa qoruudhaaf, kan isin walii galtan kun maali? Warri abbaa manaa kee awwaalan kunoo, amma balbala dura jiru, sis immoo gad si baasu!" ittiin jedhe. <sup>10</sup> Isheenis yommuuma miilla isaa jalatti lafa dhooftuute duute; dargaggoonni sun ol galanii akka duute yommuu argan, gad baasanii abbaa manaa ishee bukkeetti ishee awwaalan.

<sup>11</sup> Waldaan amantootaa guutummaatti, warri kana dhaga'an hundinuus guddaa sodaatan. <sup>12</sup> Yommuu milikkinnii fi dinqiin baay'een harka ergamootaatiin saba sana gidduutti in hojjetama ture, amantoonni hundinuus gardafoo Solomoonitti wal ga'u turan..

### **Isxifaanos** Hoe 6:8-15; 7:1-60

*Seensa: Abbootiin Seenaa Kana Keessatti Argaman, Ijoollee Yaaqob Irraa Dhalatan Yihuudotadha.*

<sup>8</sup> Isxifaanos ayyaanaa fi humna Waaqayyootiin guutamee, dinqiidhaa fi milikkita gurguddaa namoota keessatti argisiise. <sup>11</sup> Kanaafis, "Musee fi Waaqayyoon utuu arrabsuu isa dhageenyeerra" akka jedhaniif namoota itti kaasan. <sup>12</sup> Isaan akkasitti namootaa fi maanguddoota, barsiisota seeraas isatti aarsanii, Isxifaanosin qabatanii, harkisanii yaa'iitti dhi'eessan. <sup>13</sup> Namoota sobaan isa irratti dhugaa ba'uuf jedhanis fidan; warri sobduun kun immoo, "Namni kun yeroo hundumaa iddoo qulqullaa'aa kanaa fi seera Museetiin mormuu hin dhiisu. <sup>14</sup> "Yesu namni Naazireet kun iddoo kana balleessuuf, wanta amala ta'e isa Museen nutti dabarses geddaruuf jira" jedhee utuu inni dubbatuu dhageenyeerra" jedhan. <sup>15</sup> Yaa'icha keessa kan turan hundinuu fajajanii Isxifaanosin yommuu ilaalan, fuulli isaa akka fuula ergamaa Waaqayyoo ta'ee argan

<sup>2</sup> Isxifaanos immoo deebisee, "Obbolootaa fi abboota nanaa, na dhaggeeffadhaa! Abrahaamitti Waaqayyoo ulfina gooftummaa isaatiin itti mul'atee, <sup>3</sup> **'Biyya kee keessaa lammii kee keessaas ba'iitii, gara biyya ani si argisiisuu dhaqi!**' ittiin jedhe. <sup>8</sup> Kanaafis Abrahaam ilma isaa Yisahaqin, dhalatee



guyyaa saddeettaffaatti dhagna qabe; Yisihaqis ilma isaa Yaaqoobiif, Yaaqoobis ilmaan isaa kudha lamaan, warra abboota gosa sanaa ta'aniif akkasuma godhe.<sup>9</sup> Warri abboota gosaa ta'an sun, Yoseefitti hinaafanii gara biyya Gibxiitti isa gurguran. Waaqayyo garuu isaa wajjin ture; <sup>10</sup> rakkina isaa hundumaa keessaa isa oolchee fuula Fara'oon mootii Gibxii durattis simboodhaa fi ogummaa kenneef; mootichi immoo bulchaa biyya Gibxii fi abboomaa qabeenya mana isaa hundumaa isa godhate.

<sup>11</sup> Bara sanatti biyya Gibxii hundumaa fi Kana'aan irratti beellii fi rakkinni guddaan in bu'e;

<sup>15</sup> Yaaqoobis Gibxiitti gad bu'ee <sup>18</sup> Kun immoo hamma mootiin Yoseefin hin beekne haaraan tokko ka'ee, biyya Gibxiitti mo'etti ta'e. <sup>19</sup> Inni sanyii keenya haxxummaadhaan qabe. <sup>20</sup> Bara sanatti Museen dhalate.. <sup>29</sup> Dubbii kana irratti Museen baqatee, biyya Miidiyaanitti galaa ta'ee jiraate.

<sup>30</sup> “Waggaa afurtama booddee, **huuxxii qoraattii akka ibiddaa boba'u tokko keessatti, ergamaan Waaqayyoo Museetti in mul'ate.** <sup>31</sup> Museen yommuu isa arge mul'ata kana dinqifatee, ilaaluufis itti dhi'aatee, sagalee gooftaa akkas jedhu dhaga'e:

<sup>32</sup> **‘Waaqayyo ana! Kan abboota keetii, Waaqayyo isa kan Abrahaam, kan Yisihaq, kan Yaaqoobis. Iddoon ati dhaabattu kun lafa qulqullaa'aa waan ta'eef, kophee miilla keetii baasi! <sup>34</sup> Ani miidhama saba koo warra Gibxi jiranii argeera, aadnaa isaanii dhaga'eera, isaan furuudhaafis gad bu'eera; ammas kottu gara Gibxitti sin erga.’**

<sup>36</sup> Inni kun biyya Gibxiitii dinqii fi milikkita lafa onaa fi galaana diimaatti gochuusaan isaan baase.

<sup>46</sup> Daawit yommuu Waaqayyo duratti ayyaana argatee, Waaqayyo isa kan Yaaqoobiif mana ijaaruudhaaf gaafate. <sup>48</sup> “Waaqayyo inni hundumaa gararraa jiru immoo, manneen harka namootaatiin hojjetaman keessa hin jiraatu. Raajichi akkuma jedhu iyyuu,

<sup>49</sup> **‘Bantiin waaqaa teessoo koo ti, laftis ejjeta miilla kootii ti. Mana attamii anaaf ijaartu ree? Yookiis iddoon boqonnaa kootii isa kam? <sup>50</sup> Isaan kana hundumaas harka kootu hojjete mitii ree? jedha gooftichi’.**

<sup>51</sup> “Isin mata-jabeeyyii nana, garaan keessan akka garaa warra Waaqayyotti hin amaninii ti, gurri keessan akka gurra warra Waaqayyoon hin dhaga'inii ti. Akkuma abboonni keessan gochaa turan, isinis yeroo hundumaa hafuura qulqulluu jalaa diddu. <sup>52</sup> Raajota keessa immoo kan abboonni keessan hin ari'atin jira turee ree? Inni qajeelaan sun dhufuuf akka jiru, warra raajii dubbatan ajjeesaniiru; inni isuma isin amma dabarsitanii kennitan, isa isin ajjeeftanis. <sup>53</sup> Isinuma warri akka ergamoonni Waaqayyoo isinitti kennanitti seera fudhattanii, eeguu immoo diddan” jedhe.

<sup>54</sup> Isaan kana hundumaa yommuu dhaga'an aarii guddaa irraa kan ka'e, isatti in ciniinatu turan.

<sup>55</sup> Isxifaanos garuu hafuura qulqulluudhaan guutamee, utuu ija irraa hin buqqifatinis waaqa keessa ol ilaalee, ulfina Waaqayyoo, Yesusinis gara mirga Waaqayyoo dhaabatee arge. <sup>56</sup> “Kunoo ani, bantiwwan waaqaa banamanii, ilmi namaas gara mirga Waaqayyoo dhaabatee nan arge” jedhe. <sup>57</sup> Isaan garuu gurra isaanii cuqqaallatanii, guddisanii itti wacaniis, erga-takkaa itti fiigan. <sup>58</sup> Mandara keessaa daddarbachaa gad baasanii, dhagaadhaan in rukutan; warri dhuga-baatuunis uffata isaanii miilla dargaggeessa Saa'ol jedhamu tokkoo jala naqatanii turan. <sup>59</sup> Utuma isaan dhagaadhaan isa rukutaa jiranii, Isxifaanos, “Gooftaa Yesus, hafuura koo fudhadhu!” jedhee kadhate. <sup>60</sup> Jilbeenfatee sagalee guddaadhaan, “Yaa gooftaa, cubbuu kana isaanitti hin lakkaa'in!” jedhee iyye; kana jedhees kufee in obbaafate.

**Simoon Isa Qoricha Namatti Godhu** Hoe 8:1-24

*Seensa: Gabaabumatti Seenaan Kun Erga Isxifaanos Dhagaadhaan Rukutamuun Ajjeefamee Booda Raawwate.*

<sup>1</sup>Kana irratti immoo guyyuma sana waldaa amantoota Yerusaalem keessa jirtu irratti ari'atamuu guddaatu ka'e; ergamoota irraa kan hafe amantoonni hundinuu kutaa biyya Yihudaatii fi Samaariyaa keessa bittimfaman. <sup>4</sup>Amantoonni warri bittimmaa'an biyya keessa naanna'anii, dubbicha in lallaban.

<sup>5</sup>Filiphos gargaartota keessaa tokko, mandara Samaariyaa tokkotti gad bu'ee, namoota mandarichaatti Kristosin lallabe. <sup>6</sup>Tuuti jaraas gurra qeensanii, dubbii Filiphos dubbate dhaggeeffatan; milikkita inni hojjetes in argan. <sup>7</sup>Hafuuronni hamoonni sagalee guddaadhaan caraananii, namoota baay'ee keessaa ba'an; namoonni baay'een dhagni isaanii gar tokko kan du'e, warri hokkolanis in fayyifaman. <sup>8</sup>Kanattis warri mandara sanaa guddaa in gammadan.

<sup>9</sup>Mandara sana namichi Simoon jedhamu, qoricha namatti gochuu isaatiin namoota Samaariyaa dinqisiisee, nama guddaa kan ofiin jedhe tokko jira ture. <sup>10</sup>Namoonni mandara sanaa hundinuu xixinnayyootaa hamma gurguddootaatti dubbii isaa dhugaa dha jedhanii fudhatanii, "Namichi kun, humna Waaqayyoo isa guddaa jedhamee waamamu, of keessaa qaba" jedhan. <sup>11</sup>Isaan, Simoon kun yeroo dheeraadhaa jalqabee qoricha namatti gochuu isaatiin waan isaan dinqifachiiseef, isa duukaa rarra'aa turan. <sup>12</sup>Amma garuu namoonni kun, Filiphos waa'ee mootummaa Waaqayyootii fi, waa'ee maqaa Yesus Kristos misraachoo yommuu isaanitti lallabe amananii, dhiironnis dubartoonnis in cuuphaman. <sup>13</sup>Simoon ofii isaatii iyyuu amanee, erga cuuphamee milikkita fi dinqii gurguddaa, Waaqayyoo harka Filiphosiin hojjete arginaan dinqifatee Filiphos biraa adeemuu jibbe.

<sup>14</sup>Yommuu ergamoonni Yerusaalem jiran warri Samaariyaa dubbii Waaqayyoo fudhachuu isaanii dhaga'anii, Phexrosii fi Yohannisin erganiif. <sup>15</sup>Isaan Samaariyaatti gad bu'anii, hafuura qulqulluu akka argataniif amantootaaf kadhahan. <sup>16</sup>Maqaa gooftaa Yesus duwwaatti cuuphamanii turan malee, hafuurri qulqulluun isaan keessaa nama tokko irratti illee hin buune. <sup>17</sup>Ergamoonni harka isaanii isaan irra kaa'an, isaan immoo hafuura qulqulluu argatan.

<sup>18</sup>Simoon yommuu harki ergamootaa nama irra kaa'amuudhaan, hafuurichi akka kenname arginaan, horii ergamootaaf fidee, <sup>19</sup>"Harka koo kanan irra kaa'u hundinuu hafuura qulqulluu haa argatuuf; humna akkasii anaafis immoo kennaa!" jedhe. <sup>20</sup>Phexros garuu deebiseefii, "Kennaan Waaqayyoo horiidhaan in bitama jettee waan yaaddeef, horiin kee sii wajjin haa badu!" <sup>21</sup>Yaadni garaa kee Waaqayyoo duratti qajeelaa waan hin ta'iniif, ati dubbii kana keessaa hin qabdu, qoodas hin qabdu.

<sup>22</sup>Kanaafis hammina kanattii yaada garaa kee geddaradhu, gooftichas kadhadhu, hamaa yaaduu kee kana dhiifamuu siif godha ta'a. <sup>23</sup>Yaadni hadhaa'aan akka si keessa guutee fi cubbuun akka si hidhate nan arga" jedhe. <sup>24</sup>Kana irratti Simoon deebisee, "Hadaraa jecha isin anaan jettan keessaa, tokko illee ana irra akka hin geenyeef gooftaa anaaf kadhadhaa!" jedhe.

**Namichi Itiyoophiyaa Yesuusitti Amanuu Isaa** Hoe 8:26-40

<sup>26</sup>Ergasii ergamaan Waaqayyoo Filiphosiin, "Ka'ii, waareetti gara mirgaa gara karaa onaa, isa Yerusaaleemii Gaazaatti geessuu dhaqi!" jedhe. <sup>27</sup>Filiphos yommuu ka'ee dhaqe. Kunoo, namichi xu'aashiin tokko itti dhufe; namichi kun qabeenya "Kandaakee" mootittii warra Itoophiyaa hundumaa irratti abbootaa ture; inni Waaqayyoof sagaduudhaaf Yerusaalem dhaqee ture.

<sup>29</sup>Hafuurri qulqulluun yommuu Filiphosiin, "Konkolaataa kanatti dhi'aadhuutii, isa duukaa adeemi!" jedhe. <sup>30</sup>Filiphosis konkolaataa sanatti fiigee, namichi macaafa raajicha Isaayaas utuu dubbisuu

dhaga'e, "Waan dubbisuutti jirtu kana in hubattaa?" jedhee isa gaafate. <sup>31</sup> Namichi immoo, "Utuu namni anaaf hin ibsin, attamittan hubachuu danda'a?" jedhee deebise; akka Filiphos konkolaataa yaabee isa bukkee taa'uufis in kadhate. <sup>32</sup> Dubbiin macaaficha inni dubbisaa ture,

**"Inni akka hoolaa qalamuudhaaf geeffame, akka ilmoon hoolaa, namni rifeensa ishee yommuu muru sagalee ishee hin dhageessifne, akkasuma innis afaan isaa hin saaqqatu. <sup>33</sup> Nama gad deebi'aa waan ta'eef, dhugaan isaa hin ilaalamne; hidda dhala dhala isaas eenyutu hima ree? Jireenyi isaa lafa irraa in fuudhama"** kan jedhu ture.

<sup>34</sup> Namichi Itoophiyaa sun yommuu Filiphosiin, "Raajichi waa'ee eenyuutiif kana dubbata? Hadaraa anatti himi! Waa'ee ofii isaatii moo yookiis waa'ee nama biraa ti?" jedhee gaafate. <sup>35</sup> Filiphos kutaa macaafa kanaatii jalqabee, waa'ee Yesus misraachoo itti himuutti ka'e. <sup>36</sup> Utuma karaa sana adeemanii, bishaan tokko bira ga'an; namichi immoo Filiphosiin, Bishaan kunoo ti, akka ani hin cuuphamneef maaltu na dhowwa?" jedhe. <sup>37</sup> Filiphos yommuu, "Garaa kee hundumaan yoo amanteef, siif in danda'ama" jedheen; kana irratti inni, "Yesus Kristos ilma Waaqayyoo akka ta'e nan amana" jedhee deebise. <sup>38</sup> Namichi immoo konkolaatichi akka dhaabatuuf abboome; Filiphosii fi namichi bishaan keessa lixanii, Filiphos isa in cuuphe.

<sup>39</sup> Bishaanicha keessaa yommuu ba'an, hafuurri gooftaa Filiphosin butee, fuudhee adeeme. Namichi deebi'ee isa hin argine; haa ta'u iyyuu malee, karaa isaa itti fufee gammadaa adeeme. <sup>40</sup> Filiphos garuu Azoxonitti argamee, biyyicha keessa naanna'ee, mandara hundumaatti wangeela lallabaa mandara Qiisaariyaa dhufe.

## **Karaa Damaasqootti Geessu   Hoe 9**

*Seensa: Namichi Gartuu Waarra Farisootaa Keessaa Ta'e Maqaansaas Saa'ol Jedhamu Yesuusitti Amanuusaa.*

<sup>1</sup> Saa'ol amma illee bartoota gooftaa doorsisuudhaaf ajjeesuufis banbanaa gara angafa lubootaa dhagee, <sup>2</sup> warra daandii wangeelaa irra adeeman yoo arge, dhiirotas ta'u dubartootas ta'u, hidhee gara Yersaaleemitti fiduudhaaf barbaade. Kanaafis ajaja manneen sagadaa Damaasqootti akka isaaf caafuuf, angafa lubootaa gaafate. <sup>3</sup> Utuu adeemuus Damaasqootti dhi'aate, kunoo, dingata ifni waaqa irraa naannoo isaatti balaqqeessa'e. <sup>4</sup> Lafa dha'ees sagalee, "Saa'ol, Saa'ol, maaliif na ari'atta?" jedhuun dhaga'e <sup>5</sup> Inni immoo, "Eenyu ati yaa gooftaa?" jedhe. Sagalichis deebisee, "Ana, Yesus, kan ati ari'attu; <sup>6</sup> garuu, ka'ii, gara mandaraatti lixi! Waan gochuun siif ta'us sitti in himama" jedheen. <sup>8</sup> Saa'ol lafaa ka'ee ija isaa yommuu bane, waan tokko illee arguu hin dandeenye; kanaafis harka isaa qabanii Damaasqootti galchan. <sup>9</sup> Hamma guyyaa sadiittis waa arguu hin dandeenye; yeroo sanatti homaa hin nyaanne, hin dhugnes.

<sup>10</sup> Bartuun Ananiiyaas jedhamu tokko immoo Damaasqoo ture. Gooftaan mul'atatti, <sup>11</sup> "Ka'ii, gara karaa 'Sirrii' jedhamuu dhaqi! Nama biyya Xarsees maqaan isaa Saa'ol jedhamu tokko, mana Yudaasitti iyyaafadhu; kunoo inni kadhatatti jira. <sup>13</sup> Ananiiyaas garuu deebisee," Yaa gooftaa, namichi kun Yersaaleemitti warra siif qulqullaa'an attam akka miidhaa ture, waa'ee isaa nama baay'ee irraa dhaga'eera. <sup>14</sup> Asittis warra maqaa kee waammatan hundumaa qabee hidhuudhaaf, luboota warra angafootaa biraa aboo argateera" jedhe. <sup>15</sup> Gooftichi garuu, "Dhaqi, inni mi'a hojii kootii isa warra saba Waaqayyoo hin ta'in duratti, mootota duratti, namoota Israa'el durattis maqaa koo beeksisuudhaaf ani fo'adhee dha. <sup>16</sup> Maqaa koo mul'isuudhaaf jedhees hammam dhiphachuuf akka inni jiru, ani ofii kootii isa nan argisiisa" jedhe.

<sup>17</sup> Ananiiyaas ka'ee dhaqee manichas lixee, harka isaa mataa Saa'ol irra kaa'ee, "Obboleessa ko Saa'ol, gooftichi, Yesus inni karaa ati irra dhufte irratti sitti mul'ate, waa'ee kee anatti himeera; akka agartuun kee siif deebi'uuf, hafuura qulqulluudhaan akka guutamtuufis gara keetti na ergeera" ittiin jedhe. <sup>18</sup> Achumaanis waan akka qolaa ija isaa lachuu irraa buunaan, agartuun isaa deebi'e; inni achumaa ka'ee cuuphame. <sup>19</sup> Nyaata nyaatees jabaate.

<sup>20</sup> Saa'ol ergasii utuu hin turin manneen sagadaa keessatti, "Yesus kun ilma Waaqayyoo ti" jedhee lallabe. <sup>Gal 1:17</sup> Saa'ol ergasii gara biyya Arabaa deeme; yeroo xiqqoo booddees gara Damaasiqootti deebi'e. <sup>Hoe 9:22</sup> Saa'ol garuu lallabi isaa humna argachaa adeeme, Yesus Masiihii ta'uu isaa kan inni ittiin hubachiises amansiisaa waan tureef, Yihudoonni warri Damaasqoo jiraatan walii isaa wallaalan.

<sup>23</sup> Yihudoonnis walitti dacha'anii isa ajjeesuudhaaf mari'atan. <sup>24</sup> Mareen isaanii kun garuu Saa'ol bira ga'e; isaan immoo isa ajjeesuudhaaf, halkanii fi guyyaa balbala kellaa mandarichaa in eegu turan.

<sup>25</sup> Warri garee isaatii garuu gaaf tokko halkan geessanii, guuboo keessa kaa'anii masaraa gubbaadhaan gad isa buusan.

<sup>26</sup> Saa'ol ergasii gara Yersaalem dhaqee, bartootatti dabalammuu yaale; isaan garuu akka inni dhuguma bartuu ta'e hin amanne waan turaniif, hundumti isaanii isa sodaatan. <sup>27</sup> Baarnaabaas garuu fuudhee ergamootatti isa geessee; karaatti attamitti gooftaa akka inni arge, gooftaanis akka isatti dubbate isaanitti mul'ise; Damaasqootti immoo Saa'ol attamitti ija jabinaan maqaa Yesusiin akka dubbate, isaanitti hime. <sup>28</sup> Saa'ol isaanii wajjin Yersaalem keessa deddeebi'aa bubbule; maqaa gooftaa Yesusiin ija jabinaan lallabe.

## **Phexrosii fi Qorneelewos** Hoe 10

*Seensa: Phexros dhuma irratti fayyisuun Waaqayyoo saba hundumaaf akka ta'e hubate.*

<sup>1</sup> Namichi Qorneelewos jedhamu tokko mandara Qiisaariyaa keessa jira ture; inni kutata waraana warra Roomaa irratti angafa dhibbaa ture. <sup>2</sup> Inni nama Waaqayyoof bule, maatii isaa hundumaa wajjinis Waaqayyoon kan sodaate ture; warra Yihudootaa keessaa dadhaboota kan turan baay'ee in gargaare; yeroo hundumaattis dadhabii malee Waaqayyoon in kadhata ture. <sup>3</sup> Gaaf tokko akka sa'aatii salgafaatti mul'ata arge; mul'atichattis ergamaan Waaqayyoo tokko iddoo inni jiru dhufee, "Yaa Qorneelewos!" jedhee itti dubbate. <sup>4</sup> Qorneelewos yommuu fajajee isa ilaalee sodaachaa, "Maal inni yaa gooftaa?" jedhee gaafate. Ergamichi immoo deebiseefii, "Waaqayyo kadhata kee dhaga'eera, dadhaboota gargaaruu kees yaadateera. <sup>5</sup> Ammas namoota Yopheetti ergiitii Simoon isa Phexros jedhamu waamsisi. <sup>6</sup> Innoo Simoon isa gogaa duugu bira keessumummaa buufatee jira; manni Simoon immoo isa galaana qarqaraa ti" jedheen.

<sup>9</sup> Phexros immoo akka sa'aatii ja'ffaatti kadhachuudhaaf bantii mana isaanii isa diriiraatti ol ba'e.

<sup>10</sup> Inni yommuu beela'ee, waan nyaatu barbaade; garuu utuu nyaanni isaaf qophaa'uutti jiruu, of wallaalee mul'ata arge. <sup>11</sup> Bantiin waaqaa banamee wanti akka baallee uffata guddaa mataa afuriin hidhamee, gara lafaatti utuu gad buufamuu arge. <sup>12</sup> Bineensonni miilla afur qaban, lafa irra kan munyuuqan, qilleensa keessa kan balali'anis hundinuu uffata sana keessa turan. <sup>13</sup> Sagaleen immoo, "Phexros ka'ii, qaliitii nyaadhu!" jedhee itti dubbate. <sup>14</sup> Phexros garuu, "Matumaa kun hin ta'u, yaa gooftaa, waan ciiggaasisaadhaa fi xuraa'aatti ilaalamu takkaa nyaadhee hin beeku" jedheen. <sup>15</sup> Ammas sagalichi si'a lammaffaa itti dubbatee, "Waaqayyo kan qulleesse, ati xuraa'aatti hin ilaalin!" jedheen.

<sup>16</sup> Kun immoo si'a sadii ta'e, wanti akka baallee uffataa sunis achumaan gara waaqaatti deebi'ee ol fuudhame.

<sup>17</sup> Phexros waa'ee hiikaa mul'aticha argee sanaaf yaada isaatti utuu dhiphatuu, kunoo, namoonni Qorneelewos biraa ergaman, mana Simoon iyyaafachaa dhufanii, balbala dura ga'an. <sup>18</sup> "Keessummaan, Simoon inni Phexros jedhamu tokko, mana kana jiraa laata?" jedhanii waamanii gaafatan. <sup>19</sup> Phexros amma iyyuu waa'ee hiikaa mul'ata argeetiif utuu yaadaa jiruu, hafuurri qulqulluun, "Kunoo jarri tokko alaa si barbaadu; <sup>20</sup> kanaafis ka'ii, gad bu'ii! Anatu isaan erge waan ta'eef, utuu hin mamin isaan duukaa dhaqi!" ittiin jedhe.

<sup>3</sup> Borumtaas jarreen gara isaatti ergamanii wajjin ka'ee adeeme; obboolota Yophee jiran keessaas jarreen tokko isaa wajjin dhaqan. <sup>24</sup> Guyyaa itti aanuttis Qiisaariyaatti galan; Qorneelewos immoo aantii isaatii fi michoota isaa waammatee, isaan eeggate. <sup>25</sup> Phexros utuu ol lixuuf jedhuu, Qorneelewos isa simuuf ba'ee, miilla isaatti kufee sagadeef. <sup>26</sup> Phexros immoo ol isa qabee, "Ka'i, anis akkuma kee nama'o!" jedheen. <sup>27</sup> Inni Qorneelewosii wajjin haasa'aa manatti ol galee, namoota baay'ee achitti walitti qabamanii argate. <sup>28</sup> Jaraan, "Yihudii kan ta'e hundinuu, nama qomoo biraa wajjin walitti firoomuunii fi mana walii dhaquun seera akka hin ta'in, isin iyyuu gaarii gootanii beektu; Waaqayyo garuu eenyumaan iyyuu, ciigga'amaa yookiis xuraa'aa akkan hin jenneef anatti mul'iseera.

<sup>34</sup> Yommus Phexros jaratti dubbatee, "Waaqayyo akka nama wal hin caalchifne amma hubadheera. <sup>35</sup> Saba biyya lafaa hundumaa keessaa namni isa sodaatu, inni waan qajeelaa hojjetus isa biratti fudhatamaa dha. <sup>38</sup> Waaqayyo, Yesus nama Naazireet kana hafuura qulqulluudhaan dibee humnaan akka isa guute, inni naanna'ee hojii gaarii akka hojjete, Seexanaan kan cunqurfaman akka fayyise, Waaqayyo isaa wajjin akka tures beekamaa dha. <sup>39</sup> Nuyi biyya Yihudootaatiif fi mandara Yerusaalemitti, waan Yesus hojjete hundumaaf dhuga-baatuu isaa ti; jarris isuma mukatti fannisanii ajjeesan. <sup>40</sup> Waaqayyo garuu guyyaa sadaffaatti du'aa isa kaasee, akka inni mul'atu godhe. <sup>42</sup> Inni wangeelicha namootatti akka lallabnuuf, warra jiranii fi warra du'an irratti abbaa firdii ta'ee moosifamuu isaas, akka dhugaa baanuuf nu abboomeera. <sup>43</sup> Raajonni hundinuu, namni isatti amanu hundinuu maqaa isaatiin dhiifamuu cubbuu akka argatu, isaaf dhugaa ba'aniiru" jedhe.

<sup>44</sup> Utuu Phexros dubbii kana itti himaa jiruu, hafuurri qulqulluun warra dubbicha dhaga'an hundumaa irratti bu'e. <sup>45</sup> Warra Yihudootaa keessaa amantoonni Phexrosii wajjin Yopheedhaa dhufan, kennaan hafuura qulqulluu saba Waaqayyoo warra hin ta'iniif kennamuu isaa arganii, akka abjuu ta'an. <sup>46</sup> Warri hafuura qulqulluu fudhatan sun utuu isaan afaan dur hin beekneen dubbatanii, guddina Waaqayyoos mul'isanii, isaan dhaga'an.

<sup>47</sup> Phexros kana irratti, "Jarreen amma hafuura qulqulluu, akkuma nuyi argannetti argatan kun, akka hin cuuphamneef eenyutu bishaan dhowwachuu danda'a ree?" jedhe. <sup>48</sup> Isaan maqaa Yesus Kristositti akka cuuphamaniif abboome; jarri ergasii Phexros isaan bira akka turuuf in kadhatan.

## **Hidhamatoota Filiphisiyyusii** Hoe 16:11-40

*Seensa: Ergamichi Phaawulos amma namoota biroo wajjiin ta'uun olii fi gad deemee lallaba.*

<sup>16:11-12</sup> Gartuun Phaawulosfaa mandara Xro'aasii markaba yaabbatanii, mandara Filiphisiyyus ishee kutaa biyya Maqedooniyaa keessaa qabiyyee warra Roomaa turte ga'an. <sup>13</sup> Guyyaa Sanbataatti immoo mandaricha keessaa baanee, gara qarqara lagaa, iddoo itti Yihudoonni kadhataaf walitti in qabamu seene, dhaqne; teenyees dubartoota achitti walitti qabamanitti dubbanne. <sup>14</sup> Dubartiin uffata calaqqisaa gati-jabeessa gurgurtu, mandara Tiyaatiraatii kan dhufte, amantii warra Yihudootaas kan fudhatte tokko, achi turte; maqaan ishees Liidiyaa in jedhama. Gooftaan gurra qalbii ishee baneefii waan tureef, isheen waan Phaawulos dubbate dhimmitee dhaggeeffatte. <sup>15</sup> Isheen, warri mana ishee

hundinuus in cuuphaman; ergasiis, “Gooftaatti amanuu koo yoo fudhattan, mana koo kottaa na biras buufadhaa!” jettee nu waamtee, akka nuyi dhaquufis nu giddisiifte.

<sup>16</sup> Gaaf tokko nuyi gara iddoo kadhataatti utuu adeemaa jirruu, xomboreen hafuura “Hooda dubbachiisu” of keessaa qabdu tokko nutti dhufte; isheen hooda dubbachuu isheetiin horii baay'ee gooftota isheetiif in galchiti turte. <sup>17</sup> Isheen, “Namoonni kun hojjetoota Waaqayyoo aabbaa ti; karaa fayyinaa isinitti in himu” jettee iyyaa Phaawulosii fi nu duukaa in adeemti turte. <sup>18</sup> Kanas guyyaa baay'ee goote. Phaawulos garuu aaree itti garagalee hafuurichaan, “Maqaa Yesus Kristosiin akka ishee keessaa baatuuf, sin abbooma!” jedhe; hafuurichi achumaan ishee keessaa ba'e.

<sup>19</sup> Gooftonni xomboree kanaa garuu, abdiin horii argannaa isaanii akka cite yommuu baratan, Phaawulosii fi Siilaasin qabanii daddarbachaa gara lafa gabaatti, fuula warra biyya seerrataniitti geessanii, <sup>20</sup> “Jarreen kun mandara keenya raasaa jiru. Isaan Yihudoota, <sup>21</sup> amala nuyi warri Roomaa fudhachuun, ittiin hojjechuunis, nuuf hin taane nu barsiisaa jiru” jedhan. <sup>22</sup> Kana irratti namoonni baay'een Phaawulosii fi Siilaasiin mormuudhaaf jara kanatti dabalatan; ajajjuuwwan warra Roomaa sunis uffata isaanii irratti tarsaasanii, uleedhaan akka reebaniif abbooman. <sup>23</sup> Rukuttaa baay'eedhaanis erga isaan reebisanii booddee, mana hidhaatti isaan galchisiisan; achittis jabeessee akka isaan eeguuf, eegduu mana hidhaa abbooman. <sup>24</sup> Eegduun sunis ajaja akkanaa fudhatee, kutaa mana hidhaa isa gara keessaatti isaan galchee, miilla isaaniis jirma ulfaataa lama gidduutti jabeessee hidhe.

<sup>25</sup> Gara halkan walakkaatti Phaawulosii fi Siilaas Waaqayyoon kadhatanii faarfatan; warri hidhaman immoo isaan in dhaggeeffatu turan. <sup>26</sup> Dingatas hamma hundeen manicha hidhaa raafamutti socho'i lafaa guddaan ta'e; achumaan balbaloonni manicha hidhaa hundinuu banamanii, hidhaan warra hidhamanii hundinuus in hiikaman. <sup>27</sup> Namichi mana hidhaa eegu sun warreeree hirribaa dammaqee, balbaloonni mana hidhaa banamuu yommuu argee, warri hidhaman waan sokkan se'e; kanaafis billaa isaa luqqifatee of ajjeesuu barbaade. <sup>28</sup> Phaawulos garuu sagalee guddaadhaan, “Waa of hin godhin! Nuyi hundumti keenya as jirra” jedhee itti iyye.

<sup>29</sup> Inni mana hidhaa eegu sun ibsaa waammatee ol fiigee, rom'aa miilla Phaawulosii fi Siilaasitti kufe. <sup>30</sup> Gadis isaan baasee, “Ani akkan fayyuuf maal gochuutu anaaf ta'a? gooftolii ko” jedhee isaan gaafate. <sup>31</sup> Isaan immoo, “Gooftaa Yesusitti amani, ati in fayyita, maatiin kees in fayyu” jedhanii deebisaniif. <sup>32</sup> Isaan dubbii gooftaa namichatti, warra mana isaa keessa jiran hundumaattis in himan. <sup>33</sup> Halkanuma sanas ofitti isaan fuudhee madaa isaanii irraa dhiqe; inni yeroodhuma sanatti nama isaa hundumaa wajjin in cuuphame. <sup>34</sup> Phaawulosii fi Siilaasin mana isaatti geessee, nyaata isaaniif dhi'eessisiise; inni nama isaa wajjin Waaqayyotti waan amaneef, guddaa in gammade.

<sup>35</sup> Lafti bariinaan ajajjuun warra Roomaa, “Jara sana gad dhiisi!” jedhanii namicha mana hidhaa eegutti akka himaniif itti ergan. <sup>40</sup> Phaawulosii fi Siilaas mana hidhaatii erga ba'anii, mana Liidiyaa dhaqan; obbloomtas arganii, dubbii jajjabinaatiin isaan gorsanii, achii adeeman.

## **Waaqayyo Isa Hin Beekameef** Hoe 17:16-34

Seensa: Phaawuloos Falaasamoota (Hayyota) Warra Ateenaatti Dubbate

<sup>16</sup> Phaawulos mandara Ateenaa yeroo turetti, fakkeenyi waaqayyolii tolfamanii mandara sana keessa guutuu isaanii waan argeef, lubbuun isaa baay'ee dhiphatte. <sup>17</sup> Mana sagadaa keessatti Yihudootaa fi Griikota warra amantii Yihudootaa fudhatanii wajjin, lafa gabaatti immoo guyyaa hundumaa namuma achitti argamee wajjin dudubbachaa ture. <sup>18</sup> Garee warra Ephequriyos akkasumas Istoyikos jedhaman keessaa, barsiisonni ogummaa biyya lafaa qoran tokko isatti falman. Kaan, “Funaantuun kun immoo

maal jechuu kajeela?” jennaan, kaan immoo waan inni wangeela waa'ee Yesusii fi, waa'ee du'aa ka'uu lallabeef, “Innoo waa'ee waaqayyolii ormaa labsa fakkaata” jedhan. <sup>19</sup> Isa qabaniis yaa'ii geggeessitootaa duratti geessanii, “Barsiifni haaraan ati fidde kun, maal akka ta'e baruu dandeenyaa? <sup>20</sup> Dubbiin ati fidde kun gurra keenyatti keessummaa dha; kanaafis maal akka inni ta'e baruu barbaanna” ittiin jedhan. <sup>21</sup> Warri Ateenaa hundinuu, ormi achi jiraatanis, oduu haaraa odeessuu fi namoota irraas dhaga'uu malee, kan biraa yeroo isaanii kan itti dabarsan hin qaban turan.

<sup>22</sup> Phaawulos yommuu yaa'iii walakkaa dhaabatee dubbate. Inni, “Yaa warra Ateenaa, isin karaa hundumaa warra amantii akka isin taatan nan arga. <sup>23</sup> Utuun darbuu iddoo sagada keessanii baay'ee yommuu ani do'adhetti, iddoo aarsaa ‘Waaqayyo isa hin beekanneef’ jedhame irratti caafame tokko argeera; egaa isa isin utuu hin beekin itti sagaddan kana, isa isinittan lallaba. <sup>24</sup> Waaqayyo, biyya lafaa, kan isa keessa jirus hundumaa kan uume, gooftaa waaqaatii fi lafaa ti; inni galma harki namaa ijaaretti hin galu. <sup>25</sup> Ofii isaatii sanyii namaa hundumaaf, jireenyaa fi qilleensa, kan isa barbaachisu hundumaas in kenna; kanaaf harki namaa kan isaaf hojjechuu danda'u, wanti isaaf barbaachisus hin jiru. <sup>26</sup> Sanyiin namaa hundinuu namicha tokkicha irraa argamanii, irra lafaa hundumaa irra akka jiraatan godhe; bara isaaniitti iddoo taa'umsa isaaniittis daarii itti godhe. <sup>27</sup> Kanas Waaqayyoon akka isaan barbaadaniif, qaqqabataniis akka isa argataniif godhe; amma illee Waaqayyo hunduma keenyattii fagoo miti. <sup>28</sup> Nuyi isatti in jiraanna, in sochoona, in argamnas. <sup>29</sup> Egaa sanyii Waaqayyoo erga taanee, Waaqayyo akka yaada namaatti harka nama ogeessaatiin, bifa isa warqee irraa yookiis meetii irraa yookiis dhagaa irraa hojjetame fakkaata jennee yaaduun nuuf hin ta'u. <sup>30</sup> Bara wallaaluma isaanii Waaqayyo namootatti lakkaa'uu dhiiseera; amma garuu namni hundinuu iddoo hundumaatti yaada garaa isaa akka geddaratu abboomeera. <sup>31</sup> Guyyaa itti harka nama fo'ate sanaatiin, biyya lafaatti qajeeltootti faraduuf jedhu, muree kaa'eera; namicha fo'ate sana du'aa kaasuu isaatiin, kana nama hundumaaf cimseera” jedhe.

<sup>32</sup> Phaawulos waa'ee du'aa ka'uu dubbachuu isaa yommuu dhaga'an, kaan itti ga'isan, warri kaan garuu, “Nuyi waa'ee kanaa itti dabaltee si irraa dhaga'uu barbaanna” ittiin jedhan. <sup>34</sup> Jarreen tokko immoo gara Phaawulos goran, in amananis.

## **Mul'ata** Mul 1/4/5/7/20/21/22

Seensa: Ergamichi Yohaannis Mil'uu Mootummaa Waaqayyo Mul'ise.

<sup>1:1</sup> Kun mul'ata Yesus Kristos, isa inni ittiin wanta dafee ta'uun irra jiru hojjetoota isaatti argisiisuuf Waaqayyo biraa argatee dha; inni ergamaa isaa waaqa irraa ergee kana hojjetaa isaa Yohannisitti beeksise. <sup>8</sup> Waaqayyo gooftichi, “Inni jiru, inni ture, inni dhufuuf jiru, inni hundumaa danda'u ana; Ani isa duraa ti, isa booddee tis. <sup>17</sup> Hin sodaatin! Inni duraa, inni booddees ana; <sup>18</sup> inni jiraatus ana. Takka illee du'een ture, amma garuu kunoo baraa hamma bara baraatti jiraachuuttan jira; du'a irratti, balbala iddoo warra du'anii banu irrattis ani gooftummaa qaba.” Jedhe.

<sup>4:1</sup> Kana booddees nan ilaalee, <sup>2</sup> achumaanis teessoon tokko waaqa keessa kaa'amee, tokkos teessoo sana irra taa'ee ture. <sup>3</sup> Naannoo teessichaas sabbata Waaqayyoo ture. <sup>4</sup> Teessichatti naanna'anii teessoowwan digdamii afur, isaan irras maanguddoonni digdamii afur taa'anii turan; <sup>6</sup> Akkasumas fuula teessichaa dura wanti tokko afamee ture; wanti afame sun immoo akka galaana isa of-ilaalee fakkaatee keessaan waa argamuu, akka cabbiis qullaa'aa ture. <sup>5:6</sup> Teessicha duras hoolaa waan qalame fakkaatee dhaabatu tokko nan arge. <sup>7:9</sup> Kana booddees ilaaleen tuuta sonaan baay'ee, saba hundumaa keessaa, gosa hundumaa keessaa, nama hundumaa keessaa, afaan dubbatamu hundumaa keessaa dhufan, warra homtinuu lakkaa'uu hin dandeenye nan arge; isaan uffata adii uffatanii, damee muka meexxii

harka isaaniitti qabatanii teessicha dura hoolicha duras in dhaabatu turan. <sup>10</sup>Jarri kunis sagalee guddaadhaan,

“Fayyinni Waaqayyo keenya isa teessicha irra taa'u biraa, hoolicha biraas in argama!” jedhan.

<sup>11</sup>Ergamoonni teessicha, maanguddoota, uumama lubbuu qaban arfanis naanna'anii dhaabatan hundinuu teessicha duratti adda isaaniitiin gombifamanii Waaqayyoof in sagadan.

<sup>20:1</sup>Kana booddees ergamaan waaqa keessaa gad bu'uu isaa nan arge. <sup>2</sup>Inni bineensa akka jawwee, bofa bara durii, Diiyaabilos, Seexana sana qabee, waggaa kuma tokkoof in hidhe. <sup>7</sup>Waggaan kumni sun yommuu raawwatamu, Seexanni iddoo itti hidhamee turee gad in dhiifama. <sup>8</sup>Inni saba golee lafaa arfan keessa jira gowwoomsuudhaaf, lolaaf walitti isaan qabuudhaafis in ba'a; lakkoobsi isaaniis akka cirracha galaanaa ti. <sup>9</sup>Isaan kun lafa bal'aatti ba'anii, buufata warra Waaqayyoof qulqullaa'anii, mandara jaallatamtuu sanas in marsan; garuu ibiddi waaqa keessaa bu'ee isaan fixe. <sup>10</sup>Seexanni inni isaan gowwoomses kuufama ibiddaa fi dhagaa boba'u, lafa bineensichii fi raajiin sobduun sun jiranitti gad in darbatame; isaan baraa hamma bara baraatti halkanii fi guyyaa dhiphifamuuf jiru.

<sup>11</sup>Kana booddees teessoo adii guddaa tokkoo fi isa teessicha irra taa'e nan arge; <sup>12</sup>Warra du'anis xinnaa fi guddaa teessicha dura utuu dhaabatanii nan arge. Macaafonni in banaman; macaafni biraa, inni warri jireenya argachuuf jiran itti caafaman tokkos in baname; warri du'an immoo akka hojii dur hojjetaniitti, akka isa macaafota keessatti caafameettis firdii argatan. <sup>14</sup>Kana booddees duunii fi mootummaan warra du'anii kuufama ibiddaatti gad in darbataman; kuufamni ibiddaa kun du'a isa lammaffaa dha. <sup>15</sup>Namni maqaan isaa macaafa isa warri jireenya argachuuf jiran keessatti caafaman keessatti hin argaminis, kuufama ibiddaatti gad in darbatame.

<sup>21:1</sup>Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu. <sup>2</sup>Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsaa isheetiif kuulamteetti, qophooftuu utuu gad buutuu nan arge. <sup>3</sup>Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, “Kunoo, iddoo Waaqayyo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyo isaaniis ta'uuf jira. <sup>4</sup>Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!” jedhe. <sup>22:1</sup>Kana booddees ergamichi laga bishaan jireenya namaaf kennu anatti argisiise. <sup>2</sup>Bishaanichi karaa mandarichaa walakkaa in yaa'a; lagicha gamaa gamanas muka jireenya namaaf kennu tokkotu dhaabata; mukti kun waggaatti si'a kudha lama ija waan godhatuuf, ji'a ji'aan iji irraa in argama; baalli mukichaas saba biyya lafaa fayyisuudhaaf in ta'a.

<sup>16</sup>Ani Yesus ergamaa koo ergee isiniif dhugaa baasiseera. <sup>17</sup>Hafuurichii fi misirrottiin, “Kottu” in jedhuun; namni kana dhaga'us, “Kottu” haa jedhu! Namni dheebote haa dhufu, namni bishaan barbaadus utuu gatii hin baasin bishaan jireenya kennu haa fudhatu!

<sup>20</sup>Inni wanta kana hundumaa dhugaa baasises, “Haa ta'u! Ani dafee nan dhufa” in jedha. Ameen! Kottu, gooftaa Yesus.